# QAACCEESSA ADEEMSA ARBII DHA’UU KAN GODINA SHAWAA LIXAA AANAA GINDABARAT

BARASHII LAMMII DACHAASAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)

AFAAN OROMOO, BARSIISUUF GAMIISAAN

GUUTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOOTAA

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA

HAGAYYA,2010 /2018

Finfinnee

# QAACCEESSA ADEEMSA ARBII DHA'UU KAN GODINA SHAWAA LIXAA AANAA GINDABARAT

**BARASHII LAMMII DACHAASAA**

**GORSAAN: Dr. MULUGEETAA NAGAASAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO, BARSIISUUF GAMIISAAN GUUTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA**

**HAGAYYA,2010/2018**

**Finfinne**

## Yuunivarsiitii Addis Ababaa

## Dhaabbata Digirii Duraatin Booddee

Waraqaan qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) AfaanOromoo barsiisuun guuttachuuf Barashii Lammiin mata-duree: *Qaaccessaa Adeemsa Arbii Dha'uu Kan Godina Shawaa Lixa Aanaa Gindabarat jedhu* irratti kan qophaa'e, sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin kan ka'ee guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ______________________ Mallattoo _______________ Guyyaa _____________

Qoraa Keessaa ___________________ Mallattoo _______________ Guyyaa _____________

Gorsaa _________________________ Mallattoo _______________ Guyyaa ____________

_________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee ykn. Qindeessaa Digirii Lammaaffaa(MA)

## *Axeereraa*

*Kaayyoon gooroo qorannoo kana Qaacceessaa Adeemsa Arbii Dha'uu Kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kuniis, yaaxina qorannoo Yaaxina FaayidaafiYaaxina Aadaa Hawaasatiin deeggaramuun kan dhiyaatedha.Haalli ijaarsi qorannicha gosa qorannoo addeessa ta'ee aadaa hawaasicha keessa jiru kan ibsudha. malli qorannoo kanaas,mala qorannooAkkamtaa yoo ta'u, tooftaan iddatoon itti filatamees mala iddattoo Akkaayyoofi Darbaa dabaarsatti kan fayyadamtedha.Malleen ragaan ittiin funaannamaniis:Af-gaaffii,Daawwannaafi Marii gareettikan fayyadamte yoo ta'u,meeshaaleen ragaalee ittiin funaannachuuf itti gargaaramtees:Viidiyoo Kaameeraa,Kaameeraa Suuraafi Yaadannooqabachuun madda raga tokkoffaarra ragaan kan walitti qabameedha. Akka kaayyoo gooreefi gaaffii bu'uura qorannoo kana irratti hunda'uun ragaalee adeemsa kanaan argame: Meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf oolan kan tarreeffamaniifi ogumma kana keessatti qooda fudhatoonni eenyuu faa akka ta'an ibsameera.Faayidaa meeshaalee aadaa kan Jirbii foo'aan,Arbii dha'uuf oolanfi Uffanni arbiin dhahamaan kunniin hawaasichaaf bu'aan inni qabu mul'ateera. Akkasumaas, ogeeyyiin meeshaalee kanattii fayyadamuun beekumsa hawaasicha keessatti qabaan haala gaariin ifa ta'eera. Uffannii ogeeyyiikanaan dhahamaan kunniin hawaasa oromoo aanaa kana keessa jiraniif iddoo gudda kan qabuufi uffata kabajaa ta'ee akka tajaajila jiru ta'ee argameera. Kana malees,Ilaalchii hawaasnii kun dur ogeeyyii Arbii dhahaniif qaban ilaalcha badafi kan balaalleeffatamaa turan ta'uu isaanii hubatameera. Haata'uu malee, yeroo amma kana ilaalchii hawaasni ogeeyyii kanaaf qaban guutumma guututti hafeera. Kanaafuu, ogeeyyii kanaafi hawaasa giddutti wanti amma mul'achaa jiru: Jaalala, Kabajaa, Gaddafi gammachuu isaanii waliin kan hirmaataniidha. Afoolli meeshaalee aadaa kanneen waliin wal qabataniis hiikni adda addaa kan itti kennameedha. Yaanni furmaata barbaaduus ogummaa arbii dha'uu kun Barnoota Leenjii Teekinkaafi Ogummaa aanaa kanaatti kennamuu eegalee ture addaan cite ture. Kanaafuu, gara fuulduraatti gama Waajiira Barnoota Leenjii Teekinkaafi Ogummaa aanichaatiin akka barnoonni kun itti fufee kennamuu ta'uu qaba. Akkasumaas, namoonni ogumma kana akka dagaagfataniif leenjiin adda addaa Gama mootumattiin akka kennamu ibsameera.Afoolli meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf oolan duuka jedhamaan sababa amantaa adda addatiin dagatamaa akka jiru mul'ateera. Kuniis, immoo gama Biiroo Aadaafi Tuuriiziimii Oromiyaa tiin barbaaddamee funaanuun dhaloota itti aanuuf dabarfamuu qaba kan jedhu yaanni kaawwameera. Qorannoon kan biro gama Fooklooriitiin meeshaalee aadaa irratti filatamee akka adeemsiifamu kan jedhutu yaada qorannoo kana keessattii eerameera.*

## Galata

Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga'uuf jalqabaa hanga xumuraatti beekumsafi muuxannoo isaanitiin yeroo isaanii otoo hin qusatiin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Muluugeetaa Nagaasaatiif galanni ani qabu guddaadha.

Itti aansuun abbaa manaa obbo Hayiluu Tolasaa yeroon ani barnoota kana baradhu najajjabeesuufi yeroon ogeeyyii irra ragaa funaannadhu osoo dadhabe hin jedhiin bu'a ba'ii hunda nafaana ba'ee bu'uun akkasumaas,yeroo suuraa kaasuufi waraabbii adda addaa gaggeessuu naaf warabuun akkasumaas, suuraa kaasuun ana maddii dhabachuun kan nagargaareef galanni ani qabuuf guddaadha.

Akkasumas, odeef-kenniitota qorannoo kana ogeessa beekama arbiidha'aan obbo Faayisaa Caalaafi Wanduu Fayisaa yeroon gara isaanii dhaqeen ogumma kana akka qoradhu yeroon itti himu gamachuun nasimachuufi ogeeyyiinfi manguddoon kan biroo illee akka ragaa naaf kennaan jajjabeesuufi suura illee akka naaf ka'aan isaan hubachiisuun akkasumaas, dadhabe osoo hin jedhiin kan nafaana dha'amaniif yeroo hunda galanni isaaniif qabu guddadha.Akkasumaas, Biiroo Barnoota Oromiyaa akka barnoota kana baradhuuf carraa naaf kennuufi nagargaaru isaniitiif baayyee isaan galateeffadha.

## Jiibsoo( Hiika Jechootaa)

Jechoonni qorannoo kana keessatti dhimma itti Bahaman dubbistootaaf haaraa ta'uu waan danda'uuf akka dubbistootaaf ifa akka ta'aniif hiika armaan gadii itti kennameera.

Abatare—Jirbii adii

Alaada-- Santima

Akaawii—Qorsoo

Baalla—Jalqaba qallaa(dirii) kan gawwiisafi maniitti hidhamu

Baaqqee—Qeenxee(naxalaa)

Boffee—Jirbii foo'aama qasamiitti daawwarame

Baqqalaa—Jirbii diimaa

Ciqilee—Dhundhuma

Daawwaruu—Maruu( xanaxanuu)

Dagaanii-- Muka hidda

Dagalaaccee—Dheertuu

Dirii—Qallaa

Faanaa—Ejjeenna

Fiinyoo—Wadaroo

Gawwiisa—Kan arbiin ittiin rukutamu

Ilkoolee—Ilkaan arbiin ittiin lakkaawwamu

Jaanoo—Kuula diimaa(Arraa)

Jahii—Sabbata naanneessanii hidhuu

Kankaa—Meeshaa kan diriin( qallaan) ittiin diriiruu

Kutaa—Gaabii

Luqqiisaa—Malaxii

Maagii—Jirbii foo'aama

Manii—Mannee( meeshaa luka bitaafi mirgaan rukutamu)

Maroo—Qirxii

Qaanxii—Calii gubbatti muka raafuu ykn muka ejersa suuqamu

Qaccee—Foo'aa qaacca warqeerra hojjatamu

Qasamii—Qala'ii

Qucaaccii—Dhuma qalla( diriiti)

## Hiika Gabaajeewwan

BATO—Biiroo Aadaafi Tuuriiziimii Oromiyaa

BBLTO—Biiroo Barnoota Leenjii Teekinkaafi Ogummaa

BIMX—Biiroo Ijaarsa Mikiroo Xixxiiqqaa

BLTO—Barnoota Leenjii Teekinkaafi Ogummaa

FKN—Fakkeenya

IMX—Ijaarsa Makiroo Xixxiiqqaa

WATAG—Waajiira Aadaafi Tuuriiziimii Aanaa Gindabarat

WBLTO—Waajiira Barnoota Leenjii Teekinkaafi Ogummaa

YKN—yookiin

Hek-- Heektaara

# Baafata

Qabiyee Fulaa

Axeereraa ..... i
Galata ..... ii
Jiibsoo( Hiika Jechootaa) ..... iii
Hiika Gabaajeewwan ..... iv
Baafata Suuraawwanii ..... x
Boqonnaa Tokko ..... 1
1.1 Seenduubee ..... 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ..... 2
1.3 Gaaffii Qorannoo ..... 2
1.4 Kaayyoo Qorannichaa ..... 3
1.4.1 Kaayyoo Gooroo ..... 3
1.4.2 Kaayyoo Gooree ..... 3
1.5 Faayidaa Qorannichaa ..... 4
1.6 Daangaa Qorrannichaa ..... 4
1.7 Hanqiina Qorannichaa ..... 5
1.8. Moggaffama Aanichaa ..... 5
1.9 Argama Aanaa Gindabarat ..... 7
1.10 Haala Teessuma Lafa Aanichaa ..... 8
1.11 Diinagdee Hawaasa Aanichaa ..... 10
1.12 Amantii Hawaasa Aanichaa ..... 10
1.13 Aadaa Hawaasa Aanichaa ..... 11
1.14 Hidda Latiinsa Uummata Oromoo Aanaa Gindabarat ..... 14

Boqqonnaa Lama ........................................................................................................ 16
Sakatta'aa Barruu........................................................................................................ 16
2.1 Maalummaa Fookloorii........................................................................................ 16
2.2 Faayidaa fookloorii ........................................................................................... 18
2.2.1 Jalaa Miliquuf ...................................................................................... 18
2.2.2 Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Jabeessa, Cimsa ........................................... 19
2.2.3 Barsiisuuf............................................................................................ 19
2.2.4 Amala Fudhatamaa Ta'e EeguunTursiisuu ............................................... 19
2.3 Dameewwaan Fookloorii ..................................................................................... 20
2.3.1 Afoola(og-afaan) .................................................................................. 21
2.3.2 Artii Duudha ......................................................................................... 21
2.3.3 Duudha Hawaasa ................................................................................... 22
2.3.4 Meeshaa Aadaa....................................................................................... 22
2.3.4.1 Maalummaa Meeshaalee Aadaa ............................................................ 23
2.3.4.2 Ka'umsa Fi Guddina Ogummaa Meeshaalee Aadaa................................... 23
2.3.4.3 Faayidaa Meeshaaleen Aadaa Hawaasa Keessatti Qabu. ............................ 24
2.3.4.4 Gosoota Meeshaalee Aadaa.................................................................... 25
2.3.4.5 Uffata Aadaa Meeshaalee Aadaatiin Hojjataman........................................ 25
2.3.4.6 Hiika Kuulli Uffata Irratti Bu'uu Qabu ................................................... 26
2.4 Maalummaa Fakkoommii ..................................................................................... 26
2.5 Yaaxina Qorannichaa............................................................................................ 27
2.5.1 Yaaxina Faayidaa (Functional Theory) ....................................................... 28
2.5.2 Yaaxina Aadaa Hawaasa( Folk-Cultural Theory) .......................................... 28
2.6 Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii ................................................................... 29

Boqonnaa Sadi ........................................................................................................ 33
Malleen Qorannichaa .............................................................................................. 33
3.1 Ijaarsa Qorannicha ............................................................................................ 33
3.2 Madda Odeeffannoo........................................................................................... 34
3.3 Mala Qorannichaa ............................................................................................. 34
3.4 Mala Iddattoo ..................................................................................................... 35
3.4.1 Iddattoo Miti Carraa ...................................................................................... 36
3.4.1.1 Mala Iddateessuu Akkaayyoo ................................................................... 36
3.4.1.2 Mala Iddatteessuu Darba Dabarsaa ............................................................ 36
3.5 Mala Odeeffannoowwan Ittiin Funaannaman.......................................................... 37
3.5.1 Af-gaaffii ..................................................................................................... 37
3.5.2 Dawwannaa .................................................................................................. 38
3.5.3 Marii Garee .................................................................................................. 38
3.6 Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname .................................................................. 39
3.7 Mala Ragaan Itti Qaacceeffame .......................................................................... 39
3.8 Naamuusa Ogummaa .......................................................................................... 39
3.9 Haala Qorannoon Kun Itti Qinda'ee ..................................................................... 40
Boqonnaa Afur ........................................................................................................ 42
Qaacceessafi Hiika Ragaalee ..................................................................................... 42
4.1 Maalummaa Jirbii ............................................................................................. 42
4.2 Qaacceessa Meeshaalee Aadaa Jirbii Foo'uuf Oolan ............................................. 44
4.2.1 Dhagaa Daammaccaafi Sibiila Daammaccaa .................................................. 44
4.2.2 Muka Hidda (Dagaanii) .................................................................................. 45
4.2.3. Mukti Calii Maalirra Akka Hojjatamu ............................................................. 47
4.2.4 Qaanxii......................................................................................................... 48

4.2.5 Dibaaba ........................................................................................................ 50
4.2.6 Qasamii (Qala’ii ) ............................................................................................ 51
4.3 Adeemsa Jirbiin Itti Foo’aamu ........................................................................... 52
4.3.1 Dursa Jirbiin Ni Hasaassa’ama ........................................................................ 52
4.3.2 Jirbiin Erga Hasaassa’ame Booda ni Daammaaccama ................................... 53
4.3.3 Erga Daammaccame Booda ni Hiddama ......................................................... 54
4.3.4. Jirbiin Erga Hiddamee Booda Ni Foo’aama .................................................... 56
4.3.5 Jirbiin Erga Foo’aame Booda Luqqiisaa Irra Qala’iitti Daawwarama ............ 58
4.4 Ogeeyyiin Jirbii Foo’aan Kunniin Akkamiitti Ogumma kanatti kanatti dhufaan ...... 60
4.5 Faayidaa Meeshaalee Aadaafi Jirbiin Foo’amaan hawaasa keessatti qabu. ............. 61
4.5.1 Faayidaa Sibiilli Daammaccaa Hawaasa keessatti Qabu ................................ 61
4.5.2 Faayidaan jirbii Foo’uun qabufi Jirbiin Foo’aman Hawaasa Keessatti Qabu .. 62
4.5.2.1 Waliitti Dhuufeenya Hawaasumma Cimsuuf ......................................... 62
4.5.2 .2 Jirbii Foo’amaan Daa’iimma Dhalatte Ittiin Hadhuuruuf ....................... 62
4.5.2.3 Jirbii Foo’amaan Nama Du’e Ittiin Gannasuuf ....................................... 62
4.5.2.4 Jirbii foo’aaman yoo firri (Aanteen) nama jalaa du’e mormatti hidhachuuf ................................................................................................. 62
4.5.2.5 yeroo namni nama ajjeesse gumaa ittiin baasuuf .................................... 63
4.6 Fakkoomii ............................................................................................................ 64
4.7 Maalummaa Arbii Dha’uu ..................................................................................... 65
4.8 Qaacceessa Meeshaalee Aadaa Arbii Dha’uuf Oolaan .......................................... 66
4.8.1 Kankaa ............................................................................................................ 66
4.8. 2 Gawwiissa ....................................................................................................... 68
4.8.3 Manii (manee ) .................................................................................................. 71
4.8.4 Muka Marataafi Sibiila Marataa ..................................................................... 73

4.8.5 Darbattu ( koolloo ) ........................................................................ 73
4.9 Adeemsa Arbiin Ittiin Dha’amuu........................................................................ 75
4.9.1 Boolla Jilbaa Gadi Qotuu ........................................................................ 75
4.9.2 Ejjeennaa (Faannaa ) Qopheeffachuu........................................................ 75
4.9.3 Muka Maranni Itti Rakkiifamu................................................................ 76
4.9.4 Muka Qallaa ( Dirii ) Harkiise Qabufi Kan Diriin Irra Naanna’uu ................. 76
4.9.5 Gawwiissafi Maniin Kan Itti Fanniifamuu Qopheeffachuu ............................ 77
4.9.6 Manii Foo’aa Jabaataa Itti Hidhuufi Gawwiissa Qopheefachuu ...................... 77
4.9.7 Qallaa (dirii) Qixa Ilkooleen Lakka’uun Diriirsuu ........................................ 78
4.9.8 Dirii ( Qallaa ) Gawwiissafi Manii Keessa Baasuun Guduunfuu.................... 78
4.9.9 Dirii (Qalla)LakkawwameArbiittiGuduuffame Daadaa Manatti Fanniifachuu 79
4.9.10 Kuullii kan ittiin bu’uu Ciraaroo,Funaantuufi Gabatee Qapheeffachuu ........ 80
4.9.11 Arbii Dha’uuf Kuula Buusuun Eegaluu ....................................................... 80
4.9.12 Arbii Dha’aamaa Jiru.............................................................................. 81
4.9.13 Afoola yeroo arbii dha’aan walliifamu........................................................ 82
4.9.14 Yoomeessa Arbiin Itti Dha’aamuu ............................................................ 83
4.10 Ogeeyyiin Kunniin Akkamiitti Gara Ogummaa Kanaattii Dhufuu Danda’aan....... 83
4.11 Ogumma Arbii Dha’uun Kun Eenyuun Dha’aama.............................................. 84
4.12 Meeshaalee Aadaa Arbii Dha’uuf Oolan Kunniin Eenyuun Akka Hojjatamu ........ 85
4.13 Uffata Arbiin Dhahaaman.............................................................................. 85
4.13.1 Bulukkoo .............................................................................................. 85
4.13.2 Kutaa ( Gaabii ) .................................................................................... 86
4.13.3 Baaqqee ( Naxalaa )................................................................................ 87
4.13.4 Biddiiqqoo ............................................................................................ 87

4.13.5 Biddiiqqoo Ateetee ........................................................................ 87

4.13.6 Caffii ........................................................................................ 88

4.13.7 Sabbata ..................................................................................... 89

4.14 Faayidaa Uffanni Arbiin Dhahaan Kun Hawaasa Keessatti Qabu ......................... 90

4.15 Uffanni Arbiin Dhahaaman Kun Eenyuun Akka Uffatamaan ................................ 91

4.16 Yoomeessa Uffanni Arbiin Dhahaaman Kunniin Itti Uffatamaan .......................... 92

4.17 Fakkoomii Kuullii Uffata Irratti Bu'uu qabu ..................................................... 93

4.18 Ilaalcha Ogeeyyiin Arbii Dhahaan Kunniin Hawaasa Biratti Qabaan ..................... 96

4.19 Jijjiirama Meeshaalee Aadaa Jirbii Foo'uufi Arbii Dha'uuf Oolan Irratti Mul'atan ........................................................................................................ 97

Boqonnaa Shan ............................................................................................ 99

Guduunfaa, Argannoofi Yaboo ........................................................................ 99

5.1 Guduunfaa ................................................................................................ 99

5.2 Argannoo .................................................................................................. 100

5.3 Yaboo ...................................................................................................... 104

Wabiilee ...................................................................................................... 106

**Dabaleewwaan**

Dabalee –A- Odeef-Kenniitootaaf Af-gaaffii Waa’ee Aanaa Gindabarat Ilaalchiisee dhiyaateef ........................................................................................ 109
Dabalee –B- Odeef-kenniitootaaf af-gaaffii ogeeyyii jirbii foo’aaniif dhiiyaate ........... 110
Dabalee-C- Af-gaaffii odeef- kenniitoota ogeeyyii Arbii dhahaaniif dhiiyaate ............. 111
Dabalee –D- Ogeeyyii jirbii foo’aaniifi arbii dhahaan waliin gaaffii marii gareetiin irratti mar’atame ........................................................................................ 112

**Gabatee Maqaa Namoota Odeef- Kennitootaa**

**Gabatee 1ffaa**: Ilaalchiise Kutaa Odeeffannoo Namoota Ragaa Kenniitoota Seenaa/Haalaa Aanaa Gindabarat ........................................................................ 124
**Gabatee 2ffaa**: kennanii Kutaa odeef-kenniitoota ogeeyy jirbii foo’aanii kan Aanaa Gindabarat Namoota raga ........................................................................ 124
**Gabatee 3ffaa**: Odeef-knniitoota ogeeyyii arbii dhahaanii namoota ragaa kennanii Kan Aanaa Gindabarat ........................................................................ 125
**Gabatee 4ffaa:** Odeef-Kenniitoota Ogeeyyii Jirbii Foo’aaniifi Arbii Dhahanii Namoota Marii Gareettii Odeeffannoo kennaankan Aanaa Gindabarat ............... 126

## Baafata Suuraawwanii

Fulaa

Kaartaa Aanaa Gindabarat ... 9

Suura 1[ffaa] Biqiltuu Jirbii Daraaraa Jiru ... 43

Suura 2[ffaa] Gingiilchaa jirbiin itti guuramu ... 43

Suura 3[ffaa] Gigiilchaa jirbiin itti guurame ... 43

Suura 4[ffaa] Dhagaa Daammaccaa ... 45

Suura 5[ffaa] Sibiila Daammaccaa ... 45

Suura 6[ffaa] Muka Dagaanii,Buqqee Bubbuuttuufi Muka Arkiiftuu ... 46

Suura 7[ffaa] Shimala Duudaa ... 47

Suura 8[ffaa] Shimala qixxeetti dhohe ... 47

Suura 9[ffaa] Yeroo Calii soofan ... 48

Suura 10[ffaa] calii soofamee qopha'ee ... 48

Suura 11[ffaa] Yeroo muka raafuurra qaanxii kuttu ... 49

Suura 12[ffaa] qaanxii kutamee ... 49

Suura13[ffaa]Yeroo Dibaaba Buqqeerra Soofan ... 50

Suura14[ffaa]DibaabaSoofamee Uratee qopha'ee ... 50

Suura 15[ffaa] Yeroo calii dibaaba keessa basaan ... 51

Suura 16[ffaa] Calii ... 51

Suura 17[ffaa] Qasamii (Qala'ii ) ... 52

Suura 18[ffaa] Yeroo Jirbiin Hasaassa'amu ... 53

Suura 19[ffaa] Yeroo Jirbiin Daammaccamu ... 54

Suura 20 [ffaa] Yeroo Jirbiin Hiddamuu ... 55

Suura 21 [ffaa] Yeroo Jirbii Foo'aamuu ... 56

Suura 22 [ffaa] Jirbii foo'aame Malxii (Luqqiisa) dha ... 59

Suuura 23[ffaa] Yeroo jirbii qala'iitti daawwaraamufi Booffee( Jirbii daawwarame) ... 60

Suura 24 [ffaa] Yeroo marii garee waa'ee ogumma jirbii foo'uu mari'atan ... 61

Suura 25[ffaa] faayidaa jirbiin foo'aamaan hawaasa keessatti qabu yeroo mari'atan ... 63

Suura 26 ffaa Meeshaalee kankaa yeroohojjatanfi yeroo muka kanakaatti foo'aa ittihidhaan ........ 67
Suura 27 ffaa kankaa hojjatame xumuramefi yeroo dirii diriirsuuf kankaatti galchaan ..... 67
Suuraa 28 ffaa yeroo Dirii(qallaa) Kankaadhaan Daadaa Manarratti Diriirfamu ........ 68
Suura 29 ffaa Yeroo Muka Gawwiissa Hojjatu ........ 69
Suura 30 ffaa Yeroo ilkoolee walitti hidhamu ........ 69
Suura 31 ffaa Yeroo Muka Gawwiissafi Ilkoolee walkeessa galchuu ........ 70
Suura 32 ffaa Yeroo foo'aan Gawwiissafi Ilkoolee walitti hidhu ........ 70
Suura 33 ffaa Gawwiissa walitti hidhamee xumurame ........ 70
Suura 34 ffaa Yeroo manii hidhaan( taatta'amu) ........ 71
Suura 35 ffaa Manii hidhamaa jiru( Taatta'ama) jiru ........ 72
Suura 36 ffaa Manii hidhamee Sibillii zangii keessa ba'ee ........ 72
Suura 37 ffaa Manii hidhamee xumurramaan lammaan isaa ........ 72
Suura 38 ffaa Muka marataa roga afur qabufi Sibiila marataadha ........ 73
Suura 39 ffaa Darbattuu Baffeefi Kuula ofkeessattii qabatte ........ 74
Suura 40 ffaa Boolla Yeroo Arbii dhahaan miilli keessa taa'uu ........ 75
Suura 41 ffaa Meeshaa Arbii Miillaan Rukatamu (faanaa ) ........ 76
Suura 42 ffaa Muka maranii itti rakkiffama adeemu ........ 76
Suura 43 ffaa Muka diirii ( qallaa ) harkiise qabatte ........ 77
Suura 44 ffaa Muka Arbiin itti hidhamu. ........ 77
Suura 45 ffaa Gawwiissafi Manii xumurame Qalla itti hidhuuf qopha'ee ........ 78
Suura 46 ffaa Yeroo Diirii (qalla ) maniifi gawwiissa keessaa akka galuu danda'uutti Lakkoofsa ilkooleen diriirsuun lakkawwatan ........ 78
Suura 47 ffaa Yeroo dirii (qallaa ) gawwiissafi Manii keessa baasaan ........ 79
Suura 48 ffaa Qallaa (dirii ) lakkawwamee arbiitti hidhamee daadaa manatti fanniiffame suuta suuta irra irraa yaasuun kan dha'amuu dha. ........ 79
Suura 49 ffaa Meeshaalee Kuullii Ittiin Bu'uu ........ 80
Suura 50 ffaa Arbii Meeshaalee Kuullii Ittiin bu'uun gargaarramuun dha'ama jiru. ........ 80
Suura 51 ffaa yeroo Kuula Buusuuf Lakkaawwatu ........ 81
Suura 52 ffaa Yeroo Arbii Dha'aa Jiraan ........ 81

Suura 53 ffaa Bulukkoo ........................................................................................ 85
Suura 54 ffaa yeroo Waa’ee Bulukkoo Ibitu ...................................................................... 86
Suura 55 ffaa Biddiiqqoo Ateetee........................................................................................ 88
Suura 56 ffaa Cafii ............................................................................................................ 88
Suura 57 ffaa Sabbatafi Manguddoo sabbata hidhataan ................................................... 89
Suuraa 58 ffaa Yeroo ilaalcha ogeeyyiin kun hawaasa keessatti qaban mari’atan ............. 97

# Boqonnaa Tokko

## 1.1 Seenduubee

Fooklooriin kallatti kaminiyyuu jiruu jireenya hawaasa keessatti kan argamudha. Georges and Michael Owen (1995:314). Kallatti bu'aa fooklooriin tokko hawaasaaf qabu yoo ibsan: " Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify graups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture;  reveal or display their identity traditionality knowledge,or competence; and entertalin or be entertained." jedhu. Kuniis fooklooriin hawaasa tokko keessatti kallatti heedduutiin waan gumaachuu mirkaneessa.Fooklooriitti gargaaramee hawaasni waan barsiisu qaba, duudhaa hawaasa toora qabsiisaa,waa'ee eenyummaa seenaa addunyaa isaa beeksiifata,ittiin bashannana akkasumaas wal bashanansiisaa, hawaasni bifa 'Ammayyoomeen'  har'a  seerawwan, Amantiifi siyaasaan wal bulchuu dhakaa bu'uuraa kan ta'e beekumsa fookloorii irra dhaabbateedha. Kan irratti yaannii maalummaa fooklooriif kenname "Folklore generally refers to the body of material, in avariety of forms, that expresses the tradions of aparticular culture.There is no clear-cut-definition of the term 'folklore' mainly because academic of different discplines study the same material from completely separate perspectives" Kuniis fooklooriin hiika akka waligalaatti kan kenname malee hiika jala murame kennameef hin qabu kan jedhu ibsa.

Dorson. (1972). Dameewwan fookloorii bakka gurguuddoo afuritti qooda isaniis: Afoola, Duudha hawaasa, Artii duudhafi Meeshaalee aadaa dha.Meeshaalee aadaa Namoonni fedhiifi xiinsammuu isaanii guutachuuf jecha kan hojjatan wantoota ijaan mula'ataniifi harkaan xuxxuuqamuu dandaa'aniidha.

Walumagalatti,dhalli nama fedhii, dandeetti, ogummaa falasama xiinsammuu guutachuuf waantoota  uumama  naannoo isaaniitti argamu irra Biqiltuu Jirbii irra tooftaa meeshalee aadaa kan ijaan mul'ataniifi  harkaan  qaqqabatamu danda'aan irra meeshaalee aadaattii gargaaramuun uffata dha'uun safuu(qulla) ittiin dhokfachaa kan turaniifi akka jirudha. Kunimmoo bu'aa beekumsa hawaasa ta'uu nuhubachiisa. Kanaafuu, Qorattuun kuniis

meeshaalee aadaa beekumsa hawaasattiin kalaqame kana eenyuun akka hojjatame, akkamiitti ogumma kana kalaquu danda'aan, faayidaa isaafi k.k.f. qorachuuf mata dureen qorannoos Qaacceessa Adeemsa Arbii dha'uu kan beekumsa hawaasaa Oromoo Aanaa Gindabarati jedhu filatte jirti.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Uumanni oromoo aadaafi seenaa bal'aa kan qabuudha. Akkasumaas, jiruufi jireenya isaanii fooyyeeffachuuf jecha wantoota naannoo isaanitti argamuurra bobbooca adaa adda bocuun meeshaa aadaa nyaataa, uffataa,fi Meeshalee miidhaginaa adda addaaf kan oolu kan kalaqaa turaniifi jiraniidha.Kanaaf, Qorattuun kun mata duree qorannoo kana akka filatuu kan ishee kakaase naannoo qorannoon irratti gaggeeffamu kanatti qorannoon mata duree adda addaa  irratti gaggeeffame ture.Garuu,haga ammatti mata duree qorattuun filatte irratti qorannoon waan hin adeemsiiffamneef mata dureen kun haaraa waan ta'eef filachuu dandeesetti.Kan biroos, Uumanni oromoo  beekumsaafi ogummaa mataasaaniitti fayyadamuun Biqilootaafi Beeladootatti gargaarramuun wantoonni isaan kalaqaan kun eessa dhuftee ogumma kana, akkamitti akka hojjatame,eenyuun akka hojjatameefi k.k.f. dhugaa hawaasicha keessa jiru funaannamee dhalootaaf galma'ee akka ta'uufiidha. Kana malees, kalaqqiin hawaasni kun osoo meeshaalee ammayyaan kun hin uumamiin dura kaasanii itti fayyadamaa turaniifi jiran kana qorattuun kuniis beekumsa irra argachuufi namni biroos dubbisee akka beekumsa irra argatuufiidha.Kanaaf, Qorannoon kun Qaacceessa Adeemsa Arbii Dha'uu kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat irratti xiyyeeffachuun kan qaacceeffamedha.

### 1.3 Gaaffii Qorannoo

Gaaffii qorannoo armaan gadii qaacceessa meeshaalee aadaa Jirbii Fo'uufi Arbii Dha'uuf Oolan:Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabaratti irratti hojjeetaman keessatti deebii argachuuf qophaa'anidha**.**

- Akaakuuwwaan meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf barbaachisaan maali fa'ii?

- Meeshaalee aadaa kuniin maali irra hojjatamuu? Akkasumaas eenyuun hojjatamuu?
- Faayidaan meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf oolan kun hawaasa oromoo aanaa gindabaratiif qabu maali?
- Ilaalchii ogeeyyiin jirbii foo'aanfi arbii dhahaan kunniin hawaasa keessatti ilaalchi duriifi amma jiru maali?
- Afoola meeshaalee aadaafi ogeeyyii kanneeniin walqabate hamillee isaanii kakaasuu yookiin qancarsuu yoo jirate maali fa'ii?
- Jijjiirama meeshaalee aadaa kanarratti mul'ataa dhufe jira moo? Akkasumas bu'aan meeshaalee aadaa jirbii foo'amee fi arbii dhahame irraa argame maal fa'ii?
- Fakkoomiin meeshaan aadaa jirbii foo'uufi arbii dhahuun hawaasa keessatti qabu maali?

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Adeemsa arbii dhahuu kan godina shawaa lixaa aanaa Gindabarat qaacceessuudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa armaan gadiiti, ibsameera

- Maalummaa jirbii, eessatti akka marguufi yoom akka ga'ee funaannamu kan ibsuu
- Akaakuuwwan meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf barbaachisan xinxaluu
- Meeshaaleen aadaa kuniin maali irra akka hojjatamuufi eenyuun akka hojjatamuu adda baasuun ibsuu
- Faayidaa meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf oolan kun hawaasa Oromoo aanaa gindabaratiif qabu ibsu

- Ilaalchii ogeeyyiin jirbii foo’aanfi arbii dhahan kunniin hawaasa keessatti qaban xinxaluu
- Afoola meeshalee aadaafi ogeeyyii kanneeniin wal qabatanii hamilee isaanii kakaasuu yookiin qancarsuu waliin kan walqabate xinxaluu
- Jijjiirama meeshaalee aadaa kanarratti meeshaalee ammayyaan bakka bu’ee mul’atufi bu’aa meeshaalee aadaa jirbii foo’ameefi dha’ame irra uffata maal maalifaa akka ta’an ibsuu
- Fakkoommii meeshaaleen aadaa jirbii foo’uufi arbii dha’uun hawaasa keessatti qaacceessuu

## 1.5 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon taasifamu tokko faayidaa mataa isaa qaba.Kanumarraa ka’uun qorannoo kuniis qaamolee gama fuulduratti qorannoo naannoo mata duree kanaan walfakkatuuf ka’umsa ta’ee tajajiiluuf iddoo ol-aanaa qaba.Akkasumaas, faayidaan qorannoo kanaa dhaabbileefi namoota dhuunfaa armaan gadii tajaajiluu akka danda’u ni amanama.

- Qorattoota fookloorii gama meeshaalee aadaa Oromoo Godinaalee adda addaa keessatti qorachuuf barbaadaniif ka’umsa ta’uu danda’a.
- Waajiiraalee Aadaafi Turziimii sadarkaa godinaalee adda adda irratti argaman kan waa’ee meeshaalee aadaatiin walqabate gartuu hawaasa kamiiniifi maal irra akka hojjataman ogeessota qaaccessuun barbaadaniif ka’umsa ta’aaf
- Hayyoota galmee jechoota afaan Oromoo qopheessan jechoonni meeshaalee aadaa kunniin Godina godinatti haallii itti beekamu adda adda waan ta’ee waltiina afaanitiif ga’ee qaba.
- Dhaabbilee mootummafi miti mootummaan meeshaalee aadaa Jirbii Foo’uufi Arbii Dha’uuf oolan kana ogummafi beekumsa hawaasa kana gabbisuuf leenjii kennu yoo barbaadameef ka’umsa ta’uun tajaajila.

## 1.6 Daangaa Qorrannichaa

Daangaan qorannoo kana Qaacceessa Adeemsa Arbii Dha’uu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gidabarat irratti xiyyeeffatudha.Akkasumaas, gosoota biqiltuu jirbiifi haala

qilleensa jirbiin itti oomishamu ibsu. Kana malees, maalummaa meeshaalee aadaa kun irra hojjeetamanii, adeemsa ittiin hojjeetamaan, eenyuun akka hojjatamu danda'aanfi tajaajila meeshaaleen aadaa kun bu'aa hawaasica keessatti qaban ilaalchiisudha.Kana malees, Afoola meeshaalee kannaan duukajiraniifi fakkoomii meeshaaleen kuniin hawaasa keessatti qaban kanGandoota sadii Ganda: Gurra Jarjara, Kaachiisiifi Hawaxxoo irratti kan qaacceeffamedha.

## 1.7 Hanqiina Qorannichaa

- Kitaabilee wabiifi bu'aa qorannoo gahaa Afaan Oromootiin meeshaalee aadaarratti barreeffaman dhabamuu.
- Namoota beekumsa ga'aa meeshaale aadaa kana irratti qaban akka barbaddameetti dhabuu.
- Namoonni odeeffannoo kennaan fedhii dhabuu.

Haata'uu malee, tattaaffii qorattuun kun taasisteen Kitaaba mana kitaaba seenuun dubbisuun akkasumaas toora intarneeta adda addaa irra argachuun akkasumaas, namoota ogumma kana sirriitti beekan iyyaffachuufi namoota ofiifiis dursa beekututti itti dhiyaachuun ragaaleen barbaachisoo ta'an funaannamuun qorannoon kun galma ga'uu danda'eera.

## 1.8. Moggaffama Aanichaa

Akka Maanguddoo Shabaal Naqqa Xibaab Beenyaa irra odeeffannoo Gaafa 20/3/2010 argadheetti " Gindabarat bara 1880 dura maqaa kuttaayyee jedhamuun beekamatti. Kuttaayeen gosa maccaa keessa isa tokkodha. Maquma gosa oromoo maccaa kanaan waamamaa turte. Aanaan Gindabarat barri itti hundeeffamte bara 1962 ture. Aanaan kun bara 1998 osoo bakka lamatti Aanaa Gindabaratiifi Aanaa Abuunaa Gindabaratitti addaan hin qoodamiin dura moggaaffama maqaa ishee kanaaf yaada adda addaatu jira ture. Kuniis, dursa haala teessuma lafa aanichaa irratti hundaa'uun kan moggafamedha. Inniis, Mootiin Goojjaam Adal Tassammaa Gindabarat kana seenee waraanuuf jedhee aanaan kun kallatti maraan laga gurgudda kan akka: Abayaa, Gudaar, Xaraanxarafi Mogoor marfamtee kallatti seensaafi bahumsa tokko qofa waan qabduuf maali "Biyyi akka

mooraa loonii **/Indabarat**/ fakkatu" jedhe moggaase jedhama Dur oromoon Gindabarat kun mooticha Goojjaam Adal Tasammaa waliin akka wal waraana turan ni himama.Yaanni kan biroo immoo gosa oromoo **Gindoo** jedhamaan waan yeroo dheeraaf Abuunaa keessa jiracha turan irra kan moggaafamedha." Jedhaniiti ibsu.

Yeroo mootiin Goojjaam Adal Tasammaafi Gindabarat wal waraana turan, Intala hiddi dhaloota ishee Kuraa Alii kan taate Jeetii Geetoo Gabaabee kan jedhamtu yeroo sana namoota hedduu waliin booji'amanii gara Goojjaamiitti fudhatamanii ture. Mootiin Goojjaam Adal Tasammaafi mootiin Walloo Alii Faaris waliin waliitti dhuufeenya qabu. Kanaaf, mootiin Goojjaam hiriiyyaa isaa mootii walloof namoota heedduu hojii humnaafi hojii mana keessa akka hojjataniif eergeef namoota eergamaan keessa tokko durbeen Jeetii Geetoo ishee tokko turte. Haati mana Alii Faaris maseena waan taateef mootichi dhala argachuu barbaada waan ta'eef dubartii kan biraa bira dhaquun itti dirqama ta'ee. Kanaaf, namoota booji'amaanii wallootti ergamaan keessa Jeetii Geetoo tajaajila hojii mana keessa akka keennitu taate.Jeetiin uummamaan baayyee bareedduu turte. Bulchaan biyyichaa haadha mana isaa irra mucaa dhala waan dhabeef Jeetii jaalatee mucaa dhiiraa **Mahammad** jedhamu deesseef. Jeetiin Geetoo erga mucaa deessee booda haati mana mootii jibbitee mana isheetti ariite. Sanaan booda mana mootii Wallottii baatee qotee bulaa tokkotti heerumtee mucaa dubaraa **Tammaany Maariid** jedhamtu deessee.

Mohammad Alii Faaris erga guddatee booda kiristinna ka'ee maqaa isaa Dajjazmaach Mikaa'el jedhamee Wallotti muudame. Uummanni Walloos garbicha jedhanii waan isa hamataniif baayyee aaree haadha isaa akkaas jedhe gaafate " Eessa nafidde? Biyya kooti nagalchiiti natti agarsiisi" jedhee gaafate. Haati isaa immoo akkaas jettee deebisteef " Yeroo kuttaayeefi Goojjaam wal lolaa turan Gindabarat Abuunaa bakka goraa jedhamutti dhaladhee guddadheen waarana keessa booji'ameen Goojjaamitti darbe, sanaan booda achii immoo gara wallo dhufeen mana mootii keessa jiracha ture. Osoon kanaan jiru ati dhalatte osoo hin turiin haati mana mootii mana nahariite. Aniis, achii ba'een nama biraatti heerume dubara tokko kan mqaan ishee Tammaany Maariid kan jedhamtu da'ee. Kanaafuu, nuti garba miti ani intala Geetoo Gabaabee Buusaati, ani intala warra Kuraa Aliiti dhaqii warra koo gaafadhu" jettee itti himte.

Sanaan booda eeyyama biyya haadha isaa ilaalu mootummaa gidduu galeessaa yeroo sana irra argateen karaa goojjaam dhufee, cirracha keessa bahee Abuyyee bule. Isaan booda biyya haatii isaa itti dhalatte erga naanna'ee ilaaleen booda korma adii qalee, fira isaa baree, bakka amma magaalaan kaachiisii itti hundoofte kana bule. Sanaan booda gara mootummaa gidduu galeessatti deebi'ee " Biyya koo argeen dhufee akka biyya sana bulchuuf naa eeyyamii" jedhe gaafate. Mootummaan gidduugaleessaas akka inni Gindabarat bulchuu eeyyameef, Sanaan bood Gindabarat waggaa hedduuf Wallo Dassee jalatti akka bulaa turte himama.Giddugaleessa teessoo mootummaa magaala Abuuyyee turte diigee teessoo isaa gara bakka Booxii jedhamutti magaala teessoo isaa taasiifate. Booxiin maqaa dur bakka magaalaan kaachiisii amma kun ittiin waamamaa turedha. Kanaaf, Booxiin maqaa gosa oromoo jalqaba lafa kana irra jirachaa turaniidha." Jedhaniiti ibsu.

Hundeeffama magaalaa kaachiisiin booda Gindabarat bulchaa kan turte Obboleetti mootii Mika'eel kan taate dubartii Tammaany Maarid jedhamtudha. Maqaan kaachiisii jedhamuus kan moggaafame bara bulchiinsa ishee akka ture dubbatama. Bulchiituun kun baayyee hamtuu akka turte himama Namoonni Abuunaafi Hawwaxo irraa dhimma seeraa, himannaa adda addaaf dhufaan sa'a yoo dabarsan adabbii cimaa waan isaa adabduuf namoonni dhimma qaban dhaqabuuf jecha Farda Kaachiisi kachiisi ykn gulufsiisi jechuun ariifatanii beellama qaban dhaqabu jedhama. Kanuma irraa ka'uun Kaachiisii jedhamee moggaaffame" jedhama. ( Madda Manguddoo Shanbaal Naqqa Xibaab Beenyaa)

### 1.9 Argama Aanaa Gindabarat


Akka odeeffannoo gaafa 21/3/2010 Waajiira Bulchiinsa lafa Magaalaafi Baadiyaa Aanaan Gindabarat irra argameetti Magaalaa guddittii Oromiyaa kan taate Finfinneerra fageenya 192km fagaattee kallatti dhiihaati argamti. Aanaan Gindabarat kan daangeeffamtee argamtuu Bahaan Aanaa Abuunaa Gindabarat,Lixaan Aanaa Horroo Guduruu, Kaabaan Bulchiinsa Mootumma Naannoo Amaraa, Kibbaan Aanaa jalduu (goojjoo), Aanaa Amboo, Aanaa Midaqeeny yoo ta'uu Magaalaa gudditiin Aanaa Gindabarat immoo Kaachiisii jedhamtee waamamtii. Aanaan Gindabarat Ganda

Baadiyyafi Bulchiinsa Magaalaa dabalatee Gandoota 33 qabdi.Kuniis: ganda baadiyyaa31fi Bulchiinsa magaalaa 2 waliitti gandoota 33 qabdi. Bal'inni lafa aanichaa 1,19879 hek dha. Baay'inni uummataa Dhiira 71,7932 yoo ta'uu Baay'inni Dubartii immoo70'5008 dha.Walii galatti baay'inni uummata aanaa kana 142,2940 ta'uu isaa ibsu.

### 1.10 Haala Teessuma Lafa Aanichaa

Akka odeeffannoo gaafa 22/3/2010 Waajiira kutaa Isteetiiksii Aanaa Gindabarat irra argameetti Bal'inni lafa aanaa Gindabarat 1,19879 hek dha. Aanaan kun lafa badda hin qabdu. Lafa badda-daree fi Lafa gammoojjii qofa qabdi. Bal'inni lafa badda-daree 51,548 $km^2$fi lafti gammoojjii immoo 68,331$km^2$ dha. Aanaan kun rooba waggaatti 700mm-1450mm kan argattudha. Haalli ol-ka'iinsa lafa ishee sirrii galaana irra 600m-2800m kan ta'uudha. Hoo'iinsa qilleensa ishee $35^0$c-$15^0$c kan ta'uudha. Lafti gammoojjii Aanaa kana Bashee, Bidaaruu Goobataa, Cirracha, Kaloo Badhaasaafi k.k.f. gandoonni kuniin Oomisha Jirbiitiif mijataadha biqiltuun jirbii Aanaa kanatti oomishamu gosa biqiltuu muka ta'ee baruma baraan firii jirbii kan kennudha. Laftii qonnaaf oolu 49,776 hek, Lafti bosona huwwiiffame 14,638hek, Lafa albuuda immoo 4.3 hek, Lafti dheedichaaf oolu 40,509 hek fi Lafti tajaajila hin kennine immo 9,956 hek dha.

**Kaartaa Aanaa Gindabarat**




(Gaafa 24/3/2010 Waajira Aadaafi Turiiziimii Aanaa Gindabarat irra argame.)

## 1.11 Diinagdee Hawaasa Aanichaa

Uummanni aanichaa baay'een isaanii jiratoota baadiyyaa waan ta'aaniif harkii caalaan hojii qonna irratti bobba'aanii jiraatu. Bu'uurri aanaa kana hojii qonnaati. Gosoonni midhanii aanaa kanatti argamaan: Boqqoloo, Xaafii, Mishiingaa, Nuugii, Qamadii, Baaqeelaa, Atara, Suufii, Salixii, Jirbii, Boloqqee, Garbuu, Talbaa, Gonmaazeera, Ajja, Samareeta fi k.k.f.dha.Kana malees, jallisiiti gargaaramuun Kuduraafi Muduraa adda addaatu oomishama isaaniis: Muuzii, Shankoora, Burtukaana, Appilii, Mangoo, Pappayaa, Dinnicha, Timatiimii, Loomii,Turungoo, Shukkaar Dinichii, Dinnicha Oromoo, Geeshee, Buna, Abukadoofi Biqiloota Urgeessituu oolan adda addaa dha. Akkasumaas, hawaasni aanaa kana hojii qonna keessa kan ittiin beekamtuu Horii horsiisuufi kanniisa horsiisuu beekkamurraan  kan ka'ee " Gindabarat biyya dhadhaa fi dammatti " jedhu. Haalli dinagdee aanichaa kan biroo immoo hojjii daldalaas kan hojjataniis ni jiru. kana malees, hawaasni aanichaa hojii xixxiiqqa kan ogumma dhuunfaa isaani irrattiis kan bobba'aaniis ni jiru.Kuniis:Arbii Dha'uu, Jirbii Foo'uu Uffata Hodhuu, Hodha Migiraan hodhuu, Suphee dha'uu, Gogaa Duuguu (faaqii) Siibila Tumuufi k.k.f kan hojjatanii argataniidh.(Madda Ogeeyyi qonna fi Waajiira qonna aanaa Gindabarati irra)

## 1.12 Amantii Hawaasa Aanichaa

Aanaa Gindabarat keessa uummanni jiratu amantii garagaara kan hordoofanii dha.Haalli amantaa aanaa kana keessa jiruus:Amantaa Pirooteestaantii,Waaqeeffataa fi Ortoodooksii dha. Amantii Pirooteestaantii uummanni hordoofuu 65% yoo ta'uu,Amantaa Waaqeeffata uummanni hordoofuu 25% yoota'uu amantii Ortoodooksii kan hordoofuu 10% ta'uu dha. Bakka awwalchaa seera qaabeessa ta'e kan qabanii dha.Aanaa kana keessa saba oromoo malee sabni kan biroos ni jiraatu.Sabni kuniis saba Amaraa dha. Baay'inni saba oromoo 99.5% yoo ta'an sabni Amaraa 0.5% kan ta'antu jiru.( Madda Aadaafi Tuuriiziimii Aanaa Gindabarat irra)

### 1.13 Aadaa Hawaasa Aanichaa

Sabnii tokko saba birra irra kan adda ba'u inni tokkoffaan aadaa isaatiin. Yaada aadaa jedhu Warqiinaan.(2008:12). "Aadaan jiruufi jireenya uummata tokko kan biroo irra gargaar ba'ee kan ittiin beekamu, aadaa isaatiin. Aadaan misoomaafi ijaarsa biyya tokkoo irratti ga'ee ol-aanaa gumachuuf yaada akka furtuutti itti fayyadamnudha." jedha. Kanaafuu, Aanaa kun aadaa naannoo oromiyaa keessa kan ittiin beekamtu tokko qabachuu nidandeessi.Kuniis:Aadaa nyaata, Aadaa hojii, Aadaa uffataa, Aadaa dhugaatti. Akkasumaas, Asaffaa(2009:21). "Aadaan Uummmata tokko akkaata nyaata, dalagaafi uffataa walumaa galatti haala jiruufi jireenya uummata sanii kan ibsudha." Jechuun ibsa. Aadaan hawaasicha aanaa kanaas akka armaan gadiitti ibsama.

**Aadaa Nyaatafi Dhugaatti**

Aadaa nyaata Aanaa kanatti beekamaan: Caccabsaa, Qorii, Qor- sodoomee, Cuukoo, Irra dibaa Budeena, Dabboo, Marqaa, Qincee, Faffata, Foon, Foon Dheedhii, Dhaadhaa, Dabbo Qamadii, Dabboo Xaafii, Maroofi K.K.F.dha. Aadaan dhugaatiin aanaa kan: Farsoo, Araqee, Farsoo Adii, Filiiteerii, Buna, Bulbula damma (birzii),Booka (xajjii), Buquriifaati.DhugaatiiAmantaa pooreteestaantii immoo:Xeena'ee (farso garbuu), Farsoo Biqilaa, Malaan dachaane, Boochiisaa, Kofalchiisaa jedhamuun aanaa kanatti beekama.

**Aadaa Uffataa**

Aadaan Uffata kan dhiiraafi dubartii kan shamarreenfi dargaggeeyyii akkasumaas kan namoota mana dhaabaniifi dubartii jiruu dhabdee haalli uffanna isaanii gargaridha. Namoonni mana dhaabaan dhiirri Gaabii, Bulukkoo, Surree Jakkeettii Kitta, yoo ta'uu ufaanii dubartii immoo Shirxii, Baaqqee, Shaashii, Sabbata,Qoloo, Biddiiqqoofi k.k.f.dha dubarrii immoo mudhiidha gadi gurdii mudhiidha ol immoo kanateera fi kootii uffatu. Dargaggeeyyiin; immoo, Qumxaa, Shamiizii, Kootii, Surrefi Qumxaa uffatu.Waluumaa galatti yeroo ayyanaafi cidhaa immo uffata aadaa uffatu. Ragaan kun kan argame maanguddoo aanaa sana irratti.

**Aadaa Fuudhaafi Heeruma Aanichaa**

Akka Manguddoo aanicharra argadheetti hawaasa oromoo aanaa kana keessa sirna fuudhaafi heerumaa adda addaatu jira.Isaaniis: Naqata(Keewwata),Aseenna,Buufanna, Butii,Walgarafi Dhaaladha.

**Naqata(keewwata)**

Jalqaba mucaan mucayyoo ilaalatte  fuudhu yoo barbaade intala fuudhu barbaade sana maatiitti himuun akka maatiin kadhatuuf godha.Sanaan booda abbaan mucaa jaarsa kadhatee mana warra intalatti eerga.Sanaan booda warri intala biqila ilaalanne firaan mari'anne isiinitti himna ji'a kanan booda deebi'aa jedhani beellamuun osoo manatti hin galchiin alaa deebiisu.warri intala tole yoo jedhaan guyyaa mana sienna beellamatanii galu. Gaafa mana seennaa nyaannifi dhuugatiin adda addaa qopha'uun firri waamame biqilli tole jedhanii wal eebbisaanii galu.Akkasumaas, torbee lamaan booda intala dhadhaa dibaadha jedhanii fira kadhatanii dhangaa naqatanii mucayyoof uffata,shaashii bitanii mana warra intala dhaquun dhadhaa dibu.Isaan booda jaarsooliin mana warra intalatti deebi'aanii guyyaa cidhaa beellamatanii galu. Isaan booda mucaan naqata (keewwata) waan tokko osoo hin hambiisiin biteefi mucayyo fuudhuuf cidha milka'aa ta'ee godhachuun bultii dhaabbatu.

**Aseennaa**

Akka manguddoo aanaa kana irra dhaga'eetti " Aseenaan sina fuudhaafi heeruma keessa isa tokko ta'ee seera ittiin gaggeeffamu qaba.Kuniis,mucayyoon tokko yoo mucaa dhiiraa jalaatte mucaa sana jalaatte dhiisuu hin dandeessu yoo ta'ee Aseennaa dhaquuf murteeffatti. Seerii ittiin aseenna deemtuus Hiddii guurtee uka ishee keessa naqatte mana warra mucaa deemti yeeroo deemtu kanati soda tokko malee deemti sababiin isaa adeemsi ishee kun seeradha waan ta'eef warri mucaas ofiirra hin hari'aan .Sanaan booda hiddi uka ishee keessa guurtee mana warra mucaatti lafatti dhagalaaftii isaan booda aseenna dhuufushii ta'uu beekamadha.Hiddiin sun "Sanyii keessan barbaade" jechuudha.

Kanaafuu,mucaa isheen barbaadde sana waliin walitti fidudhaan boodarra warra intalatti jaarsa erguun mucayyoofi warra ishee walitti araarsuun bultii dhaabuuf"jehdani.

**Buufannaa**

Akka manguddoo aanicharra dhaga'eetti " Sirna fuudhaafi heeruma keessa isa tokko ta'ee seera ittiin gaggeeffamu qaba.Sirni kuniis kan gaggeeffamu yoo mucaan mucayyoo fudhuuf naqata hunda naqachuu hin danda'uu ta'e yookiin warri intala harka qalleeyyii yoo ta'an yookiin immoo warra mucaa akkasumaas warra intalaa yoo waan ariffachiisa isaan muddatte Buufanna dhaqu.Kuniis seerri ittiin deemamu; abbaan ilmaa warra intalatti barii osoo isaan irriiba hin ka'iin karra warra intala dhaqaniiti 'Iziigoo birmaduu barbaanne birmaduu nuuf kenna' jedhanii kadhatu.Sanaan booda erga bultii sadiif deddeebi'anii booda karra jala bananii ol seena jedhanii manatti noorsanii hin didamu waan ta'eef mari'anee isiniitti himna jedhanii beellamuuf isaan booda mana warra ilmaa dhaqanii waan jedhaman itti himanii torbee lama gidduutti cidha xiqqoo godhanii mucayyoo kennuuf isaan booda bultii dhabuun jiratu." Jedhan.

**Butii**

Akka manguddoo aanichaa dubartoota keessa odeefanno naaf kennaniitti "Buttiin sirna fuudhafii heeruma keessa isa tokkodha. Garuu, sirni kun karaa lamaan gaggeeffama inni tokkoffaan mucaayyooniis,mucaaniis yoo wal jalaatan warri garuu, sanyii laka'uun warra wal fuunu miti jedhanii yoo mucayyoo kennufi baatan mucaafi mucaayyoon mari'atanii akka inni ishee butu eeyyamtiif inni lamaffaan immoo mucaan tokko mucayyoo kadhatee warri intala isaaf kennaniiti intalli immoo diddee nama biratti heerumuu barbaadi yoo ta'ee mucaan sun fala biraa hin qabu waan ta'eef butuuf yaala kun haalli butiinsi isaa midhaa mucayyoorraan kan ga'uu danda'uudha." jedhu.

**Walgara**

Akka manguddoo aanichaa irra dhaga'eetti "Walgarrii sina fuudhafii heeruma keessa isa tokko dha.Kuniis kana deemsiifamu firummaa cimsachuuf jecha kan adeemsiifamu


dha.Seeri kuniis, obbola waljala dabarsuun fuudhudha kana jechuun mucaan tokko yoo intala fuudhe obbaleessi intala immo obboleetti mucichaa fuudha.” Jedhu.

### 1.14 Hidda Latiinsa Uummata Oromoo Aanaa Gindabarat

Akka Shaambaal Naqqa Xibaab Beenya gaafa 24/3/2010 waa’ee hidda latiinsa uummata oromoo aanaa Gindabarat ibsanitti “ Uummanni oromoo aanaa Gindabarat keessa jiraatan hidda latinsa Maccaafi Tuulama jalatti kan qoodamaniidha. Irra caalaa aanaa kana keessa qubatanii kan argamaan gosoota Maccaa yoo ta’uu akkasumaas, gosti tuulamaas ni argamu. Macciifi Tuulamni ilmaan abbaa tokkooti jedhamu. Abbaan isaaniis Raayyaa jedhama. Kuniis Tuulamni angafa yoo ta’uu Maccii immoo quxusuudha. Ilmaan Raayyaa kun osoo waliin jiraatanii horanii baayyatanii bakki itti dhiphannaan akka aadaatti angafnii lafa bal’aa qabachuuf qe’ee abbaatti yoo hafuu quxusuun itti aanee lafa looniif mijatu darbee qabate.Haala kanaan oromoon Maccaa jalqaba wiirtuu siyaasaafi amantii isaa Odaa Bisilii ka’ee qabiyyee amma irra jiraachaa jiran hanga Jimma, Iluu Abbaaboora, Wallagaafi Shawaa Lixaa keessa bal’inaan qubatanii argaman kana akka lafa kana qabataan manguddoon ni ibsu”

Akka armaan olitti ka’etti Oromoon Maccaa giddugala siyaasaafi amantii isaa kan ta’e Odaa Bisilii ka’ee kallattii adda addaan yeroo sochii lafa qabanaaf socho’aa ture gara Gindabarat keessa jirataan ilmaan **Kuttaayee** jedhamu ture. Ilmaan Maccaa Gindabarat keessa jiratan ilmaan kutaayee irra wal horanii akka bayyataan himama. Akka ragaan maanguddoota irra argamee ibsaniitti Kutaayeen ilmaan toorba akka qabu ibsu. Isaniis, Macca, Burra, Maliyyu, Ituu, Hidhabuu, Daadaafi Abeebee jedhamu. Kutaayeen ijoollee kanneen lamaan kan dhalchee haadha mana lama irraatti. Haati mana lamaan maqaan isaanii: Galaaneefi Buluudo jedhamu isaaniis obbooladha.Galaaneen Kutaayeef ilmaan shan deesseef isaaniis: Macca, Burra, Maliyyu, Ituufi Hidhaabuu jedhamu Macci hangafadha isaan kaan immo akka quxusuutti Burra, Maliyyuu, Ituufi Hidhabuudha. Buluudoon immo Kutaayeef ilmaan lama deesseef isaaniis: Daadaafi Abeebee jedhamu Daadaan hangafa yoo ta’uu Abeebeen immoo quxusudha.Ilmaan liiban immoo sadiidha.Isaaniis: Kutaayee, Ammayya, Walisoo jedhamu. “ Kutaayeen Liiban Maccatti

gale. Kanaaf mucaan angafaa kutaayee Macca jedhame jedhu.Kanaaf, Manguddoon yeroo waaqa kadhatu akkaas jechuun kadhata " Waaqa shanaan Galaanee, Lamaan Buluudoo, Toorban Kuttaayyee, Sadan Liiban, Shanaan Maccaa, Saddeettan Meetoo, Salgan Booranaa jechuu kadhatu.Alamaayyoo Hayileefi Kaawwaan.(1998:150).




Madda Alamaayyoo Hayileefi Kawwaan.(1998).

# Boqqonnaa Lama

## Sakatta'aa Barruu

Qorataan mata duree takko irratti qorannoo sirrii fi bu'aa qabeessa ta'e gaggeessuuf yaada hayyootaan deeggaramuu akka qabu beekamadha.Yaada kana Berg (2001:19). "Aliterature riview is an account of what has been published on a topic by accredited scholars and researchers." jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti sakatta'a barruu jechuun dhimmoota mata dureen walqabatanii hayyootaan barreeffamanii, maxxaffaman yeemuu ta'uu waa'ee mata duree qorannoon irratti gaggeeffamu sanaaf hayyoonni maali jedhu kan jedhu ilaaluun dirqama dha. Haaluma kanan, qorattuu kuniis barreeffama qorannoo kanaan hidhata qabu dubbiisuun barreeffama qorannoo isheetiin walitti dhiyeenya qabu sakatta'uun Boqonnaa kana keessatti akka armaan gadiitti qindeessuun ibsiteetti.

### 2.1 Maalummaa Fookloorii

Jechi fookloorii jedhu yeroo hundumaa kan dubbatamaa oolu yoo ta'ellee ibsa(definition) ifaafi quubsaa ta'een lafa kaa'uun rakkisaadha. Georges and Michael Owen Jones (1965:67) akkas jedhu " Wether or not they are judged to be survaivals all examples of folklore provide evidence of contunity in human behavior through time" jedhu. Yaada hayyoota kanarraa kan hubatamu, fooklooriin jireenya dhala namaa waliin hidhata waan qabuuf fakkeenyonni fookiloorii hundi itti fufiinsa amalli dhala namaa yeroo keessatti qabachuusaafi waan tokko fookloorii jedhamuuf waan durii kan hin mul'anne, kan dhugaa yookiin soba ta'e jechuun hiika fookloorii kennuun guutummaa guutuutti hiika sirri ta'uu dhaba jedhu.

> *Surely no other discipline is more concerned with linking us to the cultural heritage form the past than is folklore;no ather discipline is more concerned with revealing the Interrelation ships of different cultural expressions than is folklore; and no ather disciplines is more concerned,or no other discipline should be more concerned,with discovering what it means to be human.It is this attempt to discover the basis of our common humanity the imperatives of our human existence.That puts folklore study at the very center of humanistic study.It considers what folklore does and what it means to groups that share.(wilham Wilson in Sims and Stephens 2005)*

Akka yaada garee warra namummaatti fooklioooriin nuufii warra durii walsimsiisa wanta isaan yaadaa turan hubannoo isaanii nu agarsiisa. Akkasumaas, duudhaa isaanii wajjiin kan waliitti nufidu ta'uufi tajaajila namummaa ijaaru keessatti qabu ibsu.

Akka garee warra Hawaasumma (functionalist/social) anthropological definition garee kun akkuma warra daangaa wanta qo'atamu eeran sanii 'folk' irratti xiyyeeffatu. "….Expression, customs and object folklorist study do not exist in vacuum, apart from the people who creat and share them Sims and Stephens (2005:11).from the social-science pointof view folklore research emphasizethe'folk'often taking an anthropological or functional approach to the fill cultural significance of tradition." Warri kun immo'folk' warra jedhamurratt ta'a kuniis, gamtaa yookiin garee namoota waliitti dhufuun aadaa uumatannidha.

Oring.(1986:135).Dundes. (1987). Waabeeffachuun akka ibsitutti, "folk" can refers to any group of people what so ever who share at least one comman factor.The comman factors create asense of collective identity, so that any populatin with such asense could be regarded as afolk." Jetti.Akka warrabbii kanarraa hubachuun danda'amuutti 'folk' jechuun garee hawaasa kamiyyuu ta'ee yoo xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha.Waan isaan waliin qooddataan kun ammo, miira eenyumma keessatti uumuu akka danda'u agarsiisa. Yaaduma kana ilaalchiise yeroo adda addaa keessatti fookiloorii hiikuuf yaadota sadi ilaalcha keessa akka galchuu qabnu ibsama.

> *It is possible to distinguish three possible basic conceptions of the subject underlying many difinitions; accordingly, amode of thought and akind of art.It is important to comprehend that folklore is not thought of as existing without from structured group… its existence is determined by its social context. As an artistic process, it may be faund in any communicative medium; musical, visual, kinetic or dramatic.In other words, folklore can be seen as an artistic communication in small groups (Dan Ben Amos 1972:120)*

Akka yaada kanatti fookloorii hiikuuf beekumsa karaa sadii qabachuun murteessa dha.Isaaniis: Gama qaama inni bakka bu'ee, beekumsa waan inni dabarsuufi haalli isaa akaakuu ogummaatiin dha.Fookilooriin garee hawaasummatiin alatti kan argamu miti.Hojii adeemsa artiittin kan mul'atu karaa walqunammtii, muuziqaa, dawwii sochii

qaama yookaan diraamaan ta'uu danda'a.Walumaagalatti fooklooriin hojii ogummaa gareen tokko ittiin walii galluudha.

## 2.2 Faayidaa fookloorii

Faayidaa fookloorii hayyoonni kun akkanatti ibsu:

> *foklore is informally learned, unofficial knowledge about the world, our selves our communities, our beliefs, our cultures, and our traditions that is expressed creatively through words, music, customs,actions, behaviors,and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, communicating and performing as we share that knowledge with other people.(sims and stephens,2005:8)*

Yaada hayyoota kana irra kan hubatamu, fookilooriin al idileen baratama, beekumsa alidilee waa'ee barsiifata ofii kan kalaqaan jechootaan,muuziqaan, gochaan amalaan duudhaan fi meeshaan ibsamudha.Kana malees,fooklooriin adeemsa jijjiiramaafi walitti dhufeenya waa uumuu, wal quunnamuu fi waa gochuu kan adeemsa beekumsa ofiifi kawwaniif hiruu keessatti raawwatu keessatti ga'ee ol-aanaa qaba.Hayyuun Bascom(1954),Faayidaa fookiiloorii bakka Afurti qoodeera qoodinsi kuniis:

### 2.2.1 Jalaa Miliquuf

Faayidaa fookilooriin ilma namaatiif qabu dhibbaa jiruufi jireenya keessatti kallatti adda addaan nama mudaturraa ittiin miliquuf gargaara. Yaada kana Bascom (1954;343) "… folklore also revears man's attepts to escap from the conditions of his geographical environment and from his own biological limitations as amember of genus homosapiens,"jechuun ibsa.Akka yaada hayyuu kanatti faayidaan fookiilooriin qabu keessa tokko dhalli namaa dhiibbaa karaa adda addaan isarra ga'uu jalaa bahuuf jecha dhiibbaa haala naannoofi hanqina uumama sanyii dhala namaa irraa isa irra ga'u jalaa ittiin miilquudha. Haaluma walfakkaatuun ummata oromoo biratti fookiiloorii miliiqqeef itti gargaarramuun baay'inaan kan baratameedha.Afoola isaatiin kan jaalatufi kan deeggaru,kan ittiin faarfatu, kan jibbeefi kan morme ammoo kan ittiin balaaleeffatudha jedha.

### 2.2.2 Aadaafi Duudhaa Hawaasaa Jabeessa, Cimsa

Aadaan hawaasa tokko dhaloota irra dhalootatti cimee akka itti fufu gaheen fookiiloorii guddadha.Kun ammo addaan citiinsi aadaa fi duudha hawaasa tokko akka hin mudanneef tumsuu bira darbee seenaafi duudhaan hawaasa tokko umurii dheeraa akka jiraatu taasiisa. Yaada kana Bascom.(1954:344). yoo ibsu, “Asecond function of folklore is that which it plays in validating culture, in justifying its rituals and institutions to those who perform and observe them.” Jechuun ibsa.kanaafuu,Aadaafi duudhan hawaasni durse ofi harkaa qabu cimee jabaatee akka itti fufu gochuu fookiilooriin gahee guddaa qaba. Hawaasni yemmu fookiilooriitti fayyadamu aadaan isaa ni cima ni jabaatasi kan jedhudha.

### 2.2.3 Barsiisuuf

Fookilooriitti gargaarramuun amaloota yaraa ta’an yookiin kan hin barbaachiifne akka sirreeffatan kan barsiisudha Bascom.(1954:340).Yaada kana yoo ibsu. “ Athird function of folklore is that which it palys in education, particularly but not exclusively,in non-literate societies” jedha. Yaada kanarra kan hubannu fookilooriin bifa adda addaatiin keessattuu mammaaksa fi hibboon hawaasni barnoonoota ammayyaa hin qabne dhaloota isaa amaloota kan akka dhugaa dubbachuu, gootummaa,haqaan buluu,jabaatanii hojjechuu fi k,k.f.ittiin barsiifata.Gochoota yaara ta’an kan akka sodachuu, sobuu, hatuu fi k.k.f.fooklooriin dhaloota barsiifata.

### 2.2.4 Amala Fudhatamaa Ta’e EeguunTursiisuu

Hawaasni tokko aadaa isaa keessatti amaloota fudhatama ta’an niqabaata. Akkasu mallee amaloota fudhatama hin qabne immoo ni balaalefachu qaba.Fooklooriin amaloota fudhatama qaban eeguun tursiisee akka itti fufiinsaan hawaasa keessatti dagaagan ni taasisa.Wendy Reich (1971:233), “Falklore help to mantenance comformity to accept patterns of behaiver.” Jechuun ibseera. Kuniis, fookiilooriin amala qajeelaafi sirri walqabatee adeemuu hawaasa keessatti tursiisuuf kan gargaaru ta’uudha.

## 2.3 Dameewwaan Fookloorii

Fooklooriin karaa adda addaatiin wanta inni ofkeessatti hammatuun hiika argataa ture.Osoo Dorson.(1972). damee fookloorii qoqqoodiin dura Dundes (1965). Fooklooriin wantoota hammatu kan jedhu tarreesse.

> *Myths,Legend,Folktales,Jokes,Proverbs,Chants,Charms,Blessing,Curses,Oaths,insults,Retorts,Taunts,Teases,Toasts,TongueTwsters,GreatingandFakingfirmulas(eg .see you,later,alligator) It also includes folk costume, folk dance,folk drama(and mime) folkart,folk belief(or superstition),folk medicine,folk instrumental,folk music,(eg.fiddle tunes)folk songs(eg.lullabies,ballads),folk speech(eg.slang),folk similies(eg. As blind as bat),folk metaphors(eg,topain the town red) folk poetry ranges from oral epics to autograph book verse, epitaps,etc.*

Tarreeffamni Dundes kun baay'ee dheeraa tahuus qabiyyee fookloorii keessaa akka (an itemized list of genres) irratti xiyyeeffata.

Dorson.(1972), immoo"Aadaa hundaaf tarreessun rokkiisaa dha kanaafu, dhimmoota walfakkeenya qaban gamteessuu dha jechuun Dameewwaan(Karrawwaan fookloorii) karaa ittiin gara giddu galaa ga'amuu danda'uuf bakka afurtii qooduun ilaala Isaaniis:Afoola(ogafaan),MeeshaaleeAadaa,DuudhaaHawaasafiArtiiDuudhadha.Qoqqoo dinsi Dorsan kun Meeshaalee Aadaa ittiin ilaaluuf waan toluuf filatamadha.

Finnegan R.(1992). "Akaakuu fookloorii kan kaa'uu dandeenyu akkataa tajaajila wal fakkeenya qabachuu danda'uun kaa'uu qabna. Kuniis:bifa 'stylisti or formal features,subject matter, occasion, role and context: when and way, performance characteristics, local terminologies and taxonomies and specifc of time, place and enveroment." Yaanni kuniis fookloorii haala, Qabiiyyee, yoomeessa, haala gochaafi gochaan, haala naannoo, iddoofi k.k.f. irratti xiyyeeffachuun fookloorii gosoota adda addaatti qooduu dandeenya kan jedhu ibsiti. Dameewwan fookloorii Hayyoonni adda addaa qoqqoodan kanneen keessa kan Dorson.(1972).gooroo afurtti qoode keessa meeshaalee Aadaa kan jedhuutu mata duree qorattuu kana waliin kan adeemsiisamu dha. Dameewwaan fookloorii akka armaan gadiitti tokko tokkon ibsameera.

### 2.3.1 Afoola(og-afaan)

Akka seenaan adda addaa ibsuti Dhalli nama gaafuuma jiruufi jireenya eegale Afoolatiis fayyadamuu jalabe jedhu.Keessattu biyyoonni ogumma barreeffamatiin hin guddanne Quuqqa keessa isaa kan ittiin ibsacha kan turaan afoolaan ta'uu hayyoonni adda addaa ni ibsu.Afoolli dubbii afaaniin yeedalloon kennamee fi yookaan otoo hin kennamiin kalaqaa fi ogumma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti xiyyeeffatudha.Haala kanaan aadaa, duudha, safuu,seenaa,eenyuumma hawaasa,ogummaa fi jireenya hawaasa guyya guyyaan ibsuuf humna gudda qaba.Bukeenyaan.(1994:85) akka ibsuutti "oral literature is the heart of a people's way of life.It is the very soul of their culture.As the reservoir of values.It expresses agiven societys's world view and gives them aspring bound from which their day to day existence is propelled"jechuun ibsa.Kuniis, afoolli handhuura haala jireenya hawaasati.Afoolli aadaa isaaniitiif akka kuusa jireenya isaanii kan guyya guyyaatiif ka'umsa ta'ee tajaajila kan jedhudha.

Afoolli kalaqa dhala namaa ta'ee kan afaaniin dhaloota irra dhalootatti darbu dha.Akkasumaas, fookloориin ogafaan kan ofkeessatti haamatu ta'uu isaa yaada kana Waterman(1949:1) "Aform of art comprising different types of stories proverbs, saying,spells,songs,in cantations and other formulas which employ spoken language as their medium"Akka yaada kanatti afoolli akaakuulee artii kannen akka durdurii,hibbo,mammaaksa, sirba fi k.k.f.jechoota humna ciimaa qabaniifi afaan dubbiitti fayyadamuun dha.Akkasumaas,ogummaa dubbii afaanitti gargaaramuun bifa yeedallo qabuufi bifa miira nama qirqiissuu danda'uun ogumma dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeeffatuudha.Kanaaf, gosoota afoola keessa kan meeshaalee aadaa kaneen waliin qaacceeffamaan: Mammaaksa, jechama, wallee, sirbafi eebbaadha.

### 2.3.2 Artii Duudha

Artii duudha sochii qaama hawaasa,gosa artii hawaasa keessa isa tokko ta'ee ogummaan isaa sochii sochii qaaman kan mul'atuu dha.Akkuma gosa afoola biroo artiin duudha sochii qaama hawaasa jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaaf bifa ogummaan guutame muuxannoo yeroo dheeraa shaakaluu irra kan argamudha.Taaddasaan.(2016:29).

Fedhasaa.(2001:36).Wabeeffachuun " Gosti artii kun qaama keenya keessa kutaa qaamaa keessa harkaan,miilaan,mataa,mudhii,morma fi k.k.f. keessaa gara caalu sochoosuun kan rawwatamuu dha.Artii duudha kuniis gosoota adda addaa of keessatti qaba.Isaaniis: diramaa hawaasa, shubbisa hawaasa,shaggooyye,do'iifi dalagaa adda addaa keessatti gocha sochii waliin wal qabatedha." Jechuun ibsa.

### 2.3.3 Duudha Hawaasa

Duudhaan hawaasa meeshaalee aadaa waliin baayyee waliitti dhiyaata.Dorson.(1972:3). akka ibsuttu "Duudhaan hawaasa gochaafi ogumma dhuunfaatirra xiyyeeffanna kan itti godhu hariiroo yookiin walitti dhufeenya garee irratti dha.Duudhaan hawaasa uummata keessatti umurii kan lakkoofsiise fi hawaasani hundi kan ittiin waligaludha." jedha.Duudha hawaasa kana jalatti kan of keessatti hamatuus:kabaja ayyanaa,Qoricha aadaa,Tapha aadaa,Waaqeeffannafi Guddina sadarkaa kuniis Dhanna qabaa, sirna gadaa(rites of passage)dha.

### 2.3.4 Meeshaa Aadaa

Meeshaaleen aadaa dandeetti ogummaa agarsiisuuf jecha kan hojjatamu wantoota ijaan mul'ataniifi harkaan qabamuu kan danda'an ta'e ergaafi faayidaa mataa isaa danda'ee kan qabu dha.Meeshaa aadaa ilaalchise Martha yoo ibsitu:

> *Material folklore takes a number of different forms, some of it permanent such architectural structures or functional tools and some of it ephemeral such as food,body painting or paper or naments permanent or not material culture has in common that it is tangible can be touched seen eaten orlived in.In many cases these material objects are hand arted,but they also may be mass produced items that are used in expressive way's such as holiday decorations or toys or arti facts(Martha and Sims.1963:16)*

Akka yaada kanatti meeshaalee aadaa kan fooklooriin of keessaatti qabatu unka adda addaan kan argamudha.Meeshaaleen yeroo dheeraaf tureefi jiraatu kanneen akka meeshaalee bobbooca adda addaa bocuun meeshaalee hojjatamaniidha. Meeshaan kuniis, Meeshaalee nyaataa kan aadaa, Meeshaalee midhaginaa, Meeshaalee aadaa uffanni itiin dha'amuufi k.k.f hawaasni beekumsa ogumma kalaqqii harka kan ta'e erga adda addaa

kan ibsuu eenyummaa, duudha fi haala jiruufi jireenya kan mataa isaa danda'e kan qabu dha.

#### 2.3.4.1 Maalummaa Meeshaalee Aadaa

Hawaasni kamuu aadaa mata isaa qaba.Gosoota aadaa keessa meeshaaleen aadaa dhalli nama jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamuun eenyummaa hawaasa sana ibsuu irratti bakka ol-aanaa kan qabudha. Henry Glassie.(1999:40).maalumma meeshaalee aadaa yoo ibsu "Material culture is conventional name for the tangible yield of human conduct"jedha.Akka ibsa kana irra hubatamuu danda'uutti meeshaaleen aadaa maqaa wanta qabatama amala dhala namaa waliin wal qabatudha.Meeshaaleen kun meeshaalee harka namatiin karaa ammayyoomeen osoo hin ta'iin ogummaa namootaatiin bifa aadaatiin kan dalagamuun kan dhimma itti ba'a turan fi akkasumaas kan itti ba'aa jiraniidha.

Qorannoo kana keessatti gosoonni fookloorii haakaafaman malee xiyyeeffannoo guddaa yookiin immoo mata duree qorannichaa kan ta'e meeshaalee aadaati.Meehsaaleen aadaa akkuma gosoota fookloorii kawwanii eenyumma uummata tokkoo ibsuu irratti iddoo ol-aanaa qaba. Fiqadee Azazee .(1991:15), Dorson wabeeffachuun meeshaaleen aadaa dameelee xixiqqaa armaan gadii of jalatti hammata.Isaaniis:Ogumma harkaa,Hojii artii,Ogumma ijaarsaa,Duudha hawaasafi Ogumma nyaata qopheessu faa of keessatti qabata jechuun ibsa.Kuniis kan agarsiisu meeshaaleen aadaa hiika bal'aa ta'e akka qabudha.

#### 2.3.4.2 Ka'umsa Fi Guddina Ogummaa Meeshaalee Aadaa

Akka hayyoonni adda addaa ibsaniiti jalqabni meeshaalee aadaa bara kana jalqabe jechuun baay'ee rakkisa dha.Haata'uu malee,bara durii hawaasni hundustiriin osoo hin dagaagiin dura ogeessonni(ethnographers) kaaba Ameerikaafi Awuroophaa wanta aadaa hojii isaanii keessatti ibsuu kan jalqaban dhuma jaarraa 19$^{ffaa}$ fi jalqaba jaarraa 20$^{ffaa}$ dha.Garuu,dhawaatuma cimaa deemuun baroota 1920-1970 jidduu wanti aadaa qorattoota aadaaf golambaa(museums) biratti iddoo argateeti ture.Akkasumaas,naannoo bara 1980

hayyoonni ‘ Antiropolojifi Arki’olojii’aadaa qorachuu jalatti damee meeshaalee aadaa itti dabaluun qorachuu jalqaban.Meehsaaleen aadaa hawaasa itti fayyadamu biratti faayidaa mata isaa kan qabuu fi eenyumma saba sana kan ibsu ta’uu isaa nama hin shakisiisu.Kanaaf,jalqabni meeshaalee aadaa kanaas yeruma namni hawaasummaan jiraturra qabe ta’usaa mul’isa.Yaaduma kana ilaalchiisee jalqabni meeshaalee aadaa kan qoratamuu jalqabe irra kaase akka armaan gadiitti hayyuun kun ibsa.

> *Since the early 1980$_s$ many archoeologists and anthropologists have called attention to the importance of things in determining culture and have criticized the oblivion to which the material has been subjected.Inrecent years, some of them have insisted that objects are not just important,they have agency as well.They are not passive containers of culture.Thus,chris Gosden has noted that it is not necessarily the mind that imposes its form on material objectes,but very often just the opposite things shape thoughts.(Gosden 2005:196)*

Akka yaada kanatti bara 1980 keessaa hayyoonni Arki’olojiifi Antiiropolojii qalbi isaanii wantoota ijoo aadaa ibsaniif qeeqnii dhufaatii meeshaalee aadaatiif akka mata duree tokkootti qorachuufi wal falmuu jalqabame.Bara durii keessa hanga tokko mata duree kun akka barbaachisa tokkotti sirriitti irratti hin hojjetamne.Qorataan akka Chris Gosden jedhamu meeshaalee aadaa kanatti xiyyeeffannoo sammuu itti gochuun barabaachiisadha. Sababiin isaas wantoonni kallatti nama qabsiisaan nama barsiisan meeshaalee kana irratti argamu waan ta’eefii dha. Akkaasumaas,kaayyoo meeshaa aadaa bu’uura godhachuun akka ogummaa qaama murta’aa tokkotti ilaalamu akka qabu hubachiisa.

### 2.3.4.3 Faayidaa Meeshaaleen Aadaa Hawaasa Keessatti Qabu.

Meeshaaleen aadaa itti gargaaramuun hawaasni tokko beekumsa kalaqqi bu’aa ogummaa isaa karaa adda addaa ibsa.Hawaasni adduunyaa kana hunduu meeshaalee aadaa adda addaa dhimma adda addaaf kan itti fayyadamaniidha.Darajjee Darrasaa.(2008:25). Yeroo ibsu “ Meeshaaleen aadaa kunniin akkuma hawaasicha keessatti bakka ol-aanaa qaban sana hiikni isaaniis hawaasa sana ibsuuf qabaniis akkanuuma ol-aanaadha.Kana malees, haalluun hawaasni meeshaalee aadaafi uffata irratti mul’atu dhimma ykn ergaa adda addaaf itti gargaaramuun hiika mataa isaanii qabu.” Jedhe ibsa.

### 2.3.4.4 Gosoota Meeshaalee Aadaa

Qo’ataan yookiin barataan wanta aadaa tokko beekuu kan barbaadu hawaasni jiruu dabarsee keessaatti akkamitti mana akka ijaarratan, hucuu akka hojjetan(dha’aan), nyaata qopheeffatan,lafa qotan, adamoo adamsaanfi meeshaalee adda addaa kan midhaffataan ta’ee wanta aadaa hawaasa wajjiin bara dheeraaf ture dha.Meeshaan aadaa kun bara qaroomina keessatti immoo mallattoo akkamii akka hambiseefi qunnamtiiisaa jiddu jirus hubachuutu irra eegama. Kanaafuu, gosoonni meeshaalee aadaas: ijaarsa mana,Faayaafi meeshaalee harkaan hojjataman, uffata aadaa, nyaata aadaa, meeshaalee sirbafi k.k.f.dha. Gosoota meeshaalee aadaa kana keessa qoratuun kun mata duree qorannoo ishee waliin kan ilaalamu waa’ee meeshaalee aadaa itti gargaaramuun uffanni aadaa kun akkamitti hojjatamu meeshaan aadaa uffata dha’aniis kan akkamiiti kan jedhu ilaaluuf mata duree uffata aadaa jedhu jalatti ilaalla.

### 2.3.4.5 Uffata Aadaa Meeshaalee Aadaatiin Hojjataman

Uffanni aadaa gosoota meeshaalee aadaa keessa isa tokko ta’ee kan uffanni kun ittiin hojjatamuus meeshaalee aadaa dhaan. Uffata aadaa yeroo jedhamuu huccuu adda addaa fi meeshaalee isaa waliin ilaalam.Akkasumaas, namni gogaa,biqiltuu jirbii, quncee muka, fi k.k.f. irra meeshaalee aadaa harka isaaniitiin bocuun uffata qopheessudhaan uummanni fayyadama turan ammaas fayyadamaa jiru.Meeshaalee aadaa eenyummaa saba tokko ibsuuf bu’aa hedduu akka qabufi jireenya uummata tokko kan mul’isuu danda’uudha. Itti fayyadamni isaas saba sabaatti garagaarumma kan qabudha.Yaaduma kana ilaalchisee Yenee’alem.(2001:88).Akka armaan gadiitti ibsiti.“Meeshaaleen aadaa saayinsii dhimmoolee hawaasummaa, siyaasafi dinaagdee uummata tokkoo karaa meeshaalee ogummaa uummatichaan oomishamanii kan qoratuudha. Namoonni akkuma sadarkaa jireenya isaanii qaama isaanii qorra,aduufi buubbeerra ittisuuf wantoota dhiyoo isaanitti argamaniirraa meeshaalee aadaatti gargaaramuun uffata hojjataa turaniidha.Ammaas hojjetanii itti fayyadamaa jiru.”

Akka yaada kanatti iddoofi haala jireenya namootan meeshaalee aadaa hojjechuuf wantoota oolanitti fayyadamuun hojjatanii dhimma adda addaatiif kan itti fayyadamanii dha.Haaluma kanan kan walqabate meeshaalee aadaa jirbii foo’uufi dha’uuf oolan ilmi

nama teeknolojii ammayyaatiin osoo fayyadamuu hin jalqabaiin dura ogumma beekumsa hawaasatiin haala barbaachiisa ta'een itti fayyadamaniidha.

### 2.3.4.6 Hiika Kuulli Uffata Irratti Bu'uu Qabu

Ummanni Oromoo miidhagina qaama isaanii eeguf meeshaaleen faaya isaan ittifayyadamun cinaatti uffata aadaa halluu hiika qabeessa ta'en bifa adda addaan faayamu kan ittifayyadamaniidha. Keessuttu uffanni haala aadaan yeroo uffanaaf qophaa'uu kuulaa halluu adda addaa qabun faayamee haala hiika qabu irratti kan hunda'uun qophaa'a. Akkasumas, uffanni uffatamuun dura dhadhaa keessa kan cubaanis nijira.Sababni isaas Oromoon looniin qabata akka ta'ee mul'isuuf akka fayyadamani.

Meeshaa Waaqeffannaa Oromoon ittiin malkaa ba'u keessaa tokko uffata aadaa halluu addaa addaan faayamedha. Akka Seera Gadaa Oromootti Alaabaan gadaa halluu bifa sadii kan qabuufi hiikni halluuwwan kunneen qabanis nijira. Kanuma walqabatee Darajjee Darrasaa.(2008:39). Caalaaa Soorii.(2013).fi Biraanuu.(2007). Wabeeffachuun akkas jechuun ibsa "Uffanni namoonni baay'een uffatanis halluu dhuma kanaan faayyamee uffatu. Ayyaantuun dhiiraafi dubartii yoo irreeffatan, yoo dhibaayyuu dhibaafatanii Waaqa kadhatan kuulli uffata isaaniifi kuulli uffata warra waaqeffataafi mallattoon fajjii tokkodha. Innis, gurrchi olaanee, diimaan itti aanee walakkaasaa irratti kan hojjetamu, adiin immoo akka halluu 3[ffaa]tti kan gadi aanudha. Hiikkaan isaas, Gurraachi olaanu bifa Waaqaa kan hundaa olii ta'uusaa agarsiisa." Diimaan bilchinaafi gootummaa kan agarsiisu yoo ta'u, Adiin ga'umsa yookaan fixannoo agarsiisa.

Akka yaada kanatti uffanni uffatamu aadaa sirna gadaa bu'uura godhachuun yoo ta'u, bifa faajjii abbaa gadaa Oromoonirratti hunda'e gubbaa gadi gurraacha, diimaafi adiin hojjetama. Uffanni haala kannan hojjetamus tokko tokkoon halluu isaa hiika mataa isaa danda'e qaba.

## 2.4 Maalummaa Fakkoommii

Fakkoommiin adeemsa wantoota hariiroon walfakkeenya qaban ittiin bakka buufannuu ykn. ibsinuuti. Fakkoommiin hima xinqooqaarraa adda ta'ee adeemsa mallattoo wanta

tokkoo yaadaan wanticha ibsuun bakka bu'adha. Kana ilaalchisee Katz. (1972). akkas jedha.

> *Symboles were a form of meaning that only differed from linguistic meaning by the types of singals it used and if the set of symbol (of a given culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbol in most contexts as one can in language replace most words by a definitions.* Jechuun ibsa.

Yaada kanarraa kan hubatamu, fakkoommiin unka hiika xinqooqaarra adda ta'e adeemsa mallattootiin kan taa'udha. Kan mallattoodhaan bakka bu'u ammoo tooftaadhaan walitti fiduu yaada afaaniin kan bakka bu'u fakkaattiin ibsuudha. Fakkoommiin yaada cimdii qabatee dhiyaata. Kunis mallattoofi ibsa isaati. Kana jechuun, fakkoommiin wanta cimdii qabatee dhiyaate caasaa fakkoommiichaaf hiika kan kennu ta'uudha. Akkuma faayidaa isaanii gosoonni fakkoommii hedduudha. Isaan keessaa,

**Fakkoommii Mallatoon Argaman**

Fakkoommiin mallattoon taa'an adeemsa mallattoo taa'aniin wanta itti fakkeeffaman sana waliin hariiroo kan qabanidha. Wanti mallattoon taa'u kun kan ragaa qabatamaan mul'chuu qabudha. Yaada kan Levi-Straves. (1966:64). akkas jechuun ibsa, " Concerning symbolic relationship, that they may 'based on contiguity' or 'on resemblance they may be 'sensible' or 'intelligeble' near or far 'syncronic' or 'diacronic' 'static'or 'dynamic'." jechuun ibseera. Yaada kanarraa kan hubannu, hariiroon fakkoommii kan bu'uureeffatu idileen bakka bu'uu fakkoommiichaa madaaluu danda'uu, miira fakkoommiichaa kan qabu ta'uufi al qabatamaa ta'uu danda'a. Walitti dhuuffeenya qabaachuufi dhabaachuu ykn. jijjiiramaa ta'uudhaan yaadicha kan bakka bu'u jechuudha. Kanaaf fakkoommiin mallattooon argamu tokko wanta dhiyaate sana guutuummmaa guutuutti qabatamaa jiruun wal qabachuu qaba kan jedhudha

## 2.5 Yaaxina Qorannichaa

Qabxiin sakatta'a baruu walfakkii kana jalatti ka'u malu keessaa inni tokko yaaxinaalee qorannoodha. Yaada kana ilaachise, Addunyaan.(2011: 58). Hayyuu Zoltan.(2005:255). Wabeeffachuun yaada yaaxina fookloorii ilaalchisee yommuu ibsu " Sakatta'a baruu jalatti qabxiin dhiyaachuu yaaxina (theory) qorannaan sun irratti bu'ureeffamuudha. Dimmi kun immoo karaa biraatiin qorannichaaf dalla ijaaruudha. Kuniis, qorataan

fookloorii tokko mata duree qorannoo isaaf yaaxina sirri bu'uura qorannoo isaaf mijatu hin beeku taanaan qorannoon gaggeeffame firii gaarii argamsiisuu hin danda'u. Haaluma kanaan,Kaayyoon qoranno kana immoo adeemsa arbii dha'uu irratti waan ta'eef, qabatamaan bu'aa gaariin akka galmaa'u gochuuf yaaxina armaan gadiirratti xiyyeeffachuun gaggeeffameera.

### 2.5.1 Yaaxina Faayidaa (Functional Theory)

Dorson.R.(1972: 22-24).Akka ibsutti yaaxinni kun fooklooriin faayidaan inni uummataaf qabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha. Yaada jedhutu ol-aantuummaan mul'ata. Yaaxinni Kuniis, aadaan hawaasaa kan hawaasichaan raawwatamu maaliif akka isaan gargaarufi tajaajila akkamiif akka inni oolu kan xiinxaalamuudha.Kuniis, hawaasa barsiisuu, aadaa kunuunsuu, jijjiirrama amala fiduu, tokkummaa hawaasa cimsuufi k.k.f. akka fayyadu ilaalamu qaba.Kan jedhu ibsa.

Akkasumaas, Hayyuun Bascom.(1992:175).yeroo ibsu qorataan yaaxina faayidaatti kan gargaaramu yoo ta'e aadaa hawaasa keessatti baratame tokko akka ijaarsa kalaqqatti hawaasa kan tajaajilufi gidda galeessummadhaan aadaan akka ijaarramuufi faayidaan aadaan hawaasa keessatti qabu gadi fageenyaan haala saayinsaawa ta'een kan ibsamuufi tajaajila hawaasa keessatti qabu kan xiinxalamuu qabudha. Jechuun ibsa.

### 2.5.2 Yaaxina Aadaa Hawaasa( Folk-Cultural Theory)

Dorson.R .(1972:40-41). Kaayyon fooklooriisti kanaas,qorattoota kana keessatti aadaan hawaasa akka cimu taasisaadha. Kanaaf, aadaan jiruufi jireenya dhala namaa waliin kan walitti hidhatedha. "  The folk culture is both fildworker and theorist, and amodern study of material culture might include the detailed description and ordering of field data " yaada kana irra wanti hubatamu namni qorannoo fookloorii irratti adeemsiisu tokko aadaa hawaasa keessatti kan qorachuu qabu hojii dirreefi meeshaa aadaa irratti xiyyeeffachuun waa'ee hojii dirreefi meeshaa aadaa sanarra waan ragaan argame gadii fageenyaan xinxaaluun hiika kan itti kennamu qabuufi duraa duubaan kan qinda'uu qabudhadha. Kuniis, kalaqqii hawaasa tokko, duudha,aadaa, xiinsammuu hawaasicha,

qabeenya uummamaafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba. Yaada jedhu nutti agarsiisa.

Walumagalatti, mata duree "Qaacceessa Meeshaalee Aadaa Jirbii Foo'uufi Arbii Dha'uuf Oolan kan Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat" qorachuuf yaaxina kanatu barbaachisadha jedhamee wanti adda bahe dhabamuus, qorattuun kuniis yaaxinaalee garaagaraa jiran keessa isaan armaan olitti ibsaman mata duree qorrannoo kanaan walitti dhiyyeenya qabu jette filachuun itti gargaarramteeti.

## 2.6 Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii

Qorannowwan qorannoo kana waliin amma tokko waliitti dhiyeenya bakkatti qabanfi garaagarummaa jiru adda baasuun kutaa kana jalatti kan ibsamudha. Kuniis, qorranno kan gaggeesse eenyuu, bara itti gaggeeffame,eessatti akka gaggeeffame,ciminaafi walitti dhuufeenya qorannoo qorattuun kun gaggeessitu waliin qaban akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

- Daraartu Baay'isaa. (2006).A.A.U. "Qaacceessa hojii meeshaalee aadaa gogaa, Sibiilaafi Suphee irraa hojjetaman kan Aanaa Horrooti" Qorannoon kun guuttannaa gamisaan digrii lammaffatiif kan dhiyyatedha. Walfakkeenyi qorannoo lachuu meeshaalee aadaa kalaqqii fi beekumsa hawaasni takko qabu qorachuufi afoola meeshaalee aadaa sana duukaa  hawaasichi itti fayyadamufi kayyoon ijoo qorannoo kanaas, meeshaaleen aadaa qoratte sanarratti meeshaaleen sunniin akkamitti akka hojjatame, maaliirra akka hojjatame, eenyuun akka hojjatme, maaliin akka hojjatame haala gaariin ibsameera. Kana malees, malli ragaan ittiin funaannatees, af-gaaffiifi daawwannatti gargaaramuun walfakkii kan agarsiisudha. Garaagarummaan qoranno kanaas, haalli itti qaacceeffama ragaaleefi yoomeessi meeshaalee kunniinii gargaarumma mul'isa. Akkasumaas, yoomeessii qorannoon kun keessatti gaggeeffame yoomeessa qarannoo koo waliin tokko miti.

- Abdii Ismaa'il.(2007).A.A.U. "Xiinxala meeshaalee aadaa oromoo Arsii Godambaa Siidaa Wareegamtoota Aanoolee keessatti argama" jedhu waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guutachurratti kan hojjetame yoo tahu, kaayyoon ijoo

qorannoo kanaa meeshaalee aadaa galmicha keessatti argaman gosa gosaan qooduudhaan tajaajila, yoomeessa, fakkoommi, afoola ittiin walqabatan xiinxaluun ibsa. Akka waliigalaattiis meeshaaleen aadaa Godambicha keessatti walitti qabamaan gosa gosaan kan hin qoodamneefi faayidaan fakkoommiin, yoomeessi, afoolli isaan waliin wal qabatan kan hin ibsamne ta'uu fi dhaloota haaraayaatiin salphaatti kan irraaffatamu danda'uu ta'uu isaa akka argannoo qorannoo kanaatti kaa'ameera.Tokkummaan qorannoo kana wajiin qabu keessa inni ijoon damee fookloorii keessaa gosa meeshaalee aadaa irratti xiyyeeffatu fi afoola meeshaalee aadaa waliin jedhamuu qorachuun ijoo dha. Akkasumaas, wanti adda isa taasisu qorrannoon kun qorannoon qorattu kana immoo Meeshaalee Aadaa Jirbii Foo'uu fi Arbii Dha'uuf Oolan irratti xiyyeeffata.

- Buzunash Caachisaa.(2009).A.A.U. mata duree "Qaacceessa Meeshaalee Aadaa Buqqee Hadhaa'aa, Migiraa fi Supheerraa hojjeetaman kan Godina Shawaa lixaa aanaa iluu galaan" jedhu waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guutachuurratti kan hojjetame yoo tahu, kaayyoon ijoon qorannoo kana meeshaalee aadaa beekumsa hawaasa oromoo wantoota naannoo isaanirra bocuun kan kalaqaan kana dhalootaaf funaanuun ka'uu yoo ta'uu akkasumaas,fakkoomii,afoolafi,meeshaalee aadaa kana waliin jedhamufi bu'aa meeshalee aadaa hawaasicha keessatti qabu ibsu.Tokkummaan qorannoo kan wajjiin wal fakkatu damee fookiiloorii keessa gosa meeshaalee aadaa irratti xiyyeeffatu ta'ee afoola meeshaalee aadaa kanneen duuka jedhaman fi ilaalchi ogeeyyiin kun hawaasicha keessatti qabu xiinxaluu dha.Wanti qoranno kanneen adda taasiisu yoommeessa qorrannoon kun itti gaggeeffame yoomeessa qorannoo koo waliin tokko miti.
- **ሔለን አላምረው** (1999) **አ.አ. ዩኒቨርሲቲ** "**ባህላዊ ሽመናና የቆዳ ስራ በደምበጫና አካባቢ.ዋ** Gamiisaan guuttannaa digrii lammaaffa kan dhiyaateedha. Tokkummaan qorannoo kana goroowwaan fookiloorii keessa meeshaalee aadaafi waa'ee "**ሽመና**" (Arbii) dha'uu irratti kan xiyyeeffatudha. Akkasumaas,malli ragaan itti qaacceeffame mala akkamtaattii gargaarramuun tokkumma kan agarsiisu yoo ta'uu. Garaagarummaan qoranno kana afaanfi sabni qoranoo koo keessatti gaggeeffamefi kan qorannoon ishee keessatti gaggeeffame tokko miti.

Kana malees, Yoomeessi qorannoo ishee yoomeessa qoranno koo waliin tokko miti.

- **ላመስግነው ባሳዝነው** (1978) "**የቋንቋ አጠቃቀም በእድገት ጥጥ ፋብሪካ ሰርቶአደሮች ዘንድ**" jedhu waraqaa qorannoo digrii lammaffaa guutachurratti kan hojjetame yoo ta'u, Kaayyoon qorannoo kana haala itti fayyadama jechoota faabirkaa jirbii keessatti jechoota jedhamaan yoo ta'uu. Tokkummaan isaa waa'ee maalummaa jirbii fi jechoota ogeeyyii kanaan hawaasa keessatti jedhaman yookiin kan hamilee isaanii jajjabeessu yookiin kan qancarsuu irratti yoo ta'uu.Garagaarummaan isaa garuu,Haala itti fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatedha. Kan qarattuu kana immoo haala itti fayyadama meeshaaleen aadaa kun hawaasa keessatti qabudha.Kana malees, yoomeessi qoranno, afaan qorannoofi sabni qorannoon kun irratti gaggeeffame yoomeessa, sabafi afaan ani irratti gaggeesse wajjiin tokko miti.
- **መሰረት ብርሃኔ** (2003) **አ.አ ዩኒቨርሲቲ** "**ሽመናና የአንጣረኝነት በጃንሜራ**" Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa guutachu irratti kan hojjetame yoo ta'u.Kayyoon qorannoo kana hojii Arbii dha'uu irratti xiyyeeffata akkasumaas mala ragaa itti funanuuf mala dawwannoo, afgaaffiifi marii gareetti fayyadamuun qorannoon isaa akka cimu taasiseera.Takkumaan qorannoo kana waa'ee Arbii dha'uu irratti yoo ta'uu. Garagaarummaan garuu,Afaniifi yoomeessa qorannoon koo itti gaggeeffame waliin tokko miti.
- **ብርሃኔ ትንሳኤ** (1963) "**በሽማኔና የማዕድ ቤት እቃዎች**" Waraqaa digrii lammaffa guutachu irratti kan hojjetame yoo ta'u, Kaayyoo qorannoo kana meeshaalee Arbii dha'uufi meeshaalee mana keessa ta'ee meeshaa nyaata irratti kan xiyyeeffachuun kan gaggeeffamedha.Tokkummaan qorannoo kana damee fookloorii keessa meeshaalee aadaa irratti hojjachuunfi malleen ragaan ittiin funaannamaniis af-gaaffii, daawwannatti gargaarramuun cimina kan agarsiisudha. Garaagarummaan isaa meeshaalee aadaa mana keessa irratti xiyyeeffachuu dha.Kana malees,yoomeessafi afaan qorannoon kun itti gaggeeffame yoomeessafi afaan qorannoon koo itti gaggeeffame waliin tokko miti.

- ድሪባ ተረፈ(1993) “የግንደበረት ኦሮሞዎች ከብቶቻቸዉ የሚያሞግሱበት የቃላዊ ግጥም፣ ትንተና” አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፡፡

  Wargaa digrii tokkoffaa guutachuu irratti kan hojjatame yoo ta’u, kaayyoon qorannoo kanaas, faaruu loonii aanaa gindabaratti irratti kan xiyyeeffatudha. Walfakkiin qoranno kana fookloorii irratti gaggeeffamuunfi yoomeessa qorannoo kanaafi yoomeessi qorannoo kooti tokkodha. Garagaarummaan qorannoo kanaas,faaruu looniirratti kan xiyyeeffatu yoo ta’uu qorannoon kan koo immo meeshaalee aadaa irratti kan xiyyeeffatudha.

- Taarkuu Wayyeessaa.(2016). “ Qaacceessa Sirna Ekerdubbistuu Godina Shawaa Lixa Aanaa Gindabarat” waraqaa digrii lammaffa guutachuu irratti kan hojjetame yoo ta’u.Malli ittiin raga funaannate:Af-gaaffii, Daawwannafi Marii gareetti gargaarramuun kan qaacceesse yoo ta’uu qorattuun kuniis malleenuma kaneenitti gargaarramuun raga kan qacceesitedha.Kanamalees, yoomeessi qorannoo kanafi yoomeessi qorannoo kootti tokkodha.Garaagrummaan qorannoo kana xiinxala waa’ee Ekerdubbistuu irratti kan gaggeeffame yoo ta’uu qorannoon kan koo immoo qaacceessa meeshaalee aadaa irratti kan xiyyeeffatudha.

# Boqonnaa Sadi

## Malleen Qorannichaa

Boqonna kana keessatti tooftaalee qorannichaa fi wantoota mala qorannicha waliin kan walsimatan ni ibsamu. Qorattuuniis, qorannoo gaggeessiitu keessatti malleen kam kam faa? Yoo filatte qorannoo ishee keessatti kan dhimma itti baatu mala qorannoo adda addaa dha.Isaniis: mala filannoo iddattoo, mala odeeffannoon ittiin funaaman,mala meeshaalee ragaan ittiin funaanaman,namuusa ogummaa,qindoomina(ijaarsa) qorannoo fi mala ragaan ittiin qaacceeffamu fi k.k.f of keessatti haamata.Wantoonni armaan oliitti ibsaman kuniis tokko tokkoon armaan gadiitti ibsamaniru.

### 3.1 Ijaarsa Qorannicha

Ijaarsi qorannoo bifa hedduu qaba. Kanaafuu, qorannoo tokko gaggeessuuf, qorannichi bifa akkamiitiin ijaaramu yookiin qinda'uu qaba jedhame dursa adda baafachuun barbaachisaadha. Kana hin taane yoo ta'ee adeemsi qoranicha kallatti dhabuu danda'aa Kanaafuu,Addunyaa Barkeessaa.(2011:63).Cohen, Manion and Morrison.(2005). Wabeeffachuun " Research design is governed by the notion of fitness for purpose. The purposes of the research determine the methodology and design of the research." Yaada warabii kana irra wanti hubannu; Mala qorannoo kana ilaalchise qorannoon tokko haala ibsurratti xiyyeeffata yoo ta'ee ijaarsi qorannoo kana gosa qorannoo Addeessaa (Descriptive research) ta'ee dhugaa hawaasa keessa jiru kan ibsu (Qualitative descriptive) ta'a. Kanaafuu, qorattuun kuniis mata duree meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi Arbii dha'uuf oolan keessatti meeshaaleen aadaa kun; maalirra akka hojjatame, eenyuun akka hojjatame, akkamiitti akka hojjatameefi faayidaa meeshaaleen hawaasa keessatti qabu adda baasuun dhugaa hawaasicha keessa jiru ifa baasuun kan ibsamu ta'a kuniis raga argame jechaan qaacceessufi ibsuun waan ta'eef haalli ijaarsi qorannoo kana irratti hunda'uun ragaa argame dhugaa hawaasicha keessa jiru ibsuun qaacceeffameera.

### 3.2 Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo jechuun bakka gaaffilee qorannootiif barbadame kallattiidhaan kan irra argamuu danda'uudha. Dastaan (2013:107) yoo ibsu, "Odeeffanoon kan argamu kaayyoo mataasa qaba. Qorannoo keenya irratti hundoofne Namarra,Naannoo irra, Hambaarra, Meeshaalee hawaasni itti gargaarramuurra ta'uu danda'a" Kuniis, waan qorachuu barbaadde sana kallattiin eenyuurra argachuu danda'a jedhamee kan tilmaamamuu yoo ta'uu maddi odeeffannoo qorannoo kanaas namoota ogeeyyii jirbii fo'uufi Arbii dha'an adeemsa itti hojjacha jiran kan itti gargaarama turanfi itti gargaarrama jiran akkasumaas,Manguddoo Aanicha irra kan argamu waan ta'eef manguddoofiogeeyyii arbii dha'aan maddi ragaa tokkoffa godhachuun ragaa isaanirra argame irratti hunda'uun qaacceeffameera..

### 3.3 Mala Qorannichaa

Malleen qorannoo adda addaa akka jiran hayyoonni ragaa ba'u. Dastaan.(2013:29). Akkaas,jechuu ibsa."Haala odeeffannoon ittiin funaannamuufi odeeffannoon funaanname sun haala ibsamurratti hundoofne qorannoo bakka lamatti qoodama.kuniis, mala qorannoo akkamtaafi mala qorannoo hamamtaadha." Kanaafuu, qorattuun kun Malleen qorannoo keessaa mala qorannoo akkamtaa mata duree qorannoo gaggeesitu irratti hunda'uun filatteetti.

**Mala Qorannoo Akkamtaa**

Malli qorannoo akkamtaa mala qorannoo aadaa hawaasa (Ethnographic Research) irrattiwaan xiyyeeffatuuf malli qorannoo kun kuufama beekumsa uummata (Cumulative wisdom of the people),falaasama isaa gochoota taateewwan adda addaafi asi dhufteewwaan meeshaalee aadaa hawaasa gadifageenyaan qorachuuf ga'ee olaanaa qaba.Akkasumaas, argannoof haala mijeessuurratti xiyyeeffata. Adduunyaan (2011:60) Hayyoota (Tim 2002;Sigh 2007) wal duraa duubaan wabeeffachuun " Malli akkamtaa mala qorannoo aadaa hawaasa(EthnographicResearch)irratti xiyyeeffatu dha.Kuniis,haala jiruufi jireenya hawaasicha yookiin amala, dalagaa hawaasichaa maal akka ta'e kan ittiin xiinxalamu dha. Dhimmi kanas,gaaffii akkamitti? Jedhu kaasuun bal'inaan qorachuuf

haala mijeessa” jedha. Dastaa(2013:29-30) “Adeemsi mala qorannoo akkamtaa mala barama ta’e kan hordofuu ta’a kuniis: Dawwaanna→Waan dawwataan galmeesu→Waan galmeessan haala gaariidhaan ibsuu dha. Adeemsi kuniis, jalqabaa kaasee akkamitti mata duree qorannoo filachuu irra eegalee hanga odeeffanno qaacceessufi ibsuutti maaltu akka ta’ee kan agarsiisu dha. Malli kun mala qorannoo sadii of keessatti kan hamatedha.Kuniis:mala qorannoo aadaa hawaasa irratti xiyeeffate,mala qorannoo addeessa fi mala qorannoo addee dha” jedha.Kanaafuu, qorattuun kun adeemsi qoranno ishee mala qorannoo akkamtaa ta’ee qorannoo adeemsa arbii dha’uu irratti xiyyeeffata waan ta’eef mala qoranno akkamtattiin kan adeemsiifamu ta’a.Waa’ee qoranno aadaa hawaasa irratti xiyyeeffatu (Ethnographic Research) Dastaan(2013:31) akka ibsuti “Aadaa hawaasa murtaa’ee bakkuma jirutti kan ibsu dha.Qorataaniis hawaasa keessa kallatiin deemee dhimma irratti kayyeeffate sana gadi fageenyaan qorate ibsitti.

### 3.4 Mala Iddattoo

Dastaa (2013:132) Tochim(2006) Wabeeffachuun akka ibsetti Iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookiin qaamoota jamaa sana keessa namoota muraasa fudhachuun itti fayyadamuudha. Qorannoo gaggeessuuf yeroo kaanu mata duree filachuu,barrulee sakatta’uu dabalatee kaayyoo qoranuuf qabachuun akkuma jiru eenyurratti eenyuurra kan jedhuus gaaffii laayyoo miti.Gaaffii kun immo naannawwa qoranicha irratti gaggeessinu (population) fi naannawaa sana keessaa kan irratti daageeffanu,iddattoo keenya akka daangeeffanuuf karaa bana.Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannodhaaf taasisnudha.

Gosoota Iddattoo adda addaa akka jiru hayyoonni garagaaraa ni ibsu.Haata’uu malee,Dastaa(2013:132);Addunyaa(2011:65) akka ibsanitti “ iddattoo bakka lamatti qoonnee ilaaluu dandeenya:mala iddattoo carraa(Probability Sampling),Mala iddattoo miti carraa(nonprobability sampling),yeroo tokko tokko immo mala iddattoo wal makaatti(mixed sampling) jedhamaniiqoodamu” jechuudhaan yaada isaanii ibsu.Kanaafu, qorqttuun kuniis mata duree qorannoo ishee kana kan galma naaf ga’uu danda’aa kan jettu gosoota iddattoo keessa mala iddattoo miti carraatti gargaaramuun kan adeemsiitu

ta’a.Sababiin mala kana filatteefiis adeeffannoo qorannoo ishee namoota irra argachuu dandeessuu kan ofiisheetiif filattee kan kawwattedha.

### 3.4.1 Iddattoo Miti Carraa

Akkuma maqaa isaa irra hubannu iddattoon kun iddattoo miti carraa ta’uu isaa agarsiisa.Kuniis,raga tokko nama irraa fudhachuuf odeeffannoo kennitoonni kan filatamaan carradhaan miti.Mala odeeffataan itti filatamuus: Dawson (2006:76) yoo ibsu “Non probability techniques can not be used to make generalizations about the whole population” jedha.Yaanni kuniis, filannoon odeeffataas kan gaggeeffamu kaayyoorrati hundaa’uun(purposive sampling) fi darbaa dabarsaatti (snowball sampling) kan jedhamaan dha.Kanaafuu, qorattuun kuniis gosoota iddattoo keessa iddattoo miti carraa ta’eetu iddatteessu akkayyoo (itti yaade)fi iddateessuu darbaa dabarsaa(Eerummaa) itti gargaaramuun qorqnnoo ishee ittiin qaacceessiteeti.

#### 3.4.1.1 Mala Iddateessuu Akkaayyoo

Qorannoo akkamtaa keessatti mala kana iddatteeffachuun kan barbaadame odeeffannoo funaanuuf odeeffanno kennitoota itti yaadamamanii kan filataman yoo ta’uu qorattuun kun kan kanaan dura beektu ogeeyyii jirbii foo’aanfi arbii dha’aan kan qorannoo kana galmaan naaf ga’uu danda’uu jette itti yaaduun kan filatamaan ogeeyyii jirbii foo’aan(6)fi ogeeyyii arbii dha’aan(5) akka kaayyoo mata duree qorannoo kanatti ragaa odeeffannoo kennitoota filatte kana irra funaanuun qaacceessitetti.

#### 3.4.1.2 Mala Iddatteessuu Darba Dabarsaa

Malli iddattoo kana gosoota iddattoo miti carraa keessa isa tokko ta’ee hirmaattota eeramaan keessa odeeffannoo kennitoonni guutummaan guututti dhimma gaaffatamaan argachuuf mala darba dabarsaa itti kan gargaaramu ta’a.Dastaan.(2013:136) “… is aspecial non probability method used when the desired sample characteristic is rare” yaada kana irra wanti hubanu malli kun yeroo odeef-kennitoota argachuun rakkisaa ta’eetti kan itti fayyadamnudha.Kanaaf,ogeessa tokko biraa meeshaan aadaa kun dhabamuu danda’a yeroo kana abalu bira yookiin abaluun gaaffadhu akkasumaas, abalutu anarra beeka kan jedhamuun darbaa dabarsaa dhaan qoratamuu danda’a. Kanaafuu,

qorattuun kun meehsaalee aadaa jirbii foo’uufi arbii dha’uuf oolan qaacceessuuf mala iddattoo darba dabarsaa kan filatteef meeshaaleen aadaa kun bakka tokkoti kan hin argamne yoo ta’ee meeshaan kun immoo akkamiitti akka hojjatame,eenyuun akka hojjatame,maalirraa akka hojjatame adda baasuuf mala kanatti gargaaramun Ogeeyyiin akka kaayyootti filatamaan amma beekumsa isaanii natti himaniiru .Odeef-kennitoonni kun immo namoota odeeffannoo naaf kennaan kan biro naaf eeraniiru. Kanaafuu, Iddattoon qoranno kana itti yaadameefi kan namoonni eeraniirra ka’uun ragaan barbaaddame argameera.

### 3.5 Mala Odeeffannoowwan Ittiin Funaannaman

Meehsaaleen funaansa odeeffannoo qorannoo kana gaggeessuuf qorattuun kun mala ragaan ittiin funaannamaan keessaa odeeffannoo ga’aa ta’ee ittiin argachuu nagargaara jette malleen jiran keessaa: Af-gaaffii, Daawwannaafi Marii gareetti dhimma itti ba’uun ragaaleen qorannoo kanaa funaannamaniiru.

#### 3.5.1 Af-gaaffii

Af-gaaffiin jechuun kan gaafataa fi gaafatamaa gidduutti adeemsiisamu ta’ee waan hin galleef tokko gaafachuun kan hubatu dha.Af-gaafiin namoota barataniis ta’ee kan hin barannees kan hirmaachisu dha. Dastaan(2013:11) akka ibsuutti “Af-gaaffiin gosoota odeeffannoon ittiin funaanamu keessa isa tokko ta’ee kan qorataa fi odeeffannoo kennani (Informant) fuulleetti wal arganii odeeffannoo waliif kennanii dha. Odeeffanoon af-gaaffiidhaan funaannamu wanti gaarii taasiisu qorataan gaaffii isaa sirritti ifa godhee akka ibsuutti odeef-kennaan/tuun sirritti ifa godhanii gaaffachuu isatti” Jechuun ibseera. Qorannoo kana irratti gaaffileen af-gaaffiif qopha’aanii dhiyaatan gaaffii banaafi cufaan kan dhiyaatedha. Kanaafuu,qorattuun kun muuxannoo hawaasichi qabu kan ijaan argan, kan gurraan dhaga’aan,kan harkaan qaqqabataniifik.k.f.kallatti qorannoo ishee ilaalchisee ragaa jiru af-gaaffii meeshaalee aadaa jirbii foo’uufi arbii dha’uuf aalan akkamitti akka hojjatamu, eenyuun akka hojjatamu, yoomeessa, hiika kuulli uffata irratti bu’uu hiika inni hawaasa keessatti qabufi afoola meeshaalee kanneen duuka jedhamu af-gaaffiitti gargaaramuun ragaa argatteti fayyadamuun raga ishee qaacceessiteetti.

### 3.5.2 Dawwannaa

Qorannoo fookloorii keessatti daawwannaan bakka ol-aanaa qaba.Kuniis, mala odeeffannoo funaanamu keessatti hojii dirree waan harkaan hojjatamu,ijaan ilaalamu raga funaannamuuf baayyee qulqulla'aa kan taasiisu raga daawwanna dhaan funaannamudha Yaadasaa (2008:115) akkasitti ibsa. "Daawwannaan meeshaa funaansa ragaa keessa isa tokkodha.Daawwannaan qoratichi amalaafi gocha namootaa yookiin waantoota ta'aan kan agartuu ija isaaniittiin ilaala(daawwachaa) wanta daawwate sana qayyabachuudhaan yookii yaadannooqabachuudhaan tooftaa raga ittiin funaannatudha.Daawwannaan bakka iddattonni qorannichaaf filataman yookiin bakkee itti argamuudhaan tooftaa,haalootafi amaloota jijjiiramoota ija keenyaan arginee, miira keenyaan dhandhamneefi hubannee bifa raga ittiin sassaabbamudha."

Kanaaf, qorattuun kun daawwanna gaggesite keessatti Yoomeessa isaan adeemsa arbii dha'uumufi  wantoota naannoo isanitti argamaan irra yeroo isaan hojjataan, yeroo isaan jirbii dammacaan, yeroo isaan jirbii hiddaan, yeroo isaan arbii dha'aanfi k.k.f daawwachuun suuraa kaasuufi waraabuun ragaan barbaachiissa ta'ee walitti qabameera.

### 3.5.3 Marii Garee

Meeshaalee aadaa jirbii foo'uu fi arbii dha'uuf oolan dubartoota jirbii foo'aan walitti qabuun Ogeeyyiin kun akkamitti gara ogumma kanatti akkamitti dhufuu danda'aan, faayidaa meeshaleen kun hawaasicha keessatti qaban fi ilaalcha ogeeyyiin kun hawaasicha keessatti qabaan irratti hirmaachisuudha. Akkasumaas, waa,ee beekumsa hawaasa haala kalaqqii meeshaalee kana maali akka ta'e adda baasuun akka mar'ataaniif garee 3-5 kan ta'uu dhiira lamaafi dubartii sadii ijaaruun kan waliin mariita'aan ta'a kuniis, marii garee gaggeeffame irra ilaacha ogeeyyiin kun hawaasa keessatti qaban kan turefi ilaalcha amma jiru akkasumaas, ogeeyyiin kun akkamiitti gara ogumma kanatti akka dhuufu danda'aan ageef-kennitoota garee kana irra ragaan barbaaddame walitti qabamee qaacceeffameera.

### 3.6 Meeshaalee Ragaan Ittiin Funaaname

Ragaan tokko fudhachuuf ragaan sun akka hin banneef yookiin akka hin irraffatamneef meeshalee ragaa ofkeessatti tursiisu danda'aan itti fayyadamuun dirqama ta'aa.Kanaafuu, meeshaalee akkamiiti yoon fayyadame raga kuuffachuun danda'aama kan jedhu dursa osoo gara ragaan funaanutti hin seeniin kan itti yaadamudha..Meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi dha'uuf oolan kan meeshaaleen raga funaanuuf nagargaaran jette qoratuun kun kan filate: Viid'oo, Kaameeraa, Moobaayiliifi Yaadannoo barreeffamaan qabachuun ta'a. Yeroo daawwanna kameeraafi viidi'ootti gargaarramuun suuraa kaasuunfi waraabuun kan gaggeeffame yoo ta'u yeroo af- gaaffii fi marii garee yaaddannoo barreeffamaan qabachuun ragaan barbaaddame waliitti qabamuun xiinxalameera.

### 3.7 Mala Ragaan Itti Qaacceeffame

Maddeen raga odeeffannoo barbaachisa funaanutti aansee kan dhufu raga walitti qindeessuun qaacceessuudha. Adeemsa kana keessatti qorataan tokko odeeffannicha kallatti gargaaraattiin ilaaluun duraa duubaafi irraa jalaan qindeessuufi ibsuun mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun hiika itti keennuutudha. Gocha kana Addunyaan (2011:71) yemmuu ibsu "Qaacceessa adeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheessuun irra deebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessaa warra muraasa" jedha.

Haaluma walfakkaatuun, Dastaan(2013:142) adeemsa odeeffannoo qorannoo akkamtaa ibsuun walqabatee "Odeeffannoo qorannoo mala qorannoo akkamtaan addeessinee ibsina. Addeessanii ibsuu keessatti gabatee, giraaffii,fakkii,fayyadamuun murteessaa miti. Murteessaan afaan qorannooti fayyadamanii sirritti ibsuu danda'uudha." Jechuun ibsa.Kanuma bu'uura godhachuun qorrattuun kuniis,adeemsa arbi dha'uu odeef-kennitoota irra dhugaa hawaasicha keessa jiru ibsameera.

### 3.8 Naamuusa Ogummaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf yookiin milkeessuuf haalli dhiyyeenyi qorataa sana murteessa dha.Haalli kuniis hawaasicha keessa tutturuun yaada isaanii baruufi akka hawaasichaatti hojjachuun yookiin akka isaanii ta'anii argamuun murteessadha.Haaluma

kanaan akkaataa uffannaa,aadaa nyaatafi amantii isaanii kabajuufi kabachiisuun odeef-kennitoota waliin walii galuun  akkasumaas, waan isaan fedhaan, kan jalaatan dursa adda baasee beekuun tooftaa odeeffannoo isaaniirra argachuu danda’amu hunda kallatti isaanii adda baasee beeku qaba. Kana malees, maanguddoota beekamoo hawaasicha keessa jiran bira dhaquun amalaan itti dhiyaachuun kaayyoo qorannichaa ifa taasiisuun fedhiisanii gaaffachuun kan itti adeemame ta’a.Akkasumaas,ogeeyyii kanneeniis haala akkamiin ogummaa isaanii kana qorachuu danda’uu nama isaaniitti dhiyaatan itti erguun fedhii suura ka’uufi sagalee waraabuu akka naaf eeyyaman erga argadhee booda meeshaalee warabbii qopheeffachuun af-gaaffii,daawwaannaafi marii gareettiin odeeffannoo barbaachiisaa ta’e ogeeyyiin kun karaa kaminiyyuu fedhii guutuu qabachuu isaaniirra kan ka’e qorattuun kun raga barbaddame qaacceeffameera.

### 3.9  Haala Qorannoon Kun Itti Qinda’ee

Qorannoon kun mata duree “ Meeshaalee aadaa jirbii foo’uufi arbii dha’uuf oolan kan godina shawaa lixaa aannaa Gindabarat” irratti kan gaggeeffame yoo ta’u boqonnaa shanitti qoodamee kan qophaa’eedha. Haaluma kanaan boqonnaan tokko keessatti qabxiilee hammataman  kanneen akka seenduubee,ka’umsa qorannichaa,kaayyoo gooroo, kaayyoo gooreefi daangaa qorannoon itti gaggeeffame  qabateera.

Boqonnaa lama keessatti immoo barruulee mata duree qorannichaa waliin walitti dhufeenya qabaniifi qorannoo walfakkii of keessaa qaban ilaallamaniiru. Boqonnaan sadaaffaanis haaluma kanaan, akkaataa qorannichi itti gageeffame Malleen qorannoo,filannoo iddattoo qorannichaa, maloota iddattoofi hirmaattota qorannichaa, maloota odeeffannoon itti walitti qabameefi meeshaalee funaansa ragaafi hojii irra oolaniidha.

Boqonnaa Afur keessatti yaada odeef-kennitootafi yaaxinoota irra argame keessatti kan qaacceeffameefi hiiknii kan itti kennameedha.Akkasumaas, gaaffilee af-gaaffii, daawwannaafi marii garee irratti hundaa’uudhaan  hojiin xiinxalaafi qoqqooddii gosoota meeshaalee aadaa jirbiifi arbii dha’uuf oolan irratti gaggeeffameera.Dabalataanis hojiin daawwannaa aloolaatiin meeshaalee funaansa ragaa fayyadamuun sassaabaman waa’ee meeshaalee aadaa kana  waliin walqabatan ragaa funaaname  gara bareeffamatti

jijjiiramuun ibsa bal'aa waliin dhiyaachuun addeeffameera. Afoolli Oromoo meeshaalee aadaa kana duukaa jedhamaniis walqabate xiinxala haasa'a isanii faana dhiyaateera.

# Boqonnaa Afur

## Qaacceessafi Hiika Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoowwaan af-gaaffii,dawwaannaafi marii gareettiin sassabaaman kanneen mala qorannoo akkamtaatiin kan ibsamudha. Dastaan.(2013:141). "odeeffannoo ibsuun yaada odeef-kennitootarraa(Information from informants) gaaffannadhaan, daawwannaadhaan argame haala qabatamaan waan argame waliitti fidanii dhiyeessudha" jechuun ibsa. Kanaafuu, haala gaaffilee bu'uurafi akkataa kaayyoo qorannichaa bu'uura godhachuun adeemsa arbii dha'uu kan beekumsa kalaqqii hawaasni duri itti fayyadama turefi ammaas kan itti fayyadamaa jiraniidha. Meeshaaleen kunniiniis, hawaasni oromoo wantoota naannoo isaanirra harka isaanittiin bobbooca adda addaa bocuun kan itti fayyadama jiran irratti kan xiyyeeffatudha.kuniis,karaa malleen raga ittiin funaannachuuf filatameetti gargaarramuun gaaffii qoranno kana dhugoomsuuf kan qaacceeffamu ta'a.

### 4.1 Maalummaa Jirbii

Akka Addee Taaddasaa Cufaa af- gaaffii Gaafa 23/05/2010 dhiyaateef irratti hunda'uun waa'ee jirbii akkaas jechuun ibsu. " Jirbiin akkuma sanyii midhaanii yeroo faca'uufi yeroo ga'uu qaba.Jirbiin kan faca'uu Arfaasaarratti yeroo sanyiin Boqqolloofi Mishiingaan faca'uu faca'aa.Jirbiin gosa lamatu jira kuniis, jirbii akka mukkatti dagaaggee guddatuufi jirbii bara baraan akka midhaniitti faca'uudha. Aanaa Gindabarat kana keessatti jirbiin faca'uu jirbii gosa muka ta'eetu waggaa waggaan kan irra guuramudha.Mukti jirbiis waggaa fac'eetti misirachoo kenneetti waggaa lammaffa isaatti immoo firii gaarii ta'e kan kennudha.Sanaan booda haalli qabannaa biqiltuu sana yoo gaarii ta'ee mukti jirbii tokko waggaa kudhanii ol firii gaarii ta'e kennu danda'aa.

Jirbiin lafa inni itti biqilee marguu danda'uu lafa gammoojjiitti dha.Kanaaf daraaran jirbi keelloo daraara kan guurramu ji'a Amajjiittiidha. Kan guuruus dhiiriis dubartiiniis niguuru. Garuu, irra caalatti kan guru dubartiidha. Sababbiin isaas yeroo baayye jirbiin naannoo qe'eetti facaafama waan ta'eefiidha.Kana malees, jirbiin yeroo guurramuu Gigiilchaatti guurrama. Sababbiin isaas, ijjii jirbii buusu akka ija Gingilchaatti akka baayyatee buusuuf" Jedhaniiti ibsu.



Suura $1^{ffaa}$ Biqiltuu Jirbii Daraaraa Jiru



Suura $2^{ffaa}$ Gingiilchaa jirbiin itti guuramu



Suura $3^{ffaa}$ Gigiilchaa jirbiin itti guurame

## 4.2 Qaacceessa Meeshaalee Aadaa Jirbii Foo'uuf Oolan

Akka odeef-kenitoota ogeeyyii jirbii foo'aaniif adde Dinqituu Dagaagaa af-gaafii gaafa 24/05/2010 dhiyaateef irratti waa'ee meeshaalee aadaa jirbii foo'uuf oolan muuxannoo beekumsa ogummaa kan hawaasicha keessatti qabaanfi haala ittiin tajaajilama jiran irratti hunda'uun deebii gaaffii qorannoo kana kan dhugoomsu danda'uu meehsaalee jirbii foo'uuf oolan:Dhagaa daammacca, Sibiila daammccaa, Daagaanii (hiddaa)Caliifi Qala'ii(qasamii) isaan kanneen tokko tokkoon maali irra akka hojjatamaan,eenyuun akka hojjatamaanfi faayidaan meeshaan kun qabu asii gaditti ibsamaniiru.

### 4.2.1 Dhagaa Daammaccaafi Sibiila Daammaccaa

Sabni Oromoon jiruufi jireenya isaa fooyyeeffachuuf jecha waan isaan hin carraaqiin hin jiru. Kanaafuu,meeshaalee aadaa uffata ittiin dhahachuuf biqiltuu,dhagaa,sibiilafi k.k.f. irra hojjatachuun safuu qaama isaanii ittiin dhokfachaa kan turaniifi amma illee kan itti fayyadama jiraniidha."Dhagaan gosa adda addaatu jira isaan keessa garuu, dhagaa daammaccaa kan ta'uu dhagaa gurrachaatu ta'aa. Gosti dhagaa kaanaas kan argamuu laga keessaattiidha. Dhagaa roga hin qabne boca mululuu kan qabu barbaaddameetu laga keessa fuudhama. Dheeriinnii dhagaa sanaas taakku lama gadi ta'uu kan hin qabne ta'uu qaba.Akkasumaas, sibilli daammaccaa akka garaatti kan irra kunbululaachuu danda'uu ta'uu qaba.Sibiilli daammaccaas sibila roga hin qabaanne sibiila mululuu ta'ee dheeriinnii isaas,taakkuu lama gadii ta'uu kan hin qabne ta'uu qaba. Yoo taakkuu lamaa gadi ta'ee qabanna harka namatti hin tolu." Jedhaniitu ibsu.Akkasumaas odeef-kennitoonni biroos yaaduma kana ibsu.Kanaafuu, meeshaalee aadaa oromoon jirbii ittiin daammaaccaa tureefi amma illee kan itti gargaarrama jiraniidha.

Suura 4ffaa Dhagaa Daammaccaa        Suura 5ffaa Sibiila Daammaccaa

**Afoola Meeshalee kana Duuka Jedhamu**

Walleen meeshaalee jirbiin ittiin Daammaccamu duuka kan jedhamu kun Walliisaan / ittuun tokko quuqqa keessa isaan keessa jiru tokko meeshaalee jirbii daammaccaan waliin wal qabsiisuun yeroo walfaarsaaniis akkaas jechuun ibsatu.

“ Haaleelii karaa kuree
Yaa dhagaa daammaccaa/ Sibiila/
Naan deema karaa bu’ee
Siif garaan nadhabbata.” (madda Obboo Hayilu Tolasaa )

Ergaan wallee kana kan dhagaa dammaccaan waliin wal fakkatee ibsameef dhagaan daammaccaa tajaajjilli inni ooluuf jirbii daammaccuuf akkuma ta’e. Aniis naan “ Deemaa jedheen karaa bu’ee” Ani yoon deeme kan garaa nanyaatu tokko illee hin qabu si’ii qofaatu garaa nanyaata malee eenyumtuu anaaf omaa koo miti.Yoon bakka barbaade deeme Siin alatti kanaan yaadu hin qabu.Yoon deeme garuu, siin obsuu hin danda’uu kan jedhu wallee kanaan jaalala keessa isaa/ ishee jiru kan ittiin ibsataniidha.

### 4.2.2 Muka Hidda (Dagaanii)

Mukti hidda (Dagaanii) meeshaalee aadaa jirbii foo’uuf oolan keessa isa tokkodha. Kanaaf, odeef- kennitoonni waa’ee meeshaalee kana maaliirra akka hojjatamuufi akkamitti akka hojjatamuu akkaas jechuun ibsu.“ Mukti Dagaaniin(Hiddaan)kan irra hojjatamuu muka kan akka Ceekaa, haroorreessafi Ulumaa’ee irra hojjatama. Makti kun dheeriinnii isaa ciqilee (dhundhuma) lama kan ta’uu muramee quncee isaa irra

qunciisuun aduu keessa guyya lamaaf erga oole booda abidda irra qabameetti qaqama.Erga qaqamee booda fiixee muka sana lamaan qirqiiduun qaacca warqeettiin walitti akka gonboobuuf jabeessaniiti hidhu.Sanaan booda akka duritti yoo ta’ee gogaa horii dugda keessa ribuu baasuun muka sana walitti hidhuun kan ittiin hiddamu ta’a.Yeroo amma kana garuu, Sibaagoo (Ribuu) gabaa irra bituun walitti hidhamuun kan ittiin hiddamudha.Buqqeen hidda Buqqee hadha’aa irra gara mormaatti aanu irra kan muramuudha. Makti bubbuttu immo shimala irra kan hojjatamu yoo ta’uu qallinni muka bubbuttuu amma calii kan qallatudha.Kanaafuu, mukti hiddaa(Dagaaniin) meeshaalee aadaa jirbii foo’uuf oolan keessaa isa tokkodha.



Suura 6ffaa Muka Dagaanii,Buqqee Bubbuuttuufi Muka Arkiiftuu

Afoolli meeshaalee muka dagaanii kana Duukaa jedhamu kuniis,sirba sirna gadaa keessatti foolleen yeroo baayyee dhiichiisuun yeroo sirbanii waan nyaatamuufi dhugamu fudhatu kanaaf, akkaas jechuun namicha Gadaa godhatu sana ittiin doorsiisuun sirbu

“ Dagaanii qabda kan ittiin hidditu kan ittiin hidditu

Sanyoo qabda kan wajjiin sirbiitu kan wajjiin sirbiitu

Birroolee hafeera jinfuun foollee.” (Madda Obboo Hayiluu Tolasaa )

Ergaan sirba Gadaa kana keessatti foolleen kan meeshaalee jirbii ittiin hiddaan kanaan wal qabsiisuun sirbaan kun jirbiin hiddamu malee hin foo’aamu. Akkasumaas,Gadaan yoo foolleen dhiichiise sirbe malee hin miidhaguu. Kanaafuu, Sanyoo kee dhuftee siif

sirbittu qabda yoo ta'ee malee nyaanniifi dhugaatiin foolleef kennama jiru (jinfuu foollee) hin taanee sirtii hin quufnee kanaafuu, foolleen jinfuu isaaf qopha'ee sana sirritti hin kennamne yoo ta'ee sababbiin nutti lafa asii dhiichiisnuuf hin jiru. Waan kana ta'eef yoo foolleef jinfuu isaa seeraan kennite kenniif yoo kanaan ala immo kan waliin sirbiitu sanyookee kan siif sirbitu sanyoo kee jirti yoo ta'ee ishee waliin sirbi malee waan garaa duwwaa lafa siif dhiichiifnuuf hin qabnu. Jechuun abba Gadaa gaggeeffatu sana yoo inni nyaatafi dhugaatii gahaa ta'ee foolleef hin kenniine ta'ee akkanatti arrabsuun waan barbaadaan harkaa fudhachuuf kan sirbamudha..

### 4.2.3. Mukti Calii Maalirra Akka Hojjatamu

Akka Addee Dharanee Guddiisaa af-gaaffii Gaafa 24/05/2010 ibsaniitti " Mukti caliin irra hojjatamuu Shimala irra hojjatama. Inniis, shimaala taakku lama dheeratuu muruun qixa lamaanitti dhoosuun isa dho'ee sana keessa tokko Haaduun soofuun qaliiffama.Sanaan booda shimalli sooffame qalliffamu sun roga kan hin qabnee boca muluuluu ta'een sooqama.Sababbiin boca muluuluu ta'ee qabachuu barbaachiseefiis yoommuu foo'aan akka harka namarra naanna'uutti hojjatama.Kanaafuu, caliin meeshaalee aadaa jirbii foo'aan keessa kan ga'ee gudda qabdudha.



Suura 7ffaa Shimala Duudaa



Suura 8ffaa Shimala qixxeetti dhohe






Suura 9ffaa Yeroo Calii soofan Suura 10ffaa calii soofamee qopha'ee

#### 4.2.4 Qaanxii

Akka odeef-kennitoonni ogeeyyii jirbii foo'aan af-gaaffii dhiyaateef waa'ee qaanxii akkaas, jechuun ibsu."Qaanxiin kan hojjatamuu muka raafuufi muka ejersaa irra hojjatama. Muka ejersaas ta'ee muka raafuus bakka dame isaatti kutuun akka jirbii ofitti hin qabanneetti matafi luka ishee abiddaan gubu.Sanaan booda mata caliitti gad suuqqamta.Walumaa galatti, Qaanxiin meehsaalee aadaa jirbii foo'uuf oolan keessaa kan ga'ee gudda qabdudha. Kuniis, yoo qaanxiin jirbii itti rakkisanii ittiin hin harkiifne ta'ee jirbiin kunkumma jirbiin foo'amuu hin danda'u. Kanaafuu, jirbii foo'uuf qaanxiin murteesadha.





Suura 11ffaa Yeroo muka raafuurra qaanxii kuttu Suura 12ffaa qaanxii kutamee

Afoola Meeshaa Jirbii Ittiin Foo'aan Keessa qaanxii duuka jedhamuus tapha daa'iimaaniti taphni kuniis akka qaanxiin calii, dibaabafi qaanxii wal qabatanii jirbii foo'aan san walfakkeessuun daa'iimmaan harka wal qabachuun qubaan walqunxuuxanii wal harkiisuu taphaatu taphni kuniis,

" Qaanxii qaanxiiyyee
Shuunbura iriiyyee
Shuunbura agadaa
Faffataa dhadhaa
Nadharraasiisee
Shuquxquuxii." ( Madda addee Margiituu Tulluu )

Ergaan tapha daa'iimmanni kuniis kan qaanxii waliin jedhameefiis meeshaaleen jirbii ittiin foo'aan kuniin waan adda addaa irra hojjatamee akka meeshaa tokkootti wal qabatee tokkummaan akkuma jirbii foo'uu kana daa,iimmaaniis waliin taphaachuu, wal jaalachuufi tokko taate waliin guddachuu ishee fakkeenya qaanxiin meeshaleen kuniin waliin ta'aanii qanxiin harkiiffamanii hojii cimaa jirbii foo'uu kana akkuma hojjatu nutiis

hirriiyyee keenya waliin tokko taanee yoo waliin taphannee guddannee nicimna, tokko taane bu’aa gaarii ta’ee tokko agarsiifna kan jedhu ibsa.

### 4.2.5 Dibaaba

Dibaaba kan jedhamuu Buqqee dhadhaa sirritti quufe ykn Buqqeen dhadhaa quufe yoo dhabame immo buqqeedhuma kawwaan muruun akka ulfaatuuf immo Gagaa damma dugda isaatti baksuun akka ulfaatu gochuun hojjatama.Buqqeen kun kan muramu albeedhaan. Yeroo muramuus boca geengoottiin murama.Erga muramee booda suuta jedhanii akka hin cabneetti fiixee billatiin akka caliin keessa ba’uu danda’uutti ni urama.Erga uranii booda calii keessa baasuun qaanxii immoo karaa mataa caliitiin itti gadi suuquun qopheeffanna.Walumaagalatti, meeshaan aadaa jirbii foo’uuf oolan keessaa dibaabni jirbiin foo’aamee morma caliitti yeroo maramu akka jirbiin ol irra hin baaneef dhorka.Kanamalees, jirbiin foo’aamee akka boca mululuu godhatee dibaaba jalatti kuufamuuf gargaara.





Suura13[ffaa]Yeroo Dibaaba Buqqeerra Soofan   Suura14[ffaa]DibaabaSoofamee Uratee qopha’ee





Suura 15ffaa Yeroo calii dibaaba keessa basaan Suura 16ffaa Calii

Walumaa galatti calii jechuun meeshaalee gosa adda addaatu wantoota adda addaarra waliiti dhufuun calii jedhama.Meeshaaleen waliitti dhuufuunii calii jedhamanii waamamaaniis, Muka calii shimala irra hojjatamaan, Qaanxiifi Dibaabatu walitti calii jedhamee waama. Kanaafuu, calii malee jirbiin foo'amuu hin danda'u.

### 4.2.6 Qasamii (Qala'ii )

Qasamiin(qala'iin) meeshaalee jirbiin ittiin foo'aamu keessaa isa tokkodha. Kanaaf, odeef-kennitoonni akkaas jechuun waa'ee qasamii ibsu. " Qasamiin(qala'iin) kan irra hajjatamuu Muka Nuugii ykn Shambaqoo irra hojjatama. Muka Nuugii ykn Shambaqoo haaduudhaan soquun bakka hangi hangitti suuta jedhanii albeen qirqiiduun wal qixxeessuun kan kukutamudha.Qasamiin si'a tokko yoo hojjatame waggaa lamaa ol tajaajilu danda'aa.Ga'een qasamiin qabu jirbii foo'aama akka koolloo keessa taa'uu danda'uutti kan mataxiirra gara qasamiitti kan daawwaramudha.



Suura 17[ffaa] Qasamii (Qala'ii )

### 4.3 Adeemsa Jirbiin Itti Foo'aamu


Hojji tokko hojjachuuf adeemsa mata isaa qaba.Kanaafuu, ogeeyyiin jirbii foo'aan jirbii foo'aanii uffata dhoofsiisanii uffachuuf adeemsa keessa darbeetu foo'aamu qaba.Kanaaf, adeemsa kana qarattuun kun daawwanna gaafa 27-28/05/2010 taasisteen jirbiin adeemsa ittiin foo'aame uffata ta'uu danda'uu akka armaan gaditti ibsameera.

#### 4.3.1 Dursa Jirbiin Ni Hasaassa'ama

Jirbiin erga guurameen booda Jirbiin dursa harkaan ni hasaassama. Kan hasaassamuus, akka yeroo daammacaamu maramee hin rakkifneefi iji jirbii (Bungurii ) irra yoo harkaan gad lakkisiisan malee yeeroo daammaccaan iji jirbii keessatti akka hin dhodhooneefiidha. Akkasumaas, huuba adda addaa jirbii keessaa funaanuuf kan harkaan assaassamuudha.

**Yaameessa Jirbiin Itti Hasaassamuu**

Uummanni orommo waan dalagaan hundaa yeroofi bakka itti dalagan qabu.Ogeeyyiin jirbii foo'aan akka ibsaniitti jirbiin kan hasaassamuu galgala galgaala abidda maddiitti ni hasaassama. Kana malees, guyya guyyaas ni hasaassama.



Suura 18ffaa  Yeroo Jirbiin  Hasaassa’amu

Afoola Jirbii Hassaassa’uu Duukaa Jedhamu. Afoolli kun kan ibsamu walleedhaan kan walliiffamudha.

“ Hassaassate hidditte foote
Yaa intala abba lafa
Qorri hamate
Maaltuu qofa rafaa” ( Madda obboo Balaachoo Fufaa )

Eergaan wallee kana hassaasate yoo hidditte malee jirbiin hin foo’aamu. Akkasumaas, namni uffata qafaa uffachuun fala hin ta’uu.Uffata qafaan qorra namarra hin dhorku. Kanaafuu, namni qafa isaa jirachuu hin danda’uu. Garuu, uffanni qofaa isaa qorra namarra hin dhorkuu kanaaf, yaa intala abba lafa qofa jirachuun natti hamate qofaa rafuun naaf gamee  kaan booda qofa koo hin rafuu siiwajjiin malee kan jedhu ibsa.

### 4.3.2 Jirbiin Erga Hasaassa’ame Booda ni Daammaaccama

Jirbii Erga hasaassa’amee booda dhagaa daammaaccaafi sibiila daammaccaatiin ni Daammaccama.

### Yoomeessa Jirbiin Itti Daammaccamu

Akka odeef-kennitoonni ibsaniitti. “ Jirbiin kan daammaccamu guyyaadha.Sababbiin isaas yeroo daammaccamuu ija namatti mul’achuu qaba. Kuniis,haafa,huubafi k.k.f.

offitti fudhachuu waan danda’uuf of eegannoon daammaccaamu qaba. Yoo koosii ofitti kan fudhate ta’ee foo’uuf baayyee nama rakkisa.” Jedhaniiti ibsu.



Suura 19ffaa Yeroo Jirbiin  Daammaccamu

### 4.3.3 Erga Daammaccame  Booda ni Hiddama

“Jirbiin erga daammaccame booda akka sirritt foo’aamuutti ni hiddama jirbiin kan hiddamuus,yeroo foo’aamu akka sirriitti yaa’uuf jecha hiddama.”

**Yoomeessa Jirbiin Itti Hiddamu**

“Jirbiin kan hiddamuu guyya guyyadha. Sababbiin isaas, yoo galgaala hiddamee biyyoo, haafafi kosii adda addaa ofiiti fudhachuu waan danda’uuf guyya malee alkaan kunkumayyuu hin hiddamu.”



Suura 20 ffaa Yeroo Jirbiin Hiddamuu

**Afoola Jirbii Haassaas'uufi Hidduu Duuka Jedhamu**

Sirbii kun kan sirbamu sirba sirna Gadaa sirbamuudha.Kuniis, foolleen sirbannii waan dhugamuufi nyaatamu fudhachuu yeroo barbaadaniif kan sirbamudha.

" Hassaassatte hidditu malee x2
Giiftiin mana kana kaate sirbiitu malee
Yoon ani mana kana ba'ee" ( Madda Addee Xajjiituu Guddataa )

Ergaan sirba Gadaa keessatti foolleen sirbu kun adeemsa jirbiin itti foo'aamu waliin wal qabsiisuun kan sirbameef jirbiin osoo hin hassaassa'amiin hiddu akka hin danda'amnee waliin walqabsiisuun kun kan agarsiisuu diddaa agarsiisa kuniis,jirbiin osoo hin hiddamiin kunkuma foo'uun akkuma hin danda'aamne gadaaniis sirbamu malee akka hin bareenne agarsiisa Kanaafuu, " yoo giftiin mana kana kaate sirbite malee yoo ani mana kana ba'ee " jechuun sirbuun tokkoo giiftiin mana sanaa akka fedhii sirbaa horatuuf ishee kakaasuufiidha. Inni lammaffaan erga giiftiin kaate sirbitee sirbiisiisanii yeroo isheen sirbaan miirqaantee siirritti yeroo gammadde nyaatafi dhuugaatti waan foolleef qophaa'ee irra fudhachuuf jecha akka giiftiin kaate sirbiitu kan barbaadameef yoo sirbanii mo'aatan nyaatafi dhugaati irra fudhachuuf agarsiissa.

### 4.3.4. Jirbiin Erga Hiddamee Booda Ni Foo'aama

" Jirbiin erga hiddamee qophaa'ee booda Caliidhaan ni foo'aama.Haalli jirbin itti foo'aamu garuu,akkaataa lamaan foo'aama kuniis,yoo kutaan foo'aamuu sun haa yabbatu jedhamee jirbiin foo'aamu sun furdiiffamee foo'aama. Yoo kutaan foo'aamu sun haa haphatu jedhame immoo foo'aa sana qalliiffameetu foo'aama.Erga foo'aamee booda malaxii ykn luqqisaa yoo guute calii irra luqqisama. Kutaan tokko luqiisaa gurguudda yoo ta'ee (40 ) afurtamaatu kutaa tokko ta'aa. Yoo luqiisaan isaa immoo xixxiiqqa ta'ee luqiisaa ( 45-50) afurtamii shanii hanga shantamaatu kutaa tokko ta'aa." jedhaniiti ibsu.

**Yoomeessa Jirbiin Itti Foo'aamu**

Akka odeef-kennitoonni ibsanitti."Jirbiin kan foo'aamu galgaala galgaala abidda maddiitti kan foo'aamudha.Akkasumaas, guyyaas ni foo'aama garuu, irra caalaatti kan foo'aamu galgaala dha." Jedhaniitti ibsu.



Suura 21 ffaa Yeroo Jirbii Foo'aamuu

**Afoola Yeroo Jirbiin foo'aan kan Jedhamu**

A. Afoolli kun mammaaksaan kan jedhamuudha kuniis,

" Sharaar godhii foo'ii kutaa abba warraa
Akka dubara darraa" (Madda addee Xajjiituu Guddata )

Eergaan mammaaksa kana kutaa abba warraa keetiif yoo fo'uu barbaadde akka dubara darratti bareechii foo'ii malee akkasumaan hin fafakkeessiin yoo foote qalliisitti sirritti sharaar godhitii foo'ii kan jedhuudha.

B. Afoolli kuniis kan ibsamu sirba jaalala

" Kutaa footu qalliisii
Oguma kutaa footu qallisii
Milkita jaalalaa
Yeroma bishaan buutu wallisii x2 " ( Madda obboo Balaachoo Fufaa )

Eergaan wallee kana dubarrii durii akkuma argiite mana hin baatu kanaaf namni kun immo jaalate akkamiitti ishee argu dhabeetu rakkata. Kanaafuu, ishee argachuuf immoo mala ishee ittiin argatuu malate kuniis, isheen kan gadi baatuu bishaan waraabuuf qofa laga buuti. Kanaafuu, yeroo bishaan isheen buutu waan hin beekneef akka isheen jala hin baaneef mallatto jaalala kan ittiin waliif ibsan inniis isheeniis kan beektu sagaleekee walliisuun nadhageesisii aniis yeroo sagalee kee dhaga'ee gadi ba'een sii hordoofa kan jedhudha.

C. Afoola walleen walliiffamu

" Finfinnee kutaan alaadaa
Yoo kutaa naa foote maalii
Halkanii guyyaa siiyaada
Yoo dhugaa naaf goote maalii" ( Madda obbo Hayiluu Tolasaa )

Eergaan walleen kun kan walliifamu saala hin foo'uu sababbiin isaasii dhiirriis dubartiiniis kan waliif walliisuu danda'aaniidha kanaafuu,ani yeroo hunda sii yaada yaaddoon siif qabuus halkaniifi guyyaa hin jedhu baayeen sii yaade kanaaf, maal ta'aa yoo gaafuma tokko illee sabaaba sii yaaduu sanaaf yoo dhugaa naaf goote maalii ykn immo gaafuma tokko illee bakka garaa koo yoo naaf geese maal ta'aa. Kuniis yoo yaaddookoo nafixachiifte maal ta'a kan jedhudha.

E. Afoolli kun walleedhaan walliiffama

" Kaleessii dafiinoodha

Jirbii qabaa tokko footee
Bareeddu ilkaan aciroodha
Mudhii qaba tokko goote" ( Madda obbo Balaachoo Fufaa )

Eergaan walleen kun kan walliiffame dhiiraan walliiffame. Walliisaan kun jirbiin wal fakkeesuun qalliina mudhii ishee kan jajudha.Akkasumaas,ilkaan ishee jajuuf immo gosa midhaanii keessa mishiingaan hacciiroo kan jedhamuu baay'ee kan addatu waan ta'eef bareedduu kan ilkaan ishee baay'ee addaatu ta'uu kan ibsudha. Kanaaf, walliisaan kun baayyee jaalachuu isaarraan kan ka'ee kutaa qaama ishee keessa bakka isatti miidhagee mula'ate kan jaju ta'uusa ibsa.

F. Afoollii kun walleen walliiffama

" Naan foo'aa naan hassaassa'aa
Eenyuutu tuqe jirbii koo
Naan bo'aaf naan maradhaaf
Eenyutu tuqe giiftii koo" ( Madda obbo Hayiluu Tolasaa )

Eergaan walleen kun kan inni walliiffamu dhiiraan walliiffama walliisaan kun jirbii foo'uufi hassaassa'uun kan wali qabsiiseef dubartiin foo'aa footu tokko jirbii footeefi hassaassa'ame jala akka tuttuqamu hin barbaaddu sabaabbiin isaas, yoo namni jala tuqe jala xura'aa, kosii ofiitti fudhata. Yoo koosii ta'e immo jala diimata kanaaf, walliisaan kuniis jalaallee koo giiftii kook an koo qofa kan taate osoon boo'uufi osoon maradhuufi anaan alatti eenyutu giiftiikoo najalaa fudhachuu barbaadee? mee eenyuuyyuu mee najala haatuqu kan jedhu ibsa.

### 4.3.5 Jirbiin Erga Foo'aame Booda Luqqiisaa Irra Qala'iitti Daawwarama

" Jirbiin kan Dawwaramuu Qala'ii (Qasamii ) muka nuugii ykn immoo shabaqqoo irraa hojjatame sanatti daawwarama. Kan daawwaramuus akka darbaattu (koolloo )keessa ta'uu danda'uuttu daawwarama."



Suura 22 ffaa Jirbii foo'aame Malxii (Luqqiisa) dha

**Afoola luqqiisaa(Malaxii) jirbii duuka jedhamu**

Afoolli kuniis, sirbaadha sirbi kuniis kan sirbamuu yeroo gaa'iilatti. Kuniis,dubarri heerumtee mana warra ishee baate bakka heerumte sanatti dubara heerumte sanaan galgaala akkaas jedhaniitti ishee aarsuuf sirbama.

" Iyyoolakoo-----------wuu
Yaa jirbii malaxii lama
Yaa intaloo malan siif malla
Karaa boroo natti hasaasiimee" ( Madda Adde Dasii Baqqalaa )

Eergaan sirba kana intalli heerumte mana gurbaa ishee fuudhee yeroo geesse galgaala dubartoonni ishee aarsuuf jecha arraabsoo kanaan ishee arrabsuu kuniis, " yaa intaloo mala siif malla ; karaa boroo natti hasaasimee" jechuun isaanii yoo gurbaan intala fuudhe sun galgaala gara Godoo mushurra ol seenee gad ba'uu didee yoo tutture intala fuudhamteetu Durbummaa hin qabdu kanaaf turuu danda'ee jechurraan kan ka'e intalaan " mala siif mala boroo irraan nutti hasaasii" jechuun isaanii ati durbummaa qabatte hin dhufnee ykn hin qabdu waan ta'eef mala kan biraa sii barbaachiisa kana jechuun ishee aarsuuf kan sirbamudha.

**Yoomeessa Jirbiin Itti Daawwaramu**

Akka Addee Guddatuu Gonfaa af- gaaffii gaafa 26/05/2010 ibsanitti.“Jirbii foo’aame kan daawwaramuu irra caalatti galgaala galgaaladha.” Jedhaniitu ibsu.





Suuura 23ffaa Yeroo jirbii qala’iitti daawwaraamufi Booffee( Jirbii daawwarame)

## 4.4 Ogeeyyiin Jirbii Foo’aan Kunniin Akkamiitti Ogumma kanatti kanatti dhufaan

Akka odeef- kennitoota ogeeyyii jirbii foo’aan irra deebii marii garee irra argameetti gaafa 30/05/2010 deebii gaafii qorannoo kanaa dhugoomsuu danda’uu akkaasitti ibsu “ Akka marii garee kanarra yaanni waa’ee ogumma kanatti akkamiitti akka dhufuu danda’aan yeroo ibsaan: ogumma jirbii foo’uu kanatti akkanaatti dhufne jechuu hin dandeenyu. Kuniis, Duri ollaan naannoo tokko jiraan walitti dhuufuun dabareen jirbii waliif foo’uu turaan.Yeroo sana isanuma jalatti ilaaluun shakaala ture.Yeroo isaan foo’aan, yeroo isaan asaassa’aanfi k.k.f. maatiidhuma jalatti ilaaluun kan dhaloota irra kan argannedha.Isaan keessa immo kaan isaanii haadha kootu foo’aa kanaafan bare.” Kan jedhantu jiru.Kanaafuu, ogummaan kun dhaloota irra dhalootatti kan daddarbuun kan dhufe ta’uu isaa marii garee kana irra nihubatama.



Suura 24 ffaa Yeroo marii garee waa’ee ogumma jirbii foo’uu mari’atan

## 4.5 Faayidaa Meeshaalee Aadaafi Jirbiin Foo’amaan hawaasa keessatti qabu.

Hawaasa Oromoo biratti meeshaaleen aadaa kamiyyuu waan itti faayyadamaniif qaba. Kanaafuu, meeshaaleen aadaa jirbii daammaccaniis jirbii daammacuu alatti hawaasa biratti waan itti gargaarraman qabu.Akkasumaas, jirbiin foo’aamaan foo’aame uffata ta’uun alatti hawaasa keessatti faayiidaa ooluuf qaba. Akka armaan gadiitti tokko tokkoon ibsameera.

### 4.5.1 Faayidaa Sibiilli Daammaccaa Hawaasa keessatti Qabu

Akka odeef-kennitoon ibsanitti “Sibiilli daammaccaa jirbii daammaccuun alatti faayidaa kan birroos ni qaba. Kuniis, Namni tokko yoo Budaan nyaatame namni sun fayyuu dadhabee yoo du’e Budaan Nama sana nyaatte akka awwalcha nama sana halkaan dhaqxee bantee nama du’e sana awwala keessa baafatte akka hin fudhanneef siibiila daammaccaa saanduuqa nama du’e sana keessa kaa’uun waliin awwalu.Kuniis, uummanni oromoo Budaaniifi Waraabeessi sibiila sodaatu kan jedhan amantaa qabu waan ta’eefiidha.

### 4.5.2 Faayidaan jirbii Foo'uun qabufi Jirbiin Foo'aman Hawaasa Keessatti Qabu

#### 4.5.2.1 Waliitti Dhuufeenya Hawaasumma Cimsuuf

Jirbiin kan foo'aamu gareedhaan ollaan walitti dhufuun waanfalaan kan foonudha. Kuniis, dabaree dabareedhaan mana walii adeemuun kan foo'amudha. Kuniis abbaan dabaree sun guyya dabaree isa ga'uu lafa jala haraqee,farsoo,suummoo,daabboofi akaawwii qopheessuun eega kanaan achii guyya sana manatti galuun hin jiru achumaa jirbii foo'aa ooluun achuma nyaachuun achumaa dhuguun galgaala kanumma of waalalaantu manatti galu.Kun immo waliitti dhufeenyi kun sababa jirbii foo'uutiin walitti haa dhufamu malee, yeroo gaddafi gammachuus kan waliin dabarsaan ta'uu ibsu.

#### 4.5.2 .2 Jirbii Foo'amaan Daa'iimma Dhalatte Ittiin Hadhuuruuf

Faayidaa jirbiin foo'ame hawaasa keessatti qabu akka odeef-kennittoonni ibsanitti: Daa'iimni tokko gaafa dhalattuu hadhuurri daa'iima sana kan ittiin hadhuurramuu jirbii foo'ameen handhuurama.Kanaaf dubartiin garaatti baattu tokko lafa jala kan qopheeffattu jirbii foo'ama mana hin dhabdu akkasumaas,daandii ille yoo kan deemtu ta'e jirbii foo'ama sabbata isheetti guduffattetu deemti.sababbiin isaas osoo daandii deemtuu yoo ciniinsuun kan ishee qabu ta'eef qapha'aa taateetu deemti.

#### 4.5.2.3 Jirbii Foo'amaan Nama Du'e Ittiin Gannasuuf

Akka odeef-kenniitoonni ibsanitt faayidaan jirbiin foo'amaan hawaasa keessatti qabu yeroo ibsan namni kamiyyuu jirbii foo'ama mana dhabuu hin qabu.sababbiin isaas akkuma jireenyi jiru duutiis jira.Kanaafuu,namni yeroo du'uu kan ittiin gannaffamu jirbii foo'aamadhaan. Kuniis,Namni gaafa dhalatu akkuma jirbii foo'amaan hadhuurramu akkasumaas gaafa du'uus jirbii foo'amadhaan gannaffama.

#### 4.5.2.4 Jirbii foo'aaman yoo firri (Aanteen) nama jalaa du'e mormatti hidhachuuf

Akka odeef-kennitoonni ibsanitti namni firri baayyee dhiyoo ta'e tokko yeroo jala du'uu jirbii foo'ama mormaatti hidhatu kun immo akkaas jedhama.

**Nama namni jala du'e jirbii mormatti hidhataan duuka Mammaaksa jedhamu**

" Mormii isaa foo'aadha

Ijji isaa imimmaanii

Garaan isaa madaadha" jedhama

Kuniis namni foo'aa jirbii mormatti hidhatee tokko hawaasa keessatti firatu jala du'ee jedhaaniitu hawaasni sun wal gaaffata, nama sana waliin gadda. Namni sun gadda cimarra jirachuu isaa agarsiisa.

### 4.5.2.5 yeroo namni nama ajjeesse gumaa ittiin baasuuf

Akka odeef-kennitoota irra argameetti namni tokko yoo namni harka isaarratti badalamee namni sun akka aadaa oromootti sirna gumaa baasuu keessatti yeroo gumaa ba'uu hoolaa,hiddi,saantimafi jirbii foo'aama luqqiisa tokko waliin daandii gudda namni baayiinaan deemurratti gatama.kuniis,jirbiin kun kan sirna gumaa baasuu keesatti akka argamu ta'eef kirrii (lubbu ) nama kana harka keenya irratti bade waan ta'ee gumaa kirri nama sana ofirra baasuu agarssisa jedhu



Suura 25ffaa faayidaa jirbiin foo'aamaan hawaasa keessatti qabu yeroo mari'atan

### 4.6 Fakkoomii

#### Fakkoomii Jirbii Foo'amaan Daa'iima Handhuuruufi Nama Du'e Ittiin Gannasuuf qabu.

Oromoon daa'iimni gaafa dhalattu jirbiin hadhuura gudunfu.Kuniis, " Jirbiin foo'amaan fakoomiin inni qabu daa'iima dhalatte tokko Hadhuurri daa'iima dhalatte sana kan ittiin hadhuurramu jirbii foo'aamaadhaan. kuniis, kan agaarsiisuu Namni gaafa dhalatu hadhuurri isaa foo'aan hidhamee gara biyya lafa akkumma dhufe. Namni gaafa du'uus foo'aa jirbiin xaxxamee kan awwalamuu ta'uu agarsiisa."

#### Fakkoomii Jirbiin Foo'ama Nama Du'eef mormaati Hidhamuuf

Akka adde Warqii Gassassaa ibsanitti " Jirbii foo'amaan nama du'eef kan mormatti hidhamuuf : abbaa, haadha,mucaafi obboolaa isaan kana keessa yoo jalaa kan du'aan ta'e foo'aa jirbiifi uffatta gadda waliin mormaatti hidhachuun kan gaddu ta'aa kuniis, hawaasa keessatti nama gaddu sanaaf akkaas jedhamuun kan gaddamuuf ta'a:

" Mormii isaa foo'aadha

Ijji isaa imiimmaan

Garaan isaa madadha." Jedhama

Kanaaf,fakkoomiin jirbii foo'aama mormattii hidhachuun qabu namni foo'aa mormarra qabu sun fira dhiyootu jala du'uu isa agarsiisa nama sanaan maaltu sijala baddalamee jedhaniitu gaaftama.Akka namni sun gadda cimaa keessa jiruus ni beekkama." Jedhaniitu ibsu.

#### Fakkoomii Jirbii Foo'aama Luqqiisaa Tokkoon Sirna Gumaa Baasuu Keessatti Qabu.

Akka manguddoon gumaa muran ibsanitti. " Fakkoomiin jirbii foo'aama malaxii (luqqiisaa ) tokkoon sirna gumaa baasuu keessatti qabu: Nama tokko nama harkaatti yoo baddalamee namni sun gaafa gumaa baasu hoola haadhoo, hiddi, saantiimafi jirbii foo'aama malaxii ( luqqiisa ) tokko waliin daandii gudda namnii irra deemu irratti gatama. Kuniis, kana agarsiisu lubbuu (kirrii ) nama kana nattu balleesse kan jedhu waan

ta'eef gumaa foo'aa namni sun ittiin gannafamee ittiin awwallamuu ofiirra baasu agarsiisa." Jedhaniiti ibsu.

**Fakkoomii Sibiilli Daammaccaa Qabu**

Akka odeef-kennitoon ibsanitti "Sibiilli daammaccaa jirbii daammaccuun alatti fakkoomiin kan birroos ni qaba. Kuniis, Namni tokko yoo Budaan nyaatame namni sun fayyuu dadhabee yoo du'e Budaan Nama sana nyaatte akka awwalcha nama sana halkaan akka bantee nama du'e sana awwala keessa baafatte hin fudhanneef sibiila daammaccaa saanduuqa nama du'e sana keessa kaa'uun waliin awwalu.Kuniis,fakkoomiin isaas, Budaan Siibiila soddatti kan jedhamuu kan hawaasni itti amanuudha." Jechuun ibsu.

**Fakkoomii Jirbiin Gingiilchaatti Guurramuuf**

Akka addee Guddattuu Gonfaa ibsanitti fakkoomiin jirbiin Gingiilchaatti guurramuuf " Jirbiin kan gingilchaati guurramuuf iji jirbii daraaruu akka ija gigilchaatti baayyatee akka daraaruuf jechaadha.Kana malees, buusaan isaas akka toluttidha. Karaa biraatiin jirbiin inna dammaccamuu,inna foo,aamufi inna hiddamuu gingiilchaadhumarra kaawwama.kun immoo sanyiin jirbii akka ija gigiilchaatti haa baayyatu jechuudha." Jedhaniiti ibsu.

## 4.7 Maalummaa Arbii Dha'uu

Namni kan Arbii dha'uu danda'ee qulla deemuu isaa irra kan ka'ee adeemsa jiruufi jireenya fooyyeeffachuuf jecha kan carraaqqii taasisaniirra kan kalaqamedha. Meeshaaleen arbiif oolan kuniis meeshaalee wantoota naannoo keenyaatti argamaan irra namni harka isaatiin bocuun kan kalaqatedha. Kuniis, sababbii qulla deemuu ilma namaa irra kan ka'eedha.Meeshaalee aadaa arbii dha'uuf oolan kan wantoota naannoo irra bobboocamaniis: Kankaa, Manii ( Manne ), Gawwisa, Faanaa (ejjenna ), Muka marataafi Darbattu(koolloo)fi k.k.f.kanneen adeemsa keessa jiruufi jireenya isaanii fooyyeeffachuuf jecha ilmi nama waan isaan hin yaaliin hin jiru ture. Kanaaf, ilmi nama adeemsa keessaa tooftaa qulla dhokfaachuu uummachuu danda'eera. Kanaafuu,yeroo amma kana ogummaan kun adeemsa keessa babaal'achaa dhufuurran kan ka'ee har'a uffata arbiin

dhahame sirritti barbaaddamuufi fudhataama argachuurraan kan ka’ee akka addunyaatti ogumma beekama ta’eera kan fudhatama jirudha.

### 4.8 Qaacceessa Meeshaalee Aadaa Arbii Dha’uuf Oolaan

#### 4.8.1 Kankaa

Akka odeef-kennitoota waa’ee meeshaa kankaa akkaas, jechuun ibsu. Kankaan, meeshaalee arbii dha’uu keessa isa tokkodha. Kankaan kan qallaan(diriin)ittiin diriirudha. Kankaan kan irra hojjatamuu Shabaqqoofi Leemmanna irraa hojjatama.Meeshaaleen kankaan ittiin hojjachuuf barbaachiisusii:Maroo (Qirxii), Haaduu, Eeboo, Jirbii foo’aama ykn Ribuu (siibaagoo) faati.Shabaqqoo ykn Leemmanna dhundhuma lama hanga dhundhuma sadii kan dheeratuu fiixa irra taakkuu tokko kan ta’uu ol siiquun maroo ykn eeboon kan uratudha. Uraan kuniis gararraanfi gajjallaan uraa afuur ta’uu qaba. Sanaan booda muka qaqqalaa dhudhuma tokko ta’uu afuurtu qopha’aa inniis uraa sana keessaa baasuun lama gararraan lama immoo gajjalaan faallaa walii akka ta’uutti wal jala qaxxamuursuun kan galudha. Akkasumaas, muka qaqqalaa gararrafi gajjalaa jiru sanatti jirbii foo’aama waliitti maxxari’uun ykn siibaagoodhaan kan dirii (qallaa ) akka baatuutti jabeeffameetu hidhama.Itti aansuun Daadaa manatti ykn lafatti kan ittiin diriirfamu ta’aa. Dirii ( Qallaan ) kun duri lafattii diriirfama ture.Yeroo amma kana garuu,Daada manatti diriirsuutu filatamadha.Sababbiin isaas,osoo diriirsaa jirru yoo dukkana’eelle achumarra bulu danda’aa. Kuniis,aduun hin arguu, roobnii hin arguu, akkasumaa horiin illee bira hin ga’uu kanaaf filatama ta’uu danda’ee. Diriin kun yeroo diriirutti qixxee ilkoolee gawwisaattiin lakkawwameetu diriira.Diriin (qallaan ) inni jalqaba maniifi gawwiisa keessatti hidhamu baallaa yoo jedhamuu kan dhumaattii ittiin guduffamu immo qucaaccii jedhamee waamama.”jedhaniitu ibsu.Odeef- kennitoonni kan biroos yaaduma isaan ibsan kana ibsu.

Suura 26 ffaaMeeshaalee kankaa yeroohojjatanfi yeroo muka kanakaatti foo’aa ittihidhaan

Suura 27 ffaa kankaa hojjatame xumuramefi yeroo dirii diriirsuuf kankaatti galchaan




Suuraa 28ffaa yeroo Dirii(qallaa) Kankaadhaan Daadaa Manarratti Diriirfamu

### 4.8. 2 Gawwiissa

Akka ogeeyyii arbii dha'aniif af-gaaffii 02/06/2010 Obbo Fayisaa Caalatiif dhiyaatee irratti muuxannoo ogummaa isaanii irratti hunda'uun waa'ee meeshaalee aadaa arbii dha'uuf oolan keessaa Gawwiisni isa tokkodha.Kanaafuu, Gawwiisni maalirra akka hojjatamufi akkamitti akka hojjatamufi ga'ee Gawwisni arbii dha'uu keessatti qabu akka itti aanuutti ibsameera. Meeshaan aadaa Gawwiissa jedhamu kun meeshaa waantoota adda adda irra hojjatamaniitu waliitti dhufeetu Gawwiissa jedhama.Meeshaan gosa adda addaa kuniis: Ilkooleefi Muka Gawwiissatu waliitti gawwiissa jedhamee waamama.Mukti Gawwiissa kan irra hojjatamuu Muka Gaattiraa, Waddeessafi muka jabaata kan biro irraas hojjatamuu nidanda'aa. Mukti Gawwiissa kun dheeriinni isaa ciqiilee (dhudhuma) lamafi taakuu tokko kan ta'uudha. Bal'innii muka gawwiissa kanaas,inni gararraan ilkooleen keessa galu amma quba afur kan bal'atu yoo ta'uu gajjalaan immoo kan ilkoolee of keessatti qabatu bal'iina amma quba sadiiti safartuun isaas qubaanidha. Mukti kuniis kan hojjatamuu, muka gawwiisa ta'uu muramee erga goggoogee booda qottoon sooffamee akka dirri isaa wal qixxaatutti abidda irratti qaqama. Sanaan booda keessii isaa akka ilkoolee of keessatti qabatuutti maroo ( qirxiin ) keessii isaa bocama.Itti aansuun muka isaa gararraan jiru bitaafii mirgaan ni urata kuniis fiinyoo (wadaroo ) tu itti hidhamuun baaxii (mukatti) hidhama. Ilkooleen Kan irra hojjatamuu Jajjaaba irra hojjatama. Dheeriinni ilkoolee kana taakuu tokko tokko kan

dheeratuudha.Baay'innii ilkoolees 300-400 (dhibba sadii hanga dhibba afurti ) ilkooleen kuniin tokko tokkoon kan irratti hidhamuu muka meexxii irrattiidha. Mukti meexxii afurtu qopha'aa kuniis lama gubba irraan lama immo gajjaladhaan itti hidhama. Mukti meexxiin ilkooleen irratti hidhamuus dheeriinnii isaa ciqilee (dhundhuma) lama ta'uu qaba. Ilkooleen kun muka meexxii irratti kan ittiin hidhamuu foo'aa jirbii waliitti maxxarii'uun yeroo arbiin ittiin rukutamu akka irra hin hiikannetti tokko tokkoon jabeeffamee kan hidhamudha. Qarqara ilkoolee karaa bitaafi mirgaan akka jabaatuuf muka taakuu tokko ta'uu kutamee qarqara lamaanitti gala. Kuniis, akka hidhaan muka gawwiissafi ilkooleen waliiti qabee jabeessufidha.Sanaan booda fiinyoo qarqaara lamaanitti hidhudhaan mukatti hidhama. Ga'een Gawwiissaas arbii dha'amuu keessatti Maagiifi Qallaa kan akka walitti jabaatutti kan ittiin rukutamuudha.



Suura 29 ffaa Yeroo Muka Gawwiissa Hojjatu



Suura 30ffaa Yeroo ilkoolee walitti hidhamu



Suura 31 ffaa Yeroo Muka Gawwiissafi Ilkoolee walkeessa galchuu



Suura 32 ffaa Yeroo foo'aan Gawwiissafi Ilkoolee walitti hidhu



Suura 33 ffaa Gawwiissa walitti hidhamee xumurame

### 4.8.3 Manii (manee )

Uummanni oromoo wantoota naannoo isaaniitti argamu irra meeshaalee adda addaa kan arbii ittiin dhahaan kalaquun qaama isaanii qorra, aduu,safuu ittiin dhokfachuun irra of oolchaniiru.Kanaafuu, maniin meshaalee aadaa arbii dha'uuf oolan keessaa isa tokko ta'ee akkamitti akka hojjatamufi maalirra akka hojjatamu akka itti aanutti ibsameera." Mukti maniin irra hojjatamuu:muka qarxammee,muka ulaagaa,muka malaasiisaafi muka baargamoo irra hojjatama.Mukti manii ciqilee (dhundhuma ) lamafi taakuu tokko ta'uutu muka afurtu qopha'aa. Muka kutame kana quncee irra qunciisuun abidda irra qabameeti qaqqama.Erga qaqqameen booda qarqara isaa lamaan ni qirqiidama.Kan biro immo muka qalloo taakuu tokko ta'uutu qopha'aa muka kana gidduu isaa akka sibiila zangii keessa ba'uu danda'uutti ni urata itti ansuun mukni sadaan sun qarqaara lamaniifi gidduu mukka maniitti gala sababbiin isaas yeroo muka manii irratti foo'aa ykn ribuun taatta'amuu akka waliitti hin siiqneef (akka addaan fadatuuf ) gargaara.Sanaan booda muka lama gararraafi gajjalaan sibiila zangii ykn muka amma zangii qallachuu danda'uu giddu galchuun kan waliitti hidham ta'aa kan ittiin hidhamuus jirbii foo'aama waliitti maxxarii'uun (foo'uun) kan ittin hidhamu ta'aa.Maniin kun kan ittiin taatta'amuu jirbii foo'aama waliitti asharrabuun ykn siibagoo (ribuu) gabaa irra bituun kan ittiin taatta'amu ta'a.Yeroo taatta'amuus, lakkoofsa ilkoolee irratti hunda'eeti kuniis lakoofsi ilkoolee 300 (dhibba sadii) yoo ta'ee baay'iinni manii hidhamuus ammasuma ta'uu qaba yoo 400 (dhibba afur) ta'ees ammasuuma ta'uu qaba.



Suura 34 [ffaa] Yeroo manii hidhaan( taatta'amu)



Suura 35 ffaa Manii hidhamaa jiru( Taatta'ama) jiru



Suura 36 ffaa Manii hidhamee Sibillii zangii keessa ba'ee



Suura 37 ffaa Manii hidhamee xumurramaan lammaan isaa

### 4.8.4 Muka Marataafi Sibiila Marataa

Mukti marataafi Sibilli marataa meeshaalee aadaa arbii dha'uuf oolan keessaa isa tokkodha.Kanaaf,odeef-kennitoonni mukti marataa maaliirra akka hojjatamuufi maaliirra akka hojjatamufi ga'ee arbii keessaatti qabu akka itti aanuutti ibsameera.Mukti marataa kan irra hojjatamu: Muka ursiisaa, Waddeessa, Gurra, Muka abba shakkee, Muka arbaa, Waleensuufi Bargamoo irra hojjatama. Yeroo hojjatamu dursa mukkeen maqaan isaanii tarreeffamaan keessa tokko yoo argame muruun quncee isa irra qunciisuun guyyaa afuriif aduu keessa  ka'uun erga qooree booda qottoon soofuun boca muluulu ykn roga afur bocama. Akkasumaas, garri mataa isaa bokkuu akka qabatuutti bocama. Sanaan booda karaa bokkuu isaa sanaan roga arfanu akka walitti ba'uu danda'uutti walitti baasuun ni urama kan uramuus akka muka dhaabbateeti mukti marata maratee akka oliifi gadi hin soochoone kan jala jalaan itti rakkiffama deemuu karaa uraa roga afraan sanaaniidha.Kan biro immoo mukti marataa kun bakka wali qixa sadiitti ni urata sababbiin isaas sibiilli zangii muka maratatti hidhama.Sibiilli muka marataatti hidhamu sun qallaan ( diriin ) maniifi gawwiissa keessa ba'eetu akka wal jala hin maramneeti kan harkiisee qabudha.




Suura 38 ffaa Muka marataa roga afur qabufi Sibiila marataadha

### 4.8.5 Darbattu ( koolloo )

Darbattuun(koolloon) meeshaalee aadaa keessaa uffata dha'aan keessaa isa tokko taateetu kan boffee(qala'ii) of keessatti qabachuun gara bitaafi mirgatti arbii dhahamuu keessa kan darbatamtudha.Kanaaf darbattuun maalirra, akkamitti akka hojjatamtuu tokko tokkoon akka itti aanuutti ibsama.Darbattuun(kooloon) gosa muka irra hojjatamtu:

Haxxee, Muka hudhaa,Muka waatoofi Muka eejersa irra hojjatama.Yeroo muka kana irra hojjatamuus, mukkeen maqaan isaanii tarreeffaman keessa tokko yoo argame muka sana ni bocaama. Kuniis, muka sana dursa roga afuriin kutama sanaan booda karaa lamaa xiiqqoo akka muxxee ta’uutti bocama.Dugdii ishee immoo akka gadi dhooqachuu ta’aa.Keessi ishee immo akka qala’ii (boffee)ofkeessatti baachuu qabuutti nigolbaata keessa isheetti akka qala’iin ( boffeen ) keessa hin buuneetti ni urama. Maddii ishee akka jirbiin foo’aama keessa ba’uuti ni urama. Qala’ii (baffee ) keessa immoo sibiila qalloon keessa baatee darbattu qabatti sababbiin isaas yeroo darbatuun darbattamtuu akka boffeen keessaa hin darbatamneefiidha.Kannaf, darbattuun boca bidiruutiin hojjatamti.





Suura 39 [ffaa] Darbattuu Baffeefi Kuula ofkeessattii qabatte

**Afoola Meeshaalee Darbattuu ( koolloo ) duuka jedhamuu**

Afoolli meeshaalee kana duuka jedhamu walleedha. Kuniis, walliisaan fedhii keessa isaati qabu haala meeshaaleen kun itti tajaajila kennitu irratti hunda’uun kan ibsatu ta’a.

“ Waddeessa buune galla
Ganda Gammachuu higgii
Wal keessa buunee rafna
Akka darbattu jirbii” ( Madda obbo Hayiluu Tolasaa )

Eergaan walliisa kana meeshaan darbattuun kun waan of keessatti qabatte jirtu irratti hunda’uun quuqqa keessaa isaati qabu haala meeshaa kanaan wal fakkeesse ibse. Kuniis, “ Wal keessa buune rafna akka darbattu jirbii ”jechuun isaa wal haamanne rafna ykn immoo jaalalleewwan lamaan “ Wal keessa bu’aanii rafuun”Kuniis, fedhiifi jaalala waliif qabaan karaa ittiin ibsaniidha.

### 4.9 Adeemsa Arbiin Ittiin Dha’amuu

#### 4.9.1 Boolla Jilbaa Gadi Qotuu

Adeemsa arbii dha’uuf iddoo itti dha’amu sanatu mijeeffama.Kuniis,dursa Boolla jilbaa gad fudhachuu danda’uu gadi qotama. Sababbiin boollii kun jilbaa gadi qotamuuf namni arbi dha’u sun yeroo keessa seenee ta’uu akka arbiin sun qixa teessuma jilba isaarratti hafu danda’uutti waan hidhatuufiidha. Ejjennaan(faanaan ) kan arbii miilla bitaafi mirgaan dabareen rukuttamuu boollicha keessatti hojjatama



Suura 40 ffaa Boolla Yeroo Arbii dhahaan miilli keessa taa’uu

#### 4.9.2 Ejjeennaa (Faannaa ) Qopheeffachuu

Ejjeennaan (faanaan ) kan arbii miilla bitaafi mirgaan dabareen rukuttamuu boollicha keessatti hojjatama.Ga’een Meeshaa kanaas,maniitti hidhamee akka maniin yeroo boffeen keessa darbatamuu akka wal keessa xaxxamuu kan taasii



Suura 41 ffaa Meeshaa Arbii Miillaan Rukatamu (faanaa )

### 4.9.3 Muka Maranni Itti Rakkiifamu

“ Muka lama karaa bitaafi mirgaa boolla qotame sana ciqiilee (dhundhuma ) lama ta’uu dhaabbata muka karaa harka mirgaattin argamu akka mukti marataa jala jalaan yeroo uffanni dha’amu kan itti marataa deemu akka mukti marataa itti galuu danda’uutti akka hin sochooneef mataa muka dhabbatuuttiis ni qarama.Kuniis, muka marataa akka uraasaatti galuu danda’uutti qarama. Mukti karaa mirgaa dhabbatu immoo akka mukti marataa irra ta’uu danda’uutti dhabbata.”





Suura 42 ffaa Muka maranii itti rakkiffama adeemu

### 4.9.4 Muka Qallaa ( Dirii ) Harkiise Qabufi Kan Diriin Irra Naanna’uu

“ Muka ciqilee shan ta’uu bakka boolliifi mukti marataa dhaabbate irra tarkaanfii miilla sadi kan ta’uu irra fagaatetu dhaabbata. Mukti kuniis dhabbachuu kan barbaachiiseef,

diriin ykn qallaan akka irra hin sochooneefi yeroo uffanni dha’ame jala jalaan yeroo maramuu kan diriin ykn qallaan irra naanna’uudha.”



**Suura 43 ffaa Muka diirii ( qallaa ) harkiise qabatte**

Suura kana irra akkuma ilaallu mukti kun diriin akka hin laafneef kan harkisee qabufi yeroo jala jalaan laaffiifataan kan irra naana’uudha.

### 4.9.5 Gawwiissafi Maniin Kan Itti Fanniifamuu Qopheeffachuu

“ Gawwiissafi maniin kan itti hidhamu muka afur tarkaanfii sadi sadii kan walirra fagaatutu dhaabbata.Kuniis, muka jabaata tokko irra dalga galchuun kan bakka boolla qotame gararraatti dhaabbata. Kuniis, Gawwiisafi manii foo’aa ykn wadaroodhaan hidhamee akka arbii harkiisee qabuuf kan itti hidhamuudha.



Suura 44 ffaa Muka Arbiin itti hidhamu.

### 4.9.6 Manii Foo’aa Jabaataa Itti Hidhuufi Gawwiissa Qopheefachuu

Kuniis Maniitti foo’aa jabaata itti hidhuun akka ejjeennaatti (faanaatti ) hidhamuu gochuudha.



Suura 45 [ffaa] Gawwiissafi Manii xumurame Qalla itti hidhuuf qopha’ee

### 4.9.7 Qallaa (dirii) Qixa Ilkooleen Lakka’uun Diriirsuu

Qallaa(dirii) alatti baasuun ykn baaxii manaa jalattii kan ji’a tokkoof ta’uu qixa ilkooleetiin lakka’uun kan qopheeffataniidha.



Suura 46 [ffaa] Yeroo Diirii (qalla ) maniifi gawwiissa keessaa akka galuu danda’uutti Lakkoofsa ilkooleen diriirsuun lakkawwatan

### 4.9.8 Dirii ( Qallaa ) Gawwiissafi Manii Keessa Baasuun Guduunfuu

Yeroo qalla ( dirii ) gudunfaan qarqaara lamaaniin sadii sadiin yoo hidhamuu inni gidduu immoo qalla lama lamaan waliitti gudduuffama. Yoo baaqqee ta’ee immoo Qarqaarri isaa lama lama yoo ta’uu gidduun isaa immoo tokko tokko ta’aa.Yoomuu qalla (dirii ) maniifi

gawwiissa keessattii hidhamu kan jalqaba arbiitti hidhamuu Baalla yoo ta’uu kan dhumatti ittiin xumurramu immoo qucaaccii jedhama.



Suura 47 ffaa Yeroo dirii (qallaa ) gawwiissafi Manii keessa baasaan

Akka suura kana irra ilaaluutti Qallaan (diriin) si’a tokko yoo arbiitti hidhamee yeroo baayyeedhaaf gargaara. Kuniis lakka’aanii keessa baasuun yeroo waan fudhatuuf si’a tokko yoo gale gaafa kutaan dha’amee xumurramuu qallaa hunda keessa hin kutamuu achuma keessatti habisuun qallaa kan biro itti hidhama.

### 4.9.9 Dirii (Qalla)LakkawwameArbiittiGuduuffame Daadaa Manatti Fanniifachuu

Kuniis qallaa (dirii )erga olattii lakkaawwamee arbiitti guduuffameen booda daadaa manattii fanniiffachuun achumaa jala jalaan irra yaaffachuun kan dha’aamu ta’aa.



Suura 48 ffaa Qallaa (dirii ) lakkawwamee arbiitti hidhamee daadaa manatti fanniiffame suuta suuta irra irraa yaasuun kan dha’amuu dha.

### 4.9.10 Kuullii kan ittiin bu'uu Ciraaroo,Funaantuufi Gabatee Qapheeffachuu

Kuniis,jalqaba arbii dha'uuf inna eegalamuu kuula buusuu irra waan eeggalamuuf meeshaaleen kuulli ittiin bu'uus Ciraaroo, Funaantuufi gabaatee qopheeffachuun kan ittiin bu'uu ta'aa.



Suura 49 [ffaa] Meeshaalee Kuullii Ittiin Bu'uu

### 4.9.11 Arbii Dha'uuf Kuula Buusuun Eegaluu

Kuniis, arbii hidhamee xumurramee arbii dha'uuf eeggalameedha. Kanaaf, Meeshalee kanneen hunda waliitti funaanuun arbiin kan ittiin dha'amaa jirudha



Suura 50 [ffaa] Arbii Meeshaalee  Kuullii Ittiin bu'uun gargaarramuun dha'ama jiru.

### 4.9.12 Arbii Dha’aamaa Jiru

“ Adeemsa kanneen hundumaa keessa darbee dhuma irratti arbii  kan dha’amudha. Kuniis, gosa uffataa kan akka: kutaa,Bullukkoo,Baaqqeefi k.k.f. akka barbaanneetti kan dha’uu dandeenyuudha.” Jechuun kan ibsaaniidha.



Suura 51 ffaa yeroo Kuula Buusuuf  Lakkaawwatu



Suura 52 ffaa Yeroo Arbii Dha’aa Jiraan

Walumaa galatti hawwasni oromoo meeshaa aadaa wantoota naannoo isaanirra baasii takko malee biqiloota, beeladoota,sibiilafi dhagaa itti gargaarramuun meeshaalee armaan oliitti ibsamaan kanneen hunda uummachuu danda'aniiru. Kun immoo kan beekumsi hawwasni keenya qabaan kun beekumsa teekinoolojjii ammayyattiif bu'uura ta'uun tajaajila kan turefi ammaas, kan itti tajaajilamaan ta'uu agarsiissa.

### 4.9.13 Afoola yeroo arbii dha'aan walliifamu

A. Kuniis ogumma arbii dha'uu waliin wal qabsiisuun kan walliiffamuudha.

" Siifaan dha'aa kutaan dhumee yaa mulu
Ciirracha mogoor keessa lo'uutti
Siin dhiisu naan hin dhiisiin yaa jaalallee koo
Amma miqqanyaan boo'uutti" ( Madda obbo Fayye Likkaasaa)

Eergaan walliisa kana ani sii barbaacha oliifi gadii bosona keessa osoon deemuu kutaan narratti dhumeera. Kanaaf, ani yaa mulu siidhiisuuf garaa koo keessa hin qabu. Garuu, ati nadhiiftee anaan alatti nama biraa qabatta tanaan nama nagammachiifta kanaafuu, yaa jalaallee koo ani siin dhiisuu atiis naan hin dhiisni lamaan keenya jalaala keenya cimsanneetu orma warra wal jaalachuu keenya hin barbaannee garaa isaanii guggubna ykn inaaftoota keenya boochiifna kan jedhu ibsa.

B. Afoolli kun kan agarsiisu ogumma arbii dha'uu kan jajufi erga gorsa qabu kan ittiin dabarsuuf kan walliiffamuudha

" Arbii malee maalitti kutaa dha'anii

Qalbii malee maalitti biyya ba'anii" ( Madda obbo Balaachoo Fufaa )

Eergaan weedduu kana arbii malee kutaan dha'aamu hin danda'uu kanaaf, namni qalbii malee jirachuu hin danda'uu. Namni qalbii qabuu tokko achuma biyya isaa ta'eetu isaaf darba.Namni jiruufi jireenya isaa keessatti qalbiin murteessa ta'uu agarsiisa.

C. Afoolli kun bifa weedduuttiin waddiiffama.

" Osoon shamannee ta'ee
Kutaa siif dha'ee

Osoon konkoolaata qabaadhe

Shaggariin siin ba'ee" ( Madda obbo Balaachoo Fufaa )

Eergaan weeddu kana yoon shamanee ta'ee kutaa siif dha'aa ture. Garuu, kutaa dha'uu hin danda'uu silaa kutaa dhaheen sitti uffisa ture.Akkasumaas,baayyee jaalachuu isarraan kan ka'ee " osoon konkoolata qabadhee; shaggariin siin ba'ee" konkoolataa hin qabu malee yoon konkoolata qabadhe sii furadheen shaggariin ba'ee waliin bashannaanna kan jedhu ibsa.

### 4.9.14 Yoomeessa Arbiin Itti Dha'aamuu

Oromoon jiruufi jireenya isaa keessatti waan hojjatan keessatti yoomeessa mataa isa qaba.Kanaaf, yoomeessa arbiin itti dha'amuus akkaas jechuun ibsu.Duri arbiin kan dha'aamuu muka guddaa gaddisa qabu jalatti ture. Akkasummaas, Godoo ijaarrataniittu achii keessatti dha'aama ture.Haata'uu malee, yeroo sana muka jalatti dha'uun baay'ee rakkiisaa ture. Sababbiin isaas,Ganna ganna roobni yeroo roobuu dha'uun waan hin danda'amneefiidha. Kanaaf yeroo sana irra caalaan namoota godoo ijaarrachuun keessatti kan dhahuu.Yeroo amma kana kan durii irra fooyya'uun mana qorqoorro luukii 40-60 ( afurtamaa hanga jaatamaa kan ta'uu ) ijaarrachuun kan keessatti dha'aamudha. Garuu,diriin isaa kan diriiru alatti ykn mana jalatti kan diriiruudha. Kana malee, yeroo amma kana arbiin kan dha'amuu halkaaniifi guyyaa dha'aama jira.Kuniis,Namni naannoo magalaa jiratu ifa Eleektiirkiitti fayyadamuun kan dhahaniidha. Warri naannoo magaala hin jirre immoo Soolarii bitatteetu halkaan ittiin dhahuu.Kuni immoo haalli ogumma arbiin itti dha'amu kun kan durii irra fooya'aa dhufuu isa agarsiisa.

## 4.10 Ogeeyyiin Kunniin Akkamiitti Gara Ogummaa Kanaattii Dhufuu Danda'aan

Akka marii garee qorattuun kun ogeessoota arbii dha'aan waliin ta'uun deebii marii garee waa'ee akkamiitti gara ogumma kanatti dhufuu danda'aan obbo Fayyisaa Caalaa akkaas jechuun ibsu "Obboo Fayyisaan ani gara ogummakanatti kana dhufee ani dhaladheetumaan gaafan of bare haatii koo jirbii footi. Abbaan koo immoo Arbii dha'uu kanaafuu,maatii koo irra bare." Jechuun ibsa.

Obboo Fayyeen Likkaasaa immo akkamiitti akka ogumma kanatti dhufuu danda’aan yoo ibsan “ Ani ogumma kana akkamiitan argadhe ollarra ykn hawaasa naannoo irra bare. Kuniis, duri namoonni goodaatti muka gudda jalatti arbi dha’uu ture. Nuti immo goodaatti horii eegna ture. Achumaan lafa isaan arbii dha’aan sana dhaqnee bira teenyee ilaalla sanaan booda shaakaluu eeggale osuma shaakaluu ogumma kana baruu danda’ee.” Jechuun ibsa.

Obboo Balaachoo Tufaa Akkamiitti gara ogumma kanatti dhufuu danda’aan yeroo ibsan Ani rakkoodhumaafan bare. Kuniis, hojii baayye hojjadhee omma bu’aa dhabeessa ta’ee mee amma immo ogumma arbii dha’uu kana ilaaluu laata jedheen warra arbii dha’aan bira dhaqeen waan tokko tokko gargaaruun eeggalee sanaan booda isaanuma jalatti ilaaluun shaakaleen bare. Kunoo har’a bu’aa gaarii irra argachaan jira.”jechuun ibsu.

Walumaagalatti, akkuma afoolli afaaniiffaan dhaloota irra dhalootatti daddarbaa turefi ammaas,daddarbaa jiru akkasuma,hawaasa oromoo biratti ogummaan kamiyyuu maatiirrafi hawaasa naannoorra kan dhaloota irra dhalootatti kan daddarbuufi kan shaakalamuun kan baramuu danda’u ta’uu nuhubachiisa.

### 4.11 Ogumma Arbii Dha’uun Kun Eenyuun Dha’aama

Akka odeef-kennitoota waaliin ta’uun qorattuun kun gaaffii marii gareef waa’ee arbiin eenyuun akka dha’aamu marii gaggeeffamee deebiin odeef- kennitoota irra akka argameeti “ Ogumma arbii dha’uu kana nuti asuma dhufte isaa irra kan dha’u dhiira ture. Garuu, yeroo amma kana akka aanaa kanatti Dhabbannii Miti-Mootumma leenjii suphee dha’uu, Arbii dha’uufi Jirbii foo’uu irratti kenne ture. Yeroo leenjii kana leenjiinu dubartoonni walqixxumma isaanii agarsiisuuf jecha arbii qixuma dhiiraa dha’uun leenjii fudhachaa turanii.Dubartoonni kunniiniis, dubartii abbaan mana isaanii duraan ogumma arbii dha’uu kan qabudha.Kuniis, yaanni dubartoonni kun leenjii sana irratti dhiyyeessan nuti durayyu ogumma kana wal jalatti ilaaluun kan baramuudha. Garuu, dhiirrii yuu jira jenneetti malee dha’uu nidandeenya.kanaaf, yeroo amma kana arbii dha’uun saala hin foo’uu dhiirriis dubartiiniis nidha’uu.” Jechuun ibsu.

### 4.12 Meeshaalee Aadaa Arbii Dha’uuf Oolan Kunniin Eenyuun Akka Hojjatamu

Akka Odeef-kennitoota gaafa 07/06/2010 waliin ta’uun marii garee qorattuun kun gaggeessite irratti hunda’uun deebiin marii garee kana irra argamees, “ Meeshaalee arbii dha’uuf oolan kana irra caalatti kan hojjatu dhiiradha.Sababbiin, isaas yeroo baayyee meeshaaleen kun kan irra hojjatamu muka adda addaati. Mukti kun kan argamu baddafi gammoojjii ba’aanii bu’aaniiti argama. Erga argamees tooftaa adda addaatti fayyadamuun suuta jedhamee soquun, soofuufi bocuun waan hojjatamuuf obsafi yeroo dheeraa barbaada sababa kanaaf meeshaalee kanneen kan hojjatu dhiiradha. Garuu, dubartoonniis bakkatti wal gargaaranii hojjataniis nijira.” Jechuun ibsu.

### 4.13 Uffata Arbiin Dhahaaman

Alan Dundes(1965:3)waa’ee uffata aadaa “Fooklooriin maal akka of keessatti hammatu wantoota tarreesse keessatti Uffata aadaa,Biddiqoo, Biddiqqoo Ateete,Kuula,Jaanoofi k.k.f. tarreeffama fookloorii keessaa isaan kuniin tokko ta’uu” ibsa.

#### 4.13.1 Bulukkoo

Uffata aadaa keessaa bulukkoon isa tokkodha.Bulukkoon kan dha’aamu ciqilee( dhundhuma) 40 (afurtama ) tu dha’aama. Kuniis kutaa lamatuu bulukkoo ta’aa.Yeroo baayyee kuulli bulukkoo irratti bu’uu kuula diimafi magariisadha ture. Yeroo amma kana garuu, kuula bifa adda addaa qabu dhoofsiisachaa jiru. Jechuun ibsu.





Suura 53 ffaa Bulukkoo



Suura 54 ffaa yeroo Waa’ee Bulukkoo Ibitu

### 4.13.2 Kutaa ( Gaabii )

“ Kutaa ( Gaabii ) kan dhahamuu ciqilee (dhundhuma ) kudha afurtu kutaa ta’a. Kutaan kuula adda addaan hojjatama. Kuniis,kan kuula hin qabnne,kan kuula gosa tokko qofa qabufi kuula gosa adda addaa qabuun dhahama.” Jedhu.

**Afoola Kutaa( Gaabii ) waliin jedhamu**

Afoolli kuniis, sirba keessatti sirbamudha.kuniis, nama wal jaalate wal dhabeef shubbiisama

“ Kutaa kee yaa pooliis
Qarqara lamaa kuula dhoofsiisii
Simalee lama qaba yaa intaloo
Kan simalee hin qabne doorsiisii” ( Madda obbo Balaachoo Fufaa )

Eergaan shubbiisa kana yeroo baayyee pooliisiin nama doorsiise akkuma jiratu. Namni kuniis, muccayyoo wal jaalatanii garaa wal hanqataaniin akkaas jechuun akka garaa isheedhaaf kutate ibsaaf “Simalee lama qaba yaa intaloo; kan simalee hin qabne doorsiisii” jechuun isaa ati ana malee hin qabu ykn ana malee namni biraa hin jiru seete natti hin taphaatiin ani siin alatti jaalallee lama qaba. Ati garuu, nama sii malee hin qabne ykn kan siiqofaa eeguu barbaaddadhuutti sodachiisi kan jedhu ibsa.

### 4.13.3 Baaqqee ( Naxalaa )

Baaqqeen kan dhahaamu ciqilee (dhundhuma ) toorba dheeratuutu dhahaama. Kuniis, baaqqee gosa adda addaatu dhahama Isaaniis: Baaqqee jirbii foo'aama irra dha'amu, baaqqee qalla irra dha'aamtu jira.Kanaaf, baqqeen hamma kutaa kan hin ulfaanne ta'eetu baay'ee haphii ta'ee kan dha'amudha.

**Afoola Baaqqee ( Naxalaa ) waliin jedhamu**

Afoolli kun kan shubbiissa ykn ragada keessatti kan ittiin ragadamudha.

" Naxalaan shukkaaree uffata hin taatu
Warra kutaa foo'aate malee
Najaaladhuun jaalala hin ta'uu
Warra waliif foolate malee" ( Madda obbo Balaachoo Fufaa )

Eergaan wallee kana namni tokko namaan najaaladhu yoo jedhe kunkuumma jaalachuu hin danda'uu kanaaf, namni kan wal jaalatu inni tokko yoo jalate kan biraas waa'ee nama sanaa duruma garaadha yoo qabate malee inni takko yoo jalaate inni biraa immoo jaalachuu dhiisuu danda'aa. Kanaaf, walliisaan kun " Najaaladhuun jaalala hin taatu warra waliif foolate malee" kuniis, warra durumaan garaadha wal qabu yoo ta'ee malee.Walleen kun kaa yaanni bu'uura dabarsuu barbaade jarri lamaanuu durumaan yoo jaalala wali qixa ta'ee ofiif wal jaalataan malee inni tokko jaalate inni tokko immo hin jalaanne yoo ta'ee jalallii sun bu'aa hin qabu kan jedhu ibsa.

### 4.13.4 Biddiiqqoo

Biddiiqoon uffata jirbii foo'aama irra dha'amudha. Biddiiqqoon kan dhahaamu akkuma baaqqeetti dhahaameeti duubaafi fulduraan maddii lamaaniin kan walitti hodhamudha. Kuulli biddiiqqoo irratti bu'uus kuula diimaafi magariisadha.

### 4.13.5 Biddiiqqoo Ateetee

Biddiiqoon Ateetee kan dhahaamu jirbii foo'aama irra dha'aama kuniis, akkuma baaqqeetti erga dhahamee booda maddii lamaaniin qomee qofaatti qoloos qofatti hodhama. Kuulli biddiiqqoo ateetee irratti bu'uus kuula gosa adda addaatu keessa

keessatti buufama. Kuniis, biddiiqoo irra adda akka ta'uufiidha. Garaagarumaan isaas kuula qofarattidha.Walumagalatti, biddiiqqoon ateetee kuulli isa gosa adda addaa kan ta'uu danda'eef Ateeteen guyyaa kabaja ayyaaneeffanna dubartootatti.Kanaafu, dubartiin isheen tokko ishee tokko irra uffaticha nabarreeffadha jechuun kuula haalluu adda addaa qabu keessa buusisuun dhoofsiisu.Kanaaf biddiiqqoon ateetee kuula adda addaan akka dhahamu kan ta'eef miidhagfachuufiidha.



Suura 55 ffaa Biddiiqqoo Ateetee

### 4.13.6 Caffii

" Caffiin kan dhahaamu jirbii foo'aama irra ta'eetu Ciqiilee ( dhudhuma ) 6 (ja'a )fis kuula kan hin qabneetu dha'aama." Jedhu



Suura56 ffaa Cafii

### 4.13.7 Sabbata

Sabbannii kan dhahaamu ciqiilee (dhudhuma ) 6 (ja'a ) tu dhahaama. Kuullii isaas gosa adda addaatiin dhahama.



Suura57 [ffaa] Sabbatafi Manguddoo sabbata hidhataan

**Afoola Uffata sabbata waliin jedhamu**

A. Afoollii kun ogumma arbii dha'uu kan jaju ta'uu agarsiisa

" Abbabaach dheertuudha dalagaaccee
Sabbannii arbiin dha'ee
Nama dirmameessa akka qancee" (Madda obbo Fayyisaa Caalaa)

Eergaan weedduu kana ogeeyyii arbii dha'aan kanneen kan jaju agarsiisa. Kuniis qacceen yoo qaama nama irra bu'ee ykn yoo horii ittiin rukataan baayyee nama dirmaameessa. Kanaaf, sabbanni arbiin dha'aame yeroo dubartiin mudhiitti hidhatee ooltee yeroo ofiirra hiikattu baayyee mudhii dubartii sana waliitti qabuun dirmamuun mudhii sana irratti mulata kan jedhu ibsa.

**Afoola keessa Jechama sabbata waliin jedhamu**

A. “ Sabbata hiikatte”

Eergaan jechama kana hawaasa oromoo biratti eergaa gudda qaba.Inniis, dubbarrii hin heerumne tokkoof jedhama kuniis, “Sabbata hiikatte” jechuun durbummaa ishee gatte ykn garee durbuummaa keessaa baate garee dubartiitti makamte kan jedhu ibsa.

B. “ Sabbanni hiikate”

Eergaan jechama kana dubartiin sabbata hidhatte osoo deemtuu tasuuma yoo ofiisaaf hiikate dubartiin sun “ maali ijoo sabbanni koo hiikate maaliin argadha laataa?” jetti kuniis, sabanni hiikachuun qarshii argatu kan jedhu hiika qaba kan jedhu ibsa.

C. “ Dubarri sabbata ishee nyaatti

Eergaan jechama kana dubarri yeroo baayyee waan qooqa ishee sabbataan hidhatte ooltuuf beelashee itti obsitti kan jedhamudha. Kuniis,hin beeloftu jechuu miti. Dubartiin ni obsitti sababbiin isaas waan qooqa ishee hidhatte jirtuuf ni obsitti kan jedhu ibsa.

## 4.14 Faayidaa Uffanni Arbiin Dhahaan Kun Hawaasa Keessatti Qabu

**Bulukkoo**

Bulukkoon faayidaan hawaasa keessatti qabu. Duri uffanni halkaanii hin jiru ture kanaaf, halkaan maatiin hundii Bulukkoodhuma kan uffatanii rafu ture. Yeroo amma kanatti garuu, Uffata kabajaa, Uffata jaarsa biyya, Uffata nama guurra qabuu ta’ee tajaajila jira. Kana malees, Bulkoon Qarshiin hin biitamu Barakaattii mana namaa geessu malee Yeroo mana namaa barkatti geessaan sangaa ykn Goromsaan jijjiirama. Kanaafu, Bulukoon uffata hawaasa oromoo biratti safuufi kabaja qabudha.

**Kutaa (Gaabii )**

Gaabiin Duriis ta’ee ammaas faayidaan inni kennu tokkodha. Inniis: Dubara ittiin heerumsiisuuf, abba intala heerumtuuf Uffiisaa kennuuf, qora namarra ittiisuuf, midhagiinaafi k.k.f. uffatama.

**Baaqqee**

Baaqqeen faayidaan hawaasa keessatti qabu: Haadha deessefi haadha kirsitiinna kaasteef uffiissa itti uffiisuuf, Midhagiinaaf, Qorraafi k.k.f oola.

**Biddiiqqoo**

Biddiiqqoon faayidaan hawaasa keessatti qabu: Duri qorraaf halkaniifi guyyaa uffatama.Kana malee,yeroo daakuu dakaan daa'iima dugdatti baachuun achuma biddiqoo keessa kaawwachuun akka daa'iimni hin buunetti immoo jala isaa sabbataan hidhachuun duddatti baatanii daaku daakaa turan. Yeroo amma kana haadha intala heerumsiiffatuutti uffiisuuf, Midhagiinaafi yeroo qayya ulataaniis ittiin ulatu.

**Biddiiqoo Ateetee**

Biddiiqoon Ateetee faayidaan hawaasa oromoo keessatti qabu: Ayyana Ateetee ittiin kabajuuf, Midhagiinaaf oola.

**Caffii**

Caffin faayidaan hawaasa keessatti qabu: Daa'iima dhalattee ittiin qabachuuf, Nama du'e ittiin awwaaluuf, Ijoolleen qorraaf mormaatti marachuufi k.k.f. oola.

**Sabbata**

Sabbanni faayidaan hawaasa oromoo biratti qabu:Dudda ittiin jabeeffachuuf, Sirna Gadaa keessatti jahii hidhuuf, Obboolleessi yeroo fuudhaaf mana ba'uu obboolaa dubbaratti jahii hidhachuuf, Haadha intala heerumsiiffatutti uffiisaa uffisuuf, Midhgiinaafi k. k. f. oola.

### 4.15 Uffanni Arbiin Dhahaaman Kun Eenyuun Akka Uffatamaan

Akka odeef- kennitoota irra waa'ee uffannaan arbiin dhahamaan kunniin eenyuun akka uffatamaan yeroo ibsan:

**Bulukkoo**

Duri maatii hundatu qorraaf jecha halkaan uffatu ture. Yeroo amma kana garuu, Bulukkoo kan uffatu Jaarsa biyyafi Abbaa Gadaadha.

**Kutaa ( Gaabii )**

“ Kutaa ( Gaabii ) kan uffatu dhiiratufi dubartiiniis ni uffatti.

**Baaqqee**

“ Baaqqee kan uffattu dubartiitu uffata

**Biddiiqqoofi Biddiiqoo Ateetee**

Biddiiqoofi Biddiiqqoo Ateetee kan uffattu dubartiitu uffata.

**Caffii**

Caffiin kan uffatamu daa’iimmaan xixxiiqootu qorraaf jecha uffatu.

**Sabbata**

Sabbata kan hidhatu dubartii, dubarafi dhiiriis sirna gadaa irrati ni hidhatu.

### 4.16 Yoomeessa Uffanni Arbiin Dhahaaman Kunniin Itti Uffatamaan

Akka odeef-kennitoonni waa’ee yeroofi eessatti akka uffanni kunniin akka uffatamaan yeroo ibsan:

**Bulukkoo**

Bulukkoon kan uffatamuu yeroo Jaarsuma, Abdaarii irratti, Saddeeta irratti, Sirna Gadaa bakka gaggeeffamu irratti, Sirna Gumaa muruu irrattifi k.k.f. uffatama.

**Kutaa ( Gaabii )**

Kutaan kan uffatamuu:Ganamaafi galgaala, yeroo gammachuu, yeroo gaddafi yeroo namni dhibaamu kan uffatamuudha.

**Baaqqee**

Baaqqeen kan uffatamuu yeroo mana nama deemaan, yeroo gabaa deeman, yeroo gadda kuula ol gargaarsuun, yeroo cidhafi k.k.f.uffatama.

**Biddiiqqoo**

Biddiiqqoon kan uffatamuu:yeroo cidhaa, abdaarii irratti,yeroo sirni gadaa gaggeefamufi k.k.f. uffatama.

**Biddiiqoo Ateetee**

Biddiiqoon Ateetee kan uffatamuu: yeroo dubartiin ayyaanna Ateetee facaaffachuuf kan uffatudha.

**Sabbata**

Sabbanni kan hidhatamuu: dubartiin yeroo hunda, dhiirri immo yeroo sirna gadaa gaggeeffatufi dubartiin yeroo deessees, yeroo cidhafi k.k.f. hidhama.

**Caffii**

Caffiin kanuffatamuu: yeroo daa'iimman dhalataan ittiin qabachuufi yeroo daa'iima hadhuuran irratti hadhuuruuf, akkasumaas, daa'iimman yeroo qorra mormaatti marati.

## 4.17 Fakkoomii Kuullii Uffata Irratti Bu'uu qabu

Oromoon haala yeroo, haala keessa jirufi jiruufi jireenya isaa waliin wal qabsiisuun haalluuf hiika adda addaa kennuurraan kan ka'ee uffatta yeroo dhoofsiisataan kuula hiika adda adda qabuu uffata irratti dhoofsiisatu.

**Fakkoomii Kuula Diimaa ( Jaanoo )**

Oromoon kuula diimaaf hiika adda adda kennu.Kuniis, kuula diimaaf Jaanoo kan jedhameef bara duri keessatti bara tokko barri keenneetu jirbiin adii ( Abatare ) kun diima buusee achuumaan namni akkaas jedhaniitu jaju ture.

> " Akkaam jirta akkaam jirta
> Jabannii koo gaarii jira
> Abatare baqqeetu Baqqalaa daraaree"

Bara sana jirbii adiitu diimaa buuse sana waan adda ta'eef mootiin bara sana biyya bulcaa kan jiru Mootumma Jaanoo ture. Kanaaf, jirbii sana foo'aanii dhoofsiisanii dursa mootummaa jaanootti uffiisanii ture. Kanaaf, uffata jirbii diimaa sana kan uffataa ture mootummadha. Akkasumaas, Warra abbaa lafaafi Namoota beekamoo qofaatu uffata.Kanaaf,kuulli diimaan kuula jaanoo jedhamee kan waamameef jedhu.

Karaa biraatiin kuulii diimaan fakkoomiin inni hawaasa oromoo biratti qabu: Gootumma, walitti dhiiguu kuniis, waliirra dhalchuu (firoomuu ), Aarsaa keessatti dhiigaan harka wal dhiquu, Kakuufi Garaa jabummafi Bilchiina ibsa. Kanaaf, yeroobaayyee oromoon uffata irratti kuula diimaa kan dhoofsiisu.

**Fakkoomii Kuula Magariisa**

Fakkoomiin kuulli magariisa hawaasa oromoo biratti qabu: Coqorsaan wal-faakkeesuun ibsama. Kuniis jaarsi yeroo nama eebbisuu: “Coqorsa ta'ii lafa uffiisii, Hiddi kee akka hidda coqorsaatti lafa irra haalo'uu hiddikee lafa deemutti lafa haaqabatu, Sanyiin kee akka coqorsaat lafa haa uffiisu” jedhaniitu eebisuu.Kana malees, magariisaan mallattoo misoomafi bilisummaa agarsiisa.Kanaaf, uumanni oromoo kuula magariisaa kan uffata irratti dhoofsiisan.

**Fakkoomii Kuula Gurraacha**

Oromoon Gurrachaa akka milkii gaariiti fudhata. Kuniis,Gurrachii Rabbii tokkichadha. Oromoon immoo kan bulu Rabbii tokkichattiidha. Kanaafuu, oromoon yoomuu waaqa kadhatuu akkaas jechuun waaqa kadhata:

“Yaa rabbi gurracha garaa garbaa
Takkicha magaan dhibbaa
Leemmoo karaa taliilaa ….” Jechuun waaqa kadhatu.

Hiikaa kana irra wanti hubannu Gurrachhi uummata oromoo biratti:Rabbiidha, Cimaadha,Angafadha, Hundumaa ol ta'uufi k.k.f. hiika kennu irraan kan ka'ee oromoon kuula gurracha uffata irratti kan buufatan.

Kana malees, Oromoon namni cimaan ykn namni jaalatama ta'e tokko yoo du'e akkaas jechuun nama sanaaf dhadhaatu. "Eessaa dhaqxa gurracha koo" jechuun nama du'e sana jaju. Kuniis, hiikni isaa namni sun cimaa, beekamafi angafa yoo ta'uudha " Gurracha koo"kan jedhaniin. Kanaaf, oromoo biratti kuulli gurrachii baayyee kan jaalatamu ta'uu nutti agarsiisa.

Haata'u malee, adeemsa keessa amantiin adda addaa babal'achaa dhufuurraan kan ka'ee kuula gurracha gara mallattoo gaddatti kan jijjiirramuu danda'e. Kuniis, yeroo namni nama jalaa du'u uffata gurracha uffachuun gadda isaanii ittiin ibsatu.Akkasumaas, qarqara baaqqeefi kutattiis kuula gurracha buusiisuun mallattoo gadda ittiin mullisaa jiru.

Walumagalatti, Oromoon har'aas kuula guracha alaaba abbaa gadaa irrattii jalqaba irratti buusuun mallatto abba gadaa ta'uun agarsiisaa jira.Kun immoo jalqabnykn hunduma ol kan ta'e rabbi tokkicha ta'uu agarsiisuuiidha.

**Fakkoomii kuula keelloo**

Kuulli keelloon hawaasa oromoo biratti hiika adda addaa qaba. Kuniis,birraan yeroo bari'uu daraaraa tuufuutu daraara daraaraan suniis haalluu keelloo qaba.Kanaaf, oromoon kuula keelloo uffata irratti kan buusiisaniif, Birraan nuuf bari'ee ganna dhukkana keessaa baanee aduun nuuf baatee kan jedhu hiika kenna.

**Fakkoomii kuula adii**

Fakkomiin kuulli adiin hawaasa oromoo biratti hiika adda adda qaba. Kuniis: Nagaa, Jaalala, Ga'umsa,fi k.k.f. waan ta'eef yeroo hunda uffanni arbiin dhahamaaniin namni gaafa ayyanaa, cidha irratti fi kabaja adda addaa irratti kan uffata adii uffachuun gammachuu isaanii kan ibsatan.

**Fakkoomii Namni Gaafa Du'e Caffii Kuula Hin Qabneen Awwaalamuuf**

Fakkoomiin namni du'e kuulaan kan hin awwaallamneef hoodadha, abarsaatu biyyatti dhufaa jechuun hooddatu. Kuniis,Namni Caffii (baaqqee) kuula qabuun yoo awwaalame ciittootu namatti nama jechuun hooddatu.

### 4.18 Ilaalcha Ogeeyyiin Arbii Dhahaan Kunniin Hawaasa Biratti Qabaan

Akkasumma Manguuddooniis ilaalcha ogeeyyiin kun hawaasa keessatti qabaan maaliirra ka'ee akka ilaalcha sana qabachuu danda'aniifi amma hoo ilaalacha akkamiitu akka jiru akka itti aanuutti ibsu. Duri sirna bitta garbuumma nafxanyoota irra kan ka'ee sabni orommo akka waliin hin jiranne akka wali fuudhe walirra hin horreef Gosafi qomoo adda addaatti sanyii ilmaan oromoo qaqqooduun miidha gudda irraan ga'aa turan. Kuniis, Sanyii Tumtuu, Sanyii shammanee ( Arbii ) dhooftuu, Sanyii fugaa, Sanyii faaqiifi kana malees,Maccaafi Tuulama jechuun illee ummata gargaar baasuun kaan immoo garba godhatte ergachuuf jecha olaantuumma irratti mul'isuurran kan ka'ee uummannii oromoo hidda dhaloota tokko ta'ee osoo jiru akka wali hin fuuneefi akka wal balaalleeffataan ta'ee ture. Kuniis,kan akkaas godhaniif akka hojii isaanii irratti akka hin cimannefi akka haamleen isaanii cabuuf jecha kan gochaa turaniidha. Uummanni oromoo hojii jaalatu akkasuumaas, dandeetti waa kalaquu qabu. Kana waan ta'ee sababa hojii isaanii waliin wali qabsiisanii akka wali hin fuune, akka waliin hin jiraanne, akka wali hin awwaalle, akka jaarsa ta'aanii hin eebbiifneefi k.k.f gochuun mirga namummaan isaanii warra nafxanyoota, warra Balabbatafi warra abba lafaa biratti baayyee dhiibbama kan turaniidha.Gachii isaanii kun hundii akka uummanni oromoo tokkummaa hin qabanneefiidha. Kuniis, haccuucca jiru agarsiisa. Garuu,adeemsa keessaa ilaalchii kunniin hafuu jalqabera.Adeemsa keessa fooya'aa dhufuu irra kan ka'ee ogeeyyiin kuniin akka ijaatti akka barbaaddama jiran ibsu.Walumaa galattii ilaalchii sanyii laka'uun guutumma guuttuun hafuurraan kan ka'ee namni akka barbaadeetti wal kadhachaafi wal fuudha jira. Kana malees,Arrabsooniifi caccaabsoon jiru hundi hafee amma hundu tokko ta'ee waliin jirachaa jira. Kuniis kan ta'uu danda'eef sirni bulchiinsa abbaa gadaa uummata oromoo keessaati amala badaa ta'e balaleefachuunfi gorsuun kun uummata gosaan walqoqqoodde walbalaaleeffata ture tokko taasiiseera.



Suuraa 58 ffaa Yeroo ilaalcha ogeeyyiin kun hawaasa keessatti qaban mari'atan

### 4.19 Jijjiirama Meeshaalee Aadaa Jirbii Foo'uufi Arbii Dha'uuf Oolan Irratti Mul'atan

Akka odeef-kennitoonni ibsanitti " Jijjiirramni jirbii Assaassa'uu, Daammaccuufi Hidduu inni durii sun bakka muraasatti hafa jira . Kuniis, yeroo amma kana jirbii assaassamee, hiddameetu gabaa irra samsamaa isaa bitame caliidhaan gabaarra bitaneetu foo'aanna kun immoo jijjirrama yeroo qusachuu irratti ga'ee olanaa qaba.Kana malees,jirbiin gabaairra bitamee foo'amu sun kan harka keenyaan hiddinee, assaassanee, daammacnu caala foo'aama.

Kan biro immoo, jijjiirramni meeshaalee jirbii foo'uuf oolan irratti mul'atu duri qaanxii muka eejrsafi muka raafuu irra hojjatanna ture.Yeroo amma kana garuu, shiboo Isteeppileerii itti fayyadamuun kan ittiin foonudha.jedhu.

Inni biro jijjiiramni meeshaalee aadaa irratti mul'aatu duri kan muka hiddatti hidhamu Ribuu dugda gogaa horii keessa ba'uun hiddama ture. Yeroo amma kana garuu, Ribuu ( Sibaagoo ) gabaarra bituun itti gargaarrama jira. Jedhaniitu ibsu.

Akka odeef-kennitoota irra qorattuun kun odeeffanno argattetti jijjiiramoota meeshaaleefi waantoota arbiin ittiin dha'amu irratti mul'ataan yeroo ibsan akkaas jechuun ibsu.

Jijjiirrama qallaa irratti mul'ate. " Duri qallaan kan qophaa'uu dubartootumaatu baayyee qalliisanii sirriitti jabeessuun kan foo'aame uffanni ittiin dha'aama kan turedha.Sanaan booda jijjiiramni teekinooloojjii xiqqo xiqqoo yeroo mul'achuu eeggaleetti diriin (qallaan) gabaarra bitachuun kan gabaa irra bitamae sana immoo akka jabaatuuf mooqa xaafii adii irra danfiisneetu erga ittiin cuubne booda akka goggooguuf aduutti baasnee erga goggoogeen booda dirii sun diriirsuun kan uffanni irra dha'amu.Yeroo amma kana garuu, dhamaatiin kun hundi hafeetu diirii (qallaa) gabaarra kan bitachaa jiru kan danfiiffamee qapha'eetu bitama kuniis, hojii kanaan dura dhamaattii baayyeen hojjachaa ture nuuf salphaachuurraan kan ka'ee diirii(qallaa) amma nuga'uu bitanne sii'a tokko diriirfachuun kan itti fayyadamnudha." Jechuun ibsu.

Jijjiiramni kan biroo kan mul'atu manii(mannee) irrattidha. " Duri manii irratti kan taatta'amuu foo'aa jirbii walittii ashaarbuun( foo'uun) kan ittiin taatta'aamu yoo ta'uu. Yeroo amma kana garuu, sibaagoo(ribuu) qaqqalloo kan ta'ee gabaa irra bituun kan ittiin taatta'amudha." Jechuun ibsu.

Jijjiiramni kan biro kan mul'achaa dhufe uffata arbiin dha'amaan irrattiidha. " Duri uffannii arbiin dha'amaan kunniin kan uffatamu rakkoo qulla deemuu ilmaan namattiirran kan ka'eedha. Yeroo amma kana garuu, kalaqqiin ilmaan nama rokkoo, jiruufi jireenya fooyyeeffachuuf jecha kan kalaqaan kun buu'uura guddiina biyyatti ta'uu irraan kan ka'ee kun uffanni duri qulla ittiin dhoofachuuf jecha dha'aama ture sun amma immoo uffata kabajaa, uffata aadaafi uffata amantaa ta'eetu kan tajaajila jirudha.

# Boqonnaa Shan

## Guduunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana keessatti adeemsa waliigala qorannoo kana jalqaba hanga dhumaatti kan ilaallatudha ta'ee guduunfaa, argannoofi yaboon qorannichaa immoo kutaa itti aanuutti dhiyaata.

### 5.1 Guduunfaa

Ummanni oromoo ummatta bal'aafi seenaa qabeessadha.Sabni kun saba biro irra kan adda isa taasiisu: seenaa,aadaa, duudha, falaasma, amantaa, sirna itti bulmaatafi barsiifata mataa isaa kan qabudha. Aanaan Gindabarat aadaa mataa isaa qaba. Kuniis, aadaa nyaata, aadaa dhugaatii, aadaa fuudhafi heerumaa, aadaa walgargaaru, aadaa gumaa baasuu, aadaa wal gaaffachuu, aadaa wal kabajuufi uffata arbiin dhahame kanaan aadaa isaanii kan ittiin calaqqiisisaa kan turaniifi amma illee kan ittiin mul'isaa jiraniidha.Kanaaf qorannoon kun Kaayyoofi Gaaffii bu'uura qoranno irratti xiyyeeffachuun kan qacceeffamedha. Akkasumaas,mala qorannoo Akkamtaa yoo ta'uu ragaan qabatamaa kan dhugaa hawaasicha keessa jiru argachuuf mala iddattoo Akkaayyoofi Darbaa dabaraasaatti fayyadamuun akkasumaas, meeshaaleen ragaan ittiin funaannamu af-gaaffii, daawwannaafi marii gareetti gargaarramuun kan gaggeeffamedha. Kana malees, sakatta'aa barruu keessatti yaada hayyootatiin deeggaramuufi Yaaxina qorannoo fookloorii keessa kan qorannoo kana waliin kan adeemu kana akka:Yaaxina Faayidaafi Yaaxina Duudhaa Hawaasaa itti gargaarrame kan dhiyaatefi qorannoo wal fokkiiniis kan xiyyeeffannoo argatedha. Haaluma kanaan, qorannoon Adeemsa Arbii dha'uu bu'aa hawaasichaaf qaban meeshaaleen kun kan durii irra baayyee kan fooyya'eefi fudhatama argachaa dhufuurraan kan ka'ee ogeeyyiin ogummaa isaaniin meeshaalee kanneen ofiisaanii kan durii irra fooyyeessanii kan hojjataataniidha.Akkasumaas, uffanni arbiin dhahamaan yeroo amma kanatti baay'iinaan hawaasanni kan itti faayyadama jiranidha.Kanaaf, Ogeeyyiin kun hawaasa aanichaa biratti kabaja kan qabaniifi fudhatama argataniidha.

**5.2 Argannoo**

Ragaa yeroo hojii aloolaa gaggeeffame madda raga tookkoffa irra funaannamuun qaacceeffameera.

- Meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf oolan kana akka: Dhagaafi sibiila daammacaa, Muka hidda (Dagaanii), Calii, Qasamii(qala'ii)fi k.k.f yoo ta'uu Meeshaalee aadaa kan arbii dha'uuf oolan kan akka:Kankaa, Gawwiisa, Manii, Darbattuu, Mukafi sibiila maraata,Ciiraaroo Gabatee faatu mula'ata.

- Meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi Arbii dha'uuf oolan kuniin kan hojjatamaan dhiiriis dubartiiniis wal gargaaruun kan hojjatamudha. Kuniis, dubartiin bakka humni ishee danda'uutti ga'ee koo miti jette kan hojjachuu dhiistu miti.Akkasumaas, dhiirriis ga'ee kooti jedhee kan qofaa isaa hojjatu miti. Lamaan isaaniitu kan wal gargaaranii hojjatataniidha. Garuu, meeshaaleen aadaa arbii dha'uuf oolan kunniin wantoota naannootti argamuu irra waan hojjatamuuf mukkeeniifi wantoota sana argachuuf bu'aa ba'ii heddudhaan waan argamuuf dhiiratuu baddafi gammoojjii keessa deeme barbaada waan ta'eef iddoo kanatti baayyiinaan dhiira kan hirmaachisudha.

- Ogummaan jirbii foo'uu dhiiraas dubartiis kan hirmaachiisudha.Garuu, irra caalatti kan foo'uu dubartiidha. Sababbiin isaas, dubartiin yeroo harqee baastuu galgaala galgaala akka irriibnii hin qabneef abidda maddiitti haraqeetti abidda qosoqoossatti jirbiis kan footudha. Kan biroo immoo dubartiin yeroo jirbii footuu gudeeda isheerra qoloo ol sassaabatteetu calii akka jirbiin jabaatutti darbaachuun footi. Kanaaf dhiirii foo'uu ni danda'aa garuu,dhiirii akka dubartiitti kan sirritti foo'uuf kan rakkiisuu, tokkoffaan surree waan uffatuuf akka dubartiittii gudeeda irra fuudhee jirbii jabeessuuf isaa kan hin mijannedha. Inni lammataa immoo qaamni dhiiraa baayyinaan rifeensa luka irra waan qabuuf yeroo gudeeda irratti calii darbatu rifeensii miilarra jiru waliin maramuun kan irra buqqa'uu ta'uutu mul'ata.

- Ogummaan Arbii dha’uun kuniis dhiiraas dubartiis kan hirmaachisudha. Garuu, irra caalatti dhiiratu arbii dhaha. Sababbiin dhiirrii irra caalatti dha’uuf yeroo baayyee dubartiin mana keessa nyaata qopheessuufi daa’iimmaan guddiissuuf waan yeroo hin qabanneefidha.Kanaaf, arbii dha’uun yeroofi obsa kan barbaadu waan ta’eefiidha. Kanaafiidha yeroo baayyee arbii kan dha’uu dhiira ta’ee kan mul’atu.

- Meeshaalee aadaa jirbii foo’uufi arbii dhahuuf oolaniin uffanni dhahamaan kana akka: Bulukkoo, Gaabii( kutaa), Baaqqee, Sabbata, Caffi, Biddiiqqoo, Biddiiqqoo Ateeteefi k.k.f. bu’aa ogeeyyii kanaatiin mul’atudha.

- Uffanni ogeeyyii kanaan dhahaamu hawaasa aanichaa biratti iddoo gudda qaba. Kuniis, Uffata kabajaa, Uffata abbaa Gadaa, Uffata jaarsa biyyaa, Uffata yeroo intala heerumsiisan uffiissa kennamufi intalli heerumtu uffattu akkasumaas, abbaa warra isheetiif intalli heerumtu sun kan dhoofsiistee fudhatte deemtu ta’uu akkasumaas, haatii ijoollee ishee barsiifattee gaafa eebbiifaman kenna mucaa/ intala / kutaa dhoofsiisiitee kan kenniitu ta’uutu mul’ata.

- Faayidaa ogeeyyiin kuniis ta’ee hawaasnii ogummaa arbii dha’uu kana irra bu’aan argama jiru hawaasnii uffata kabajaa nama bira kan ittiin darbufi uffata ulfiina ittiin argataan ta’eetti hawaasicha biratti kan tajaajiludha.Kanaafuu, namniis kuula adda addaan miidhagfaatanii kan dhoofsiisaaniidha. Ogeeyyiin kun immoo bu’aan isaan ogummaa arbii dha’uu kana irra argataan uffaticha dha’uun qarshii kan irra argataniifi hojii bu’aa qabeessa malee kan ‘ kisaaraa’ hin qabanne ta’uu isaa kan ogeeyyiin kun dhugaa ba’aaniidha.

- Ogummaa arbii dha’uu kun hawaasa oromoo aanaa kana keessa jirtaan biratti baayyee fudhatama argachuurraan kan ka’ee namni tokko cidha qaba yoo ta’ee ykn immoo akkasumatti kutaa(gaabii) dhoofsiifachuuf barbaadeera yoo ta’ee lafa jala dabaree dursa yoo qabate malee dabareen kan dafee hin qaqqabneedha. Kuniis, lafa jala geessee guyyaa dabareen isa ga’uu galmeesiifata. Kuniis,beellama ji’a jahaa gadiitti kan nama hin qaqqabnee tu’uutu mul’ata.

- Jijjiirama gama meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi Arbii dha'uu irratti mul'atu Dur jirbii assaassaa'amee, daammaaccamee, hiddamee kan foo'aamu ture. Yeroo amma kana garuu, jirbii hiddamee qulqula'aa kan ta'ee gabaa irra bituun calii qofaan kan foo'aamee Qasamii(qala'iitti) kan daawwaramee arbiidhaaf kan dhiiyaatudha. Kuniis, qusanna yeroodhaafi dhammattii kan xiqqeessedha. Gama arbii dha'uutiin jijjiiramnii mul'achaa jiru dur maniin kan taatta'amuu jirbii foo'aama harkaan walitti foo'uun kan ittiin taatta'amu yoo ta'u. Yeroo amma kana sibaagoo(ribuu) gabaa irra bituun salphumaatti kan ittiin taatta'amuu ta'uudha. Kuniis, maniin si'a tokko taatta'amee yoo ta'ee yeroo dheeraaf tajaajila waan ta'eef kan jirbiin taatta'amurra kan sibaagoo( ribuun) taatta'amutu irra umurii qabachuun isaatu mul'ata.

- Fakkoomii ykn hiikni meeshaaleen aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uuf oolan kunniin bakkatti hawaasani kuniin hiika adda addaa itti kennaantu jira. Kuniis, siibiila daammaccaan nama budaan nyaatamee du'ee tokko akka budaan nyaatte sun halkaan nama du'e sana akka awwaala keessa baafattee hin fudhaneef siibiila daammacca irra kutanii ykn osoo hin kutiin saanduqqa namni du'e sun ittiin awwaallamu keessa ka'uun wajjiin awwaalu kun immoo budaan nama sana nyaatte dandeesse awwaala nama sana banuu hin dandeessuu kan jedhuudha.

- Kana malees,fakkoomii jirbiin foo'aamaan hawaasa kana biratti qabu jirbii foo'aama Lubbuu nama waliin kan wal qabsiisaniidha. Kuniis, daa'iimni gaafa dhalatu hadhuurri mucaa dhalatee sun kan ittiin hadhuurramu jirbii fo'aamadhaan. Akkasumaas, namni gaafa du'u kan ittiin gannaffamu jirbii foo'aamadhaan, Namni fira dhiyoo jala du'e tookko morma isaatti jirbii foo'aama hidhata kuniis, namni sun gadda cimaarra jirachuu isaa agarsiisa, Kan biro immoo namni nama ajjeesse tokko jirbii foo'aama malaxii( luqqiisaa) tokkoon gumaan nama sanaa baasa kuniis, kirrii ykn lubbuu nama sana natu balleesse kan jedhu agarsiisa.

- Kan biroo immoo, daa'iimni gaafa dhalatu kan daa'iimni sun ittiin qabataan uffata arbiin dha'e Caffiidhaan kan qabataniidha.Caffiin kuniis, kuula kan hin qabnefi kan bishaan hin tuqne ta'uu qaba. Akkasumaas, namni gaafa du'u kan reeffii

nama sana ittiin maramu uffata arbiin dha’ame kan bishaan hin tuqne Caffiidhaan marameetti ittiin awwaallama . Caffiin namni ittiin awwaallamu kun kuula kan hin qabanne ta’uu qaba. Yoo kuula qabaate namni ittiin awwaallame Ciittootofi gadadootu namattii nama jedhameetu hawaasicha biratti hooddatama.

- Afoola meeshaalee aadaa jirbii foo’uufi arbii dha’uuf oolan duuka jiran kan akka: Mammaaksa, Sirba, Wallee, Jechama, Geerarsa, Weedduufik.k.f. baay’iinaan hawaasicha keessatti kan itti gargaarama hin jirre ta’uu agarsiisa.Kuniis,sababbii amantaa Piroteestantiitiin waan daaggeeffamaniifidha.

- Ilaalcha ogeeyyiin kun hawaasicha keessatti qabaan baayyee rakkiiisaa kan ta’e ture.Inniis, sanyii ‘shammaneetti’jedhanii intala itti hin heerumsiisan. Akkasummas,intala ‘shamaneetti’jechuun intala isaanii hin fuudhanii ture.Kanaaf, baayyee hawaasicha keessatti balaleeffatama turan.Garuu, yeroo amma kana ilaalchi dur jiru sun guutummaan guututti hafeera.Yeroo amma ilaalchii ogeeyyii kun aanaa kana keessatti qabaan namni kamuu akka fedha isaattii kan wal fuudha jiruufi kan gaddafi gammachuu isaanii haala gaariin kan waliin hirmaacha jiran akkasumaas, baayyee kan barbaaddama jiraniifi hawaasicha biratti kabaja gudda kan qaban ta’uu isaaniitu mul’ata.

- Fakkoommii Kuulli uffata arbiin dhahamaan irrattii bu’aan hawaasicha keessaatti hiika ( ergaa) adda addaa akka qabu hubatameera.

- Gama ogumma kana ilaalchiisee akkka aanaa kanaatti hanga ammatti namoonni akka gurma’aanii (IMX) akka  hojjataan hin taasiifamne.

- Ogummaan Arbii dha’uuniis ta’ee Jirbii foo’uun yeroo amma kana guddiina Induustiiriifi guddina biyyattiif bu’uura ta’eera.

### 5.3 Yaboo

- Ogummaan Arbii dha'uun kun Biiroo Barnootaafi Teekiniikaa Oromiyaa tiin akka aanaa Gindabaratiitti kennamuu eegalee ture. Garuu, sabaaba adda addaan barumsichi ogumma kana kennama hin jiru.Kanaaf BBLTO aanaa Gindabaratiin irratti mari'atamee osoo kennamee hawaasni naannoo kana ogummaa kana irraa bu'aa amma argamaa jiru caalaatti bu'aa qabeessa ta'uu dandaa'uu.

- Leenjiin waajira Namni Namaaf jedhamuun akka aanaa kanattii dhiiriifi dubartiin waliin ta'uun ogumma kana irratti wal qixxummaan akka hojjataniif kan leenjiisaa ture. Ammaas, leenjiin kun gama waajiira miti mootummaa qofaan osoo hin ta'iin gama wajiira mootummaatiin xiyyeeffanoon itti kennamee akka leenjiin kun itti fufee kennamu ta'uu qaba.

- Namoonni ogumma arbii dha'uu kanaan akka aanaa gindabaratitti IMX 'n ijaaramanii hojjachaa hin jiran. Kanaafuu, gara fuulduraatti karaa WIMX aanaa Gidabaratiin ijaaramanii akka hojjataan osoo ta'ee baayyee gaarii ture. Kana malees,Dargaggeeyyiin barnoota xumuranii hojii malee jiran keessattu gama ogummaa arbii dha'uu kanaan ijaaramanii osoo hojjatanii baayyee bu'aa qabeessa ta'u.

- Ilaalichii ogeeyyiin kun hawaasa keessatti fudhatama gaarii ta'ee qabacha waan dhufeef gara fuuldurattiis ilaalchi gaarii ta'e mul'achaa jiru kun irra caalatti kan itti fufuu ta'uu qaba.

- Sibiilafi dhagaa daammaccaa, Muka hidda ( dagaanii )fi meeshaaleen tokko tokko kan duriirra kan dhabamaa jirantu jira. Kanaaf meeshaaleen kunnii gamaa WATO tiin hawaasicha keessa gad bu'amee barbaaddame Godanbaa keessa dhaloota dhufuuf ol-kaawwamuu qaba.

- Afoolli meeshaalee aadaa jirbii foo'uufi arbii dha'uu waliin jedhamaan suniin yeroo amma kana hawaasicha kana keessatti sababa amantiitiin kan itti fayyadama hin jire ta'eetu mul'ata. Kanaaf,WATAG hawaasicha keessa gad bu'ee barbaaduun kan dhalootaaf darbu ta'uu qaba.

- Hiika jechoota ogeessa kuusa galmee jechoota Afaan Oromoo irratti hojjachuu barbaadu tokkoof karaa salphaa ta'een hiika jechoota qorannoo adda addaa irra argachuun waliitii kuusuu kan danda.aamudha.
- Kan biroo immoo Gama muummee afaan oromoo Yuuniveersiti Finfinneetiin gara fuulduratti Godambaan qopha'ee osoo meeshaalee aadaa irratti karaa ogeeyyii qorannoo gaggeessaniin meeshaaleen aadaa kunniin dhufee kuufamee dhaloonni kan irraa baratu ta'e.Sababbiin isaas, yeroo meeshaalee aadaa irratti qorannoon gageeffamu meeshaaleen aadaa sun hawaasa keessatti iyyafanna guddinaan kan argama jiru waan ta'eefiidha. Kuni immoo adeemsa keessa dhabamaa dhufa kan jedhu yaada waanaan qabufiidha.

# Wabiilee


Abdii Ismaa'iil Qaadii.(2007). "*Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Arsii Godaambaa Siidaa Wareegamtoota Anoolee*".A.A.U Kan Hin Maxxaffamne.

Addunya Barkeessaa.(2011).*Akkamta Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee:Oromiyaa.

Alamaayyoo Hayieefi Kaawwaan.(1998).*Seenaa Ummata Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa*. Finfinnee.

Bascom Willia.(1954).*Four Functions Of Folklore*.American Folklore Society.

Bascom Willian.(1992).*African Folklorstes New World*.Indian University Press.

Berg,B.(2001).*Qualitative Research Methods For The Social Seiences*.California State University,Long Bench Best.J.

Brown,H.(1970/87).*The Principle Of Language Learning And Teachin*g:Englewo Cliffs;Prentice.Hell.Inic.

Bukenya,A.etal.(eds).(1994).*Understanding Oral Literature*.Nairobi:Nairobi University Press.

BuzunashCaalchisaa.(2009)."QaacceessaMeeshaaleeAadaaBuqqee Hadhaa'aa,Migiraafi Supheerraa Hojjeetaman" A.A.U. Kan Hin Maxxaffamne.

Dan Ben Amos.(1977).*The Introduction Folklore In Africa Society*:Lind Froms Of Folklore In Africa:Austin University Of Fexas.

Daraartuu Baay'isaa.(2006)."Qaacceessa Hojii Meeshaalee Aadaa Gogaa,Sibiilaafi Supheerraa Hojjetaman".A.A.U.Kan Hin Maxxaffamne

Darajjee Darrasaa.(2008). "Qaacceessa Itti Fayyadama Meeshaalee Aadaa Faaya Dubartootaa Ilaallatan".A.A.U. Kan Hin Maxxaffamne.

Dastaa Dassaaleny.(2013).*Bu'uura Qorannoo*.Addis Ababaa:Printed By For East Trading PLC.

Dirribii Damusee.(2000).*Ilaalcha Oromoo:Barroo Aadaa, SeenaafiAmantaa Oromoo*. Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorson,R.(Ed).(1972).*Folklore And Folk Life*: An Introduction University Of Chicago Press.

Dundes,A.(1965).*The Study Of Folklore*.Berkeley:Prentice-Hali,Inc.

Elliot Oring.(1986).*Folk Group And Folk Genres Introduction*:Logan UT.Utah State University Press.

Finnegan,R.(1992).*Oral Tradition And Vrebal Arts London*:Rutledge.

Georges and Mickael Owen. (1995). *Folkloristics:An Introductin*. Bloomington And Indiana polis: Indiana University press

Gosden C.(2005).*What Do Objects Want*?Journal Of Archaeological Method And Theory

H. Glassie.(1999).*Material Culture,Indiana University*: Indiana University Press.

Okpewho,I.(1992).*African Oral Literature*.Bloomington And Indian Apolis:Indiana University Press.

Oring,E.(1986).*Folk Groups And Folklore Geners*:*An Introduction*.Loganutaha:Utaha University press.

Sims and Stephins .(2005).*Living Folklore.(second education) An Introduction To The study People And Their Traditions*.Ohiho:The Ohiho State University, Utah University Press.

Taarikuu Wayyeessaa.(2016). " Xiinxala Sirna Ekerdubbistuu". Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat.Kan hin maxxaffamne.

Wasane Bashaa.(1990).*Qorii Hambaa*.Finfinnee:Dhaabata Maxxansaa Meeggaa.

Wend Relch. (1991). *The use of folkore in Revitalization movements*.Taylor and Francis Ltd.

Yenee'alem Araddoofi Kaawwan (2001). *Wiirtuu:* Jildii 9 Barruulee Waaltina Afaan Oromoo. Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa.

**ሂለን አላምረው፡፡** (1999)**፡፡ ባህላዊ ሽመናና የቆዳ ስራ በደንበጫ አካባቢዎች፡ ፡አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፤ ሁለተኛ ዲግሪ፤ ያልታተመ፡፡**

ላመስግን ባሳዝነው፡፡ (1978)፡፡ የቋንቋ አጠቃቀም በእድገት ጥጥ ፋብሪካ ሰርቶአደሮች ዘንድ፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፤ ያልታተመ፡፡

መሠረት ብርሃኔ፡፡ (2003)፡፡የሽመናና አንጥረኝነት በጃንሜራ፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፤ ያልታተመ፡፡

ብርሃነ ትንሳኤ፡፡ (1963)፡፡ በሽመናና የማዕድ ቤት እቃዎች፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፤ ያልታተመ፡፡

ድሪባ ተረፈ፡፡ (1993)፡፡ የግንደበረት ኦሮሞዎች ከብታቸውን የማያሞግሱበት ቃላዊ የግጥም ትንተና፡፡ አዲስ አበባ ዩኒቨርሲቲ፤ ያልታተመ፡፡

ፈቃደ አዘዘ፡፡(1991)፡፡ የሥነ-ቃል መመሪያ፡፡ አዲስ አበባ አርቲስቲክ ማተሚያ ቤት፡፡

# Dabaleewwaan

## Yuuniiversiitii Finfinnee Koolleejjii Namoomaa,QorannooAfanoota Joornaaliizimiifi Sab-Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo Og-Barruufi Fookloorii

Kaayyoon qorannoo kana barnoota afaan oromoo og- barruufi fookloortiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa(MA) guutachuuf mata duree beekumsa hawaasa oromoo irratti xiyyeeffate “Qaacceessa meeshaalee aadaa jirbii foo’uufi arbii dha’uuf oolan kan Godina shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat” jedhu irratti ragaa funaanuuf gaaffilee armaan gadii bu’uura godhachuun odeeffannoo isiin irraa argamu qorannoo gaggeeffamuu guutuu akka taasiisu niamanama.Kanaaf, aniis odeeffannoo dhuguummafi qabatamumma qabu akka naaf kennitaan kabajaan isiin gaaffadha.

**Dabalee –A-**

**Odeef-Kenniitootaaf Af-gaaffii Waa’ee Aanaa Gindabarat Ilaalchiisee dhiyaateef**

1, Aanaa Gindabarat bara kam hundeeffamtee?

2,Aanaan kun Gindabarat jedhamtee maaliif waamamuu dandeessee?

3, Magaalaan Gindabarat Kaachiisii jedhamtee waamamuu kan danda’eef maaliirra Kaa’eetii?

4, Bal’inni aanaa Gidabarat heektaaraan ammami ta’aa?

5, Aanaan kun gandoota meeqa qabdii?

6, Haalli qileensa baramaa aanaa kana maali fakkataa?

7, Aanaan Gindabarat Finfinneerraa ammaam faagattaa?

8, Hiddi lattiinsa Ummata Oromoo aanaa kana keessa qubataanii jiran hidda latiinsa isa Isa kami

9, Aadaa ummanni kun ittiin beekkaman maalfaatii?

10, Sirni fuudhaafi heeruma aanaa Gindabarat karaa meeqa gaggeeffama jiraa?

11, Dinagdeen hawaasni aanaa kana ittiin jiracha jiru maal maal faati?

12, Aadaan nyaata aanaa kana keessatti beekame maali faatii?

## Dabalee –B-

**Odeef-kenniitootaaf af-gaaffii ogeeyyii jirbii foo’aaniif dhiiyaate**

1, Jirbiin maali? Akkasumaas, aanaa kana gosa jirbii meeqatu jiraa?

2, Jirbiin haala qilleensa akkamiitii faca’aa?

3, Jirbiin yeroo akkamiitti faca’ee yeroo akkamiitti ga’ee guurramaa?

4,Oomishni jirbii kan duriirra dabalaa dhufeera immo hir’acha dhufee?

5, Namni akkamiitti gara ogummaa jirbii foo’uutti dhufuu danda’ee?

6, Meeshaaleen aadaa jirbii foo’uuf oolan maal maal faatii?

7, Meeshaleen jirbiin ittiin foo’aamaan kun maal maal irra hojjatamuu?

8, Meehsaaleen kunniin akkamiitti hojjatamuu?

9, Meeshaaleen kunniin eenyuun hojjatamuu?

10, Afoollii meshaalee jirbii foo’uu duuka kan jedhamu jiraa? Fkn. kana akka Mammaaksaa, wallee, sirba, geeraarsaa, weedduufi k.k.f. jiraa?

11, Faayidaa meeshaalee aadaa jirbii foo’uuf oolan kunniin hawaasa keessatti qabaan Maali faatii?

12, JIrbiin foo’aama faayidaan inni hawaasa keessatti qabu jiraa?

13, Ogumma kana akkamiitti baru dandeessanii?

14, Jijjirramni meeshaalee aadaa jirbii foo’uuf oolan irratti wanti mul’achaa dhufe jiraa?

15, Yaameessi jirbiin itti assaassa’amu, kan itti daammacamuu, itti hiddamuufi itti Foo’aamu yeroo akkamiittii?

16, Fakkoomiin meehsaaleen aadaa jirbii foo’uuf oolaniifi jirbiin foo’aamaan hawaasicha Keessattii qabaan maali faatii?

## Dabalee-C

**Af-gaaffii odeef- kenniitoota ogeeyyii Arbii dhahaaniif dhiiyaate**

1, Arbii maali?

2, Meeshaaleen arbii dha’uuf oolan maali faatii?

3, Meeshaaleen Arbiin ittiin dhahamaan kunniin maali irra hojjatamuu danda’aa?

4, Meeshaaleen kuniin Eenyuun hojjatamuu?

5, Meeshaaleen kuniin akkamiitti hojjatamaa?

6,Afoollii meeshaalee aadaa arbii dha’uuf oolan duuka kana akka:Wallee,Sirba weedduufi mammaksa kan jedhamaan maalifaatu jedhamaa?

7, Ogumma arbii dhahuu kanaan uffanni dhahamaan maali maali faatii?

8, Faayidaan uffanni kun hawaasa keessatti qabu maalidhaa?

9, Uffannii kunniin eenyuun uffatamaa?

10, Uffanni kunniin yoomfi eessatti uffatamaa?

11, Kuullii uffata kana irratti bu’aan kana akkamiitii?

12, Eergaan kuulli kunniin hawaasicha keessattii qabu maali maali faatii?

13, Jijjiiramni meeshaalee arbii dha’uuf oolan irratti mul’achaa dhufe jira moo?

**Dabalee –D-**

**Ogeeyyii jirbii foo'aaniifi arbii dhahaan waliin gaaffii marii gareetiin irratti mar'atame**

1, Namni akkamiitti gara ogummaa kanatti dhufuu danda'ee?

2, Ogummaa kana eenyurra ,akkamiittii, eessatti baruu dandeessanii?

3, Ogeeyyiin jirbii foo'aaniifi arbii dhahaan kunniin ilaalchii hawaasa keessatti qabaan Maali turee? Yeroo amma kana ilaalchii kun jira immoo hafeeraa?

4, Ogummaa jirbii foo'uufi arbii dha'uun kun saala nii foo'aa moo hin foo'uu?

5, Namni gara ogumma kanatti osoo hin dhufiin dura maali uffatee jirataa turee?

6, Faayidaa jirbii foo'uunfi arbii dha'uun hawaasa keessatti qabu maali faatii?

## Gabatee Maqaa Namoota Odeef- Kennitootaa

### Gabatee 1$^{ffaa}$

Kutaa Odeeffannoo Namoota Ragaa Kenniitoota Seenaa/Haalaa Aanaa Gindabarat Ilaalchiise

| T/L | Maqaa | Saala | Umurii | Sad. Barnootaa | Ga'ee Hojii | Guyyaa gaaffiin dhiyateef |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Badhanee Gammadaa | dhi | 40 | digrii | B/L/B | 16/03/2010 |
| 2 | Fira'ol Baay'eessa | dhi | 35 | digrii | Ogeessa qonnaa | 17/03/2010 |
| 3 | Fufaa Taaddasaa | dhi | 55 | Kutaa5$^{ffaa}$ | Qotee bulaa | 11/03/2010 |
| 4 | Hayiluu Tolasaa | dhi | 34 | digrii | Ogeessa qonnaa | 12/03/2010 |
| 5 | Lammeessaa Cufaa | dhi | 53 | Kutaa6$^{ffaa}$ | Qotee bulaa | 18/03/2010 |
| 6 | Shambaal Naqqaa xibaab Beenyaa | dhi | 86 | Kutaa12$^{ffaa}$ | ____ | 10/03/2010 |
| 7 | Tolasaa Raggaasaa | dhi | 65 | Kutaa8$^{ffaa}$ | Qotee bulaa | 12/03/2010 |
| 8 | Warqii Gassassaa | du | 70 | geessaa | Haadha manatti | 20/03/2010 |

### Gabatee 2$^{ffaa}$

Kutaa odeef-kenniitoota ogeeyy jirbii foo'aanii kan Aanaa Gindabarat Namoota raga kennanii

| T/L | Maqaa | saala | umurii | Sad. barnoota | Ga'ee hojii | Guyyaa odeeffannoon itti fudhatame |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Dasii Baqqalaa | Du | 56 | Hin baranne | Haadha mana | 24-25/05/2010 |
| 2 | Dharraanee Guddiisaa | Du | 52 | >> | >> | |
| 3 | Dinqituu Dagaagaa | Du | 72 | >> | >> | |
| 4 | Fayisaa Caalaa | Dhi | 42 | Kutaa 9$^{ffaa}$ | Ogeessa arbii dha'uu | 26-27/05/2010 |
| 5 | Guddattuu Gonfaa | Du | 60 | Hin baranne | Haadha mana | |
| 6 | Sinqee Dagaagaa | Du | 17 | Kutaa8$^{ffaa}$ | Barattuudha | |
| 7 | Warqii Gassaassaa | Du | 70 | Hin baranne | Haadha mana | 28-29/05/2010 |
| 8 | Warqiituu Fayisaa | Du | 20 | Kutaa 10$^{ffaa}$ | Barattuudha | |
| 9 | Xajjituu Guddataa | Du | 50 | Hin baranne | Haadhamana | |
| 10 | Zabidiituu Lammaa | Du | 55 | >> | >> | |

**Gabatee 3ffaa**

Odeef-knniitoota ogeeyyii arbii dhahaanii namoota ragaa kennanii Kan Aanaa Gindabarat

| T/L | Maqaa | Saala | Umurii | Sad. barnoota | Ga'ee hojii | Guyyaa odeeffanno itti fudhatame |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Asmaraa Fayisaa | Dhi | 20 | Kutaa 11ffaa | Barata | 3-4/06/2010 |
| 2 | Balachoo Tufaa | Dhi | 39 | Kutaa 6ffaa | Ogeessa arbii dha'uudha | |
| 3 | Daani'eel Fayisaa | Dhi | 15 | Kutaa 7ffaa | Barataa | 5-6/06/2010 |
| 4 | Fayisaa Caalaa | Dhi | 42 | Kutaa 9ffaa | Ogeessaa arbii dha'uudha | |
| 5 | Fayyee Likkasaa | Dhi | 40 | Kutaa 6ffaa | Ogeessa arbii dha'uudha | 7-8/06/2010 |
| 6 | Gaddafaa Bayyanaa | Dhi | 53 | Kutaa 3ffaa | Ogeessa arbii dha'uudha | |
| 7 | Gammachuu Tufaa | Dhi | 25 | Kutaa10ffaa | Baratadha | 9-10/06/2010 |
| 8 | Magartuu Baalchaa | Du | 18 | Kutaa 9ffaa | Barattu | |
| 10 | Wanduu Fayisaa | Dhi | 25 | Kutaa10ffaa | Barataa | |

**Gabatee 4ffaa**

Odeef-Kenniitoota Ogeeyyii Jirbii Foo'aaniifi Arbii Dhahanii Namoota Marii Gareettii Odeeffannoo kennaankan Aanaa Gindabarat

| T/L | Maqaa | saala | umurii | Sad. barnoota | Ga'ee hojii | Guyyaa marii garee gaggeeffama |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Balachoo Tufaa | Dhi | 39 | Kutaa 6ffaa | Ogeessa arbii dhahuu | 30-01/06/2010 fi 13/06/2010 |
| 2 | Dinqituu Dagaagaa | Du | 72 | Hin baranne | Haadha mana | |
| 3 | Fayisaa Caalaa | Dhi | 42 | Kutaa 9ffaa | Ogeessa arbii dhahuu | |
| 4 | Xajjiituu Guddata | Du | 50 | Hin baranne | Haadha mana | |
| 5 | Zabidituu Lammaa | Du | 55 | Hin baranne | Haadha mana | |

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kooti ta'uusaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa ka'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorattuu_______________________________________

Mallattoo_____________________________________________

Guyyaa_______________________________________________